



Jaarsummaa Aadaa Itoophiyaa fi Jaarsummaa Haala-Mijeessuu Walitti
Firoomsuu Qajeelcha Leenjii Leenjistootaa



Jaarsummaa

GAADDISA JALATTA

Jaarsummaa Aadaa Itoophiyaa fi Jaarsummaa Haala-Mijeessuu Walitti Firoomsuu
Qajeelcha Leenjii Leenjistootaa

Dubbii Dursaa Isteelaa Mistiikaa Sabitii/ Stella Mystica Sabiiti

Maxxaansaan: Mana Maree Rippaabilika Dimokiraasii
Federaalaa Itoophiyaan, Lakk. Sanduqa Poostaa
20212/1000 Finfinnee> Itoophiyaa Lakk.
Bilbilaa +251 11 124 23 09
Faaksiin: +251 11 124 23 08
Toorrii Interneetaa: www.hofethiopia.gov.et

© Deutsche Gesellschaft für Internationale
Zusammenarbeit (GIZ) GmbH - Civil Peace
Service Service Program 2017
Mirgi isaa seeraan kan eegameedha.
Maxxansa Jalqabaa

Qopheessaan Inmidia Berlin ragoolee fi tuqaalee
adda addaa fayyadamuuif mirga ni qaba.
Heeyyama isaaniif guddaa galatteeffanna

Suuraan qajeelcha kana keessatti itti fayyad-
amamaan Tajaajilli nageenya hawaasaa GIZ fi
Inmidia Berlin waliin ogummaa Jaarsummaa fi
leenjii ga'umsa mirkannessuu bara 2009-2011
tti gaggeeffame irra kan fudhatamaniidha.
Mirgi isaa seeraan kan eegameedha.

Abbootii mirga waraabbii qabanu mara tarrees-
suuf yaaliin guddaan godhameera.Kan hir'ate

ykn doggoori kan jiraatu yoo ta'e maxxansa
isa itti aanuutti kan sirreeffamu ta'a.

Yaada yoo qabaattan waajjiroolee Mana mare
Feedereshinii ykn Tajaajilli nageenya hawaasaa
GIZ haasoofiisuu ni dandeessu. Lakk. Sanduqa
Poostaa 12631, Finfinnee, Itoophiyaa,
Teessoon waajjiraa: Gamoo Hisham,
(4ffaa) Kaazanchisii
Toorrii inerneetaa: www.giz.de


Mana Maxxansa Seenteraaliitti Maxxanfame
Finfinnee, Itoophiyaa

Dizaayniin kitaabichaa,
Mali Kos (mali.m.kos@gmail.com) Finfinnee Itoophiyaa
Gargaaraa Dizaayinera
Daawit Laambeebboo (dawit.lambebo@gmail.com) Finfinnee Itoophiyaa
Gara afaan Oromootii kan hiike: dhaabbata
zemendale Advertising and Translation (zemen-dale@gmail.com), Finfinnee, Itoophiyaa

Maxxansi kun deeggarsa dhabbata Feedereshinii
walta'iinsa dinagdee fi misoomaati kan ta'eedha.



implemented by:



Yaad-Dursa Maxxansa Haaraa “Jaarsummaa Gaaddisa Jalatti“

Kabajamoo dubbistootaa fi itti fayyadamoo maxxansa Jaarsummaa Haala-Mijeessuu Walitti firoomsuu qajeelcha leenjii leenjistootaa.

Ergam maxxansa keenya qajeelcha kan bara 2013 afaan Ingiliziitiin maxxansineen booda, bara 2014 afaan Amaaraatiin itti fufnee maxxansinee hojii irra olchinuus, maxxansi afaan Oromoo xiqqoo yeroo nutti fudhateera.

Sagantaan tajaajilli nageenya hawaasaa, GIZ wayita ayyana Itoophiyaa keessatti hojii itti eegalee wagga 10ffaa isaa kabajatu keessatti sagantaa haaraa xiyyeeffanna addaa naannoo Oromiyaa keessatti taasisuun hojjechuuf karoorfateetti maxxansa kana wayita isiinii dhiyeessu gammachuu guddatu itti dhaga’ama.

Akkuma nuu hubbattanu, afaan Inglizii irraa gara afaanoota Amaaraa fi afan Oromootti hiikuun hojii baayee cimaadha, keessattuu jechoota ijaarsa nageenya waliin qabatee ilaalamu. Jechootiin afaan Amaaraa keessa jiranu isa afaan Inglizii waliin sirriitti walsimanii arganuu dhiisuu ni danda'u ta'a. Afaan Oromoo keessatti amoo jechoota biro ittiin ibsitanu qabdu ta'a. Eegaa maaloo wayita qajeelcha kana dubbifattanu maxxansa isa jalqabaa ta'u isaa sammuutti nuu qabadhaatii waan fooyeessuun nuuf ta'u, yaada keessan nuu erguu hin dagatinaa.

Carraa kanaan qajeelcha kana eediit gochuun shora olaanaa ka fudhate Daawiiit Laambeeboo guddaan galatteeffadha.

Hojii kana keessatti hedduu kan isa gargaaran garee waliin hojeeennu CPS (tajaajila Nageenya Hawaasaa keessa hojjetanu, keessattuu Obbo Abdallaa Kadir, Sisaay Gobessaa, Beenjaamiin Braauer/ Benjamin Bräuer fi Dooriiis Pifeeffir-Gootzeen/ Doris Pfeiffer-Götze guddaan galateeffadha.

Finfinnee Sadaasa 10, 2017

Daagimaar Beeliikweedee/ Dagmar Blickwede
CPS (Tajaajila Nageenya Hawaasaa) Qindeessaa Sagantaa (2012-2017)

Kabajamoo dubbistootaa,

Carraa kanatti fayyadamuudhaan yeroo isaanii aarsaa godhanii beekumsa isaanii hawaasaaf qooduudhaan qajeelfama sirna jaarsummaa haala qabatamaa biyya keenya hubatee fi hawaasa keenya keessatti sadarkaa adda addaa irratti hojii irra ooluu danda'u kana kan qopheessaniif galataa fi ajaa'ibsifanna koo isa ol-aanaa dhi'eessuufiin barbaada.

Qajeelfamni walitti bu'iinsa hiikuu fi jaarsummaa maxxanfamee kun biyya keenyatti sadarkaa biyyolessaa fi naannootti walitti bu'iinsawan uumamuu danda'an dursanii dhorkuuf kan fayyadu ta'u irrayyuu darbee walitti bu'iinsawan sababoota adda addaan uumaman miidhaa hamaa utuu hin qaqqabsiisiin duragara jijiirama gaarii fi carraa misoomaatti ceesiuuf ga'ee guddaa akka qabu hubachuun ni danda'ama. Waan hundumaa caalaa immoo lammilee Itoophiyaa fi biyya alaa kanneen muuxannoo cimaa qabaniin kan qophaa'e qajeelfamni walitti bu'iinsa furuu fi jaarsummaa kunheera mootummaa Mana Maree Rippabilika Dimokiraasii Federaalaa Itoophiyaan kan mirkanaa'e tokkummaa sabaa fi sab-lammoota Itoophiyaa kan wal-qixxummaa irratti hundaa'e hidda akka godhatuu fi aadaan wal dalda'anii fi wal kabajanii jiraachuu isaanii akka guddatu ijaarsa nageenya biyyolessaaf yaalii taasifamu keessatti ga'ee ol-aanaa akka qabu ni amanama. Ardii keenya Afrikaatti akkasumas biyya keenya Itoophiyatti muuxannoon duraan ture akka argisilisutti walii galtee dhabuu fi walitti bu'iinsawan adeemsa jirenya hawaasummaa dhala namaa keessatti uumamuu kan danda'an ta'u isaanii irrayyuu darbee bilchinaan yoo geggeeffaman jijiiramaa fi guddina hawaasaaf karaa kan banan ta'uun isaanii obboloota walitti bu'an biratti amanamee dhugaa fudhatamu hin turre yoo jedhame arbeessuu hin ta'u.

Gama biraan garuu muuxannoo yaalii jaarsummaa kana irraa hubachuun akka danda'amu walii galtee dhabuu fi walitti bu'iinsi jirenya hawaasummaa dhala namaa irraa adda kan hin baane adeemsa jijiirama hawaasummaa kan uumamaati. Dhugaa kana bu'uura godhachuun walitti bu'iinsawan jibbuu fi humnaan tarkaanfii fudhatanii dhabamsiisuuf yaaluu mannaa sababootaa fi taatota haalaan adda baasuu fi hubachuudhaan walitti bu'iinsawan waliin hojjechuu fi walitti bu'iinsawan gara gaarummaatti jijiiruudhaan fayyadamtummaa jijiirama lammilee hundumaa ta'u irrayyuu darbee madda guddinaa fi misooma hawaasaa ta'u akka danda'u qorannooleen walitti bu'iinsa hawaasaa irratti hojetaman hedduun isaanii ni mirkaneessu.

Manni maree federeeshinii keenya Tajaajila Nageenya Idil-addunyaa Jarman waliin ta'uudhaan akaakuu isaan addaa fi isa jalqabaa kan ta'e qajeelfamni walitti bu'iinsa hiikuu fi jaarsummaa kun maxxanfamee fi eebbfamee kutaalee hawaasaa sadarkaa adda addaa irra jiraniif hojii irra akka oolu yommuu taasisu gammachuu guddaatu itti dhaga'ama. Kanaaf obboloonni keenya Afrikaa fi kutaalee addunyaa keenya adda addaa keessatti dhaabbileen nageenyaaf hojetan, qorattoonniif dhaabbileen barnoota ol-aanaa addunyaa nageenya, guddinaa fi badhaadhummaa addunyaa keenyaaf qajeelcha kana akka fayyadaman afeerraa keenya dhi'eessaa nageenyii fi guddinni ilmaan namaa hundaaf akka ta'u nan hawwa.

Debbebee Baarud

Barreessaa Walii Galaa Mana Maree Federeeshinii Rippabilika Demokiraasii Federaalaa Itoophiyaa

BAAFATA

Kutaa Tokko	Seensa	9
I.1	Dubbii Dursaa	9
I.2	Seen-duubee	10
I.3	Waa'ee Qajeelcha Leenjii	11
I.4	Akkaataa Itti Fayyadama Qajeelcha Leenjichaa	12
Kutaa Lama: Gosoota Jaarsummaa: Jaarsummaa Aadaa fi Jaarsummaa Haala-Mijeessuu		13
II.1	Jaarsummaan Itoophiyaa keessatti argamu maal fakkaata?	14
II.2	Tokkummaa fi Garaagarummaa Jaarsummaa Aadaa fi Jaarsummaa Haala-mijeessuu	17
II.3	Walitti Dabalama Jaarsummaa Aadaa fi Jaarsummaa Haala-Mijeessuu	19
Kutaa Sadii Meeshaalee leenjii jaarsummaa Haala-Mijeessuu		20
III.1	Walitti bu'insaa hubachuu	20
III.1.1	Hiika walitti bu'insaa	20
III.1.2	Hojii: Ilaalcha walitti bu'insaaf qabnu	21
III.1.3	Gilaazil/ Friedrich Glasl Hiika Inni Walitti Bu'iinsaaf Kenne	22
III.2	Furmaanni hunda fayyadamaa taasisu maaliif barbaachise?	23
III.2.1	Tapha qurxummii qabuu	24
III.2.2	Hojii: Furmaata hunda fayyadamaa taasisu akkamitti uumuu dandeenyaa?	31
III.3	Ejjennoo. faajidaa fi fedhii	33
III.3.1	A.L.A bara 1978 kan taasifame walii galtee Kaampi Diivid /Haala Salphaan kan dhi'aate/	34
III.3.2	Fakkeenyä burtukaanicha	35
III.3.3	Hojii: Fakkeenyä muka maangoo keessatti moodela qullubbii fayyadamuudhaan ejjennoo. faajidaa fi fedhii ibsuu	37
III.3.4	Gaaffiilee walii galtee ijoo (Grounding Questions) muka jaarsummaa fayyadamuu	39
III.3.5	Gaaffiilee walii galtee ijoo fayyadamuudhaan ejjennoo irraa qara faajidaa fi fedhiitti akka cehan qarqaara	41
III.3.6	Gocha: Xafxficha	44
III.3.7	Fakkeenyä akaayii	45
III.4	Ilaalcha jijjiiruu	48
III.4.1	Gocha: Xiyyeefannoona/dammaqinaan dhaqgeeffachuu	49
III.4.2	Gocha: Namaa fi hantuuta	51

III.5	Adeemsa jaarsummaa	53
III.5.1	Qajeelfamoota namusa jaarsummaa Haala-Mijeessuu	53
III.5.2	Jaarsummaa akkamitti adeemsifama?	55
III.5.3	Sadarkaalee jaarsummaa	56
III.6	Waliin dubbii adeemsa jaarsummaa keessatti	58
III.6.1	Waliin dubbii fi Moodelii Shuulzi Voon Zuun/ Schulz von Thun kan ergaa roqa afurii qabu	59
III.6.2	Gilgaala hojii waliin dubbii	62
III.6.3	Adeemsa jaarsummaa keessatti barbaachisuu afaan sochii qaamaa	64
III.6.4	Yeroo adeemsa jaarsummaa dhaqgeeffachuu	69
III.6.5	Erqaawwan rakkisoo wallaansoo qabuu: Dubbii ibsa mataa ofiin dhiheessuu fi qudunfuu	71
III.7	Balballoomin Xiinxala Walitti Bu'iinsaa (Conflict Perspective Analysis)	73
III.8	Jabina walitti bu'isawanii keessattii fi sadarkaalee jalqabaa irratti faayidaa jaarsummaa qofa qofaaltti taasifamuu	78
III.9	Sadarkaa cimina walitti bu'insaa hubachuu	79
III.9.1	Gulantaalee cimina walitti bu'insaa Fireedirik Gilaazil/ Friedrich Glasl salgan beeksisuu	80
III.9.2	Gulantaalee salgan akka aqarsiiftuutti itti gargaaramun qara hojiitti hiikuu	81
III.9.3	Gulantaalee walitti bu'insaa cimoo salgan caalmaalti hubachuuf waan godhamuu qabu	88
III.10	Gulantaalee walitti bu'insa adda addaattiif waliigaltee caaseffame	90
III.11	Garee jaarsummaa hundeessuu fi qaree jaarsummaa keessaltti: hojjechuu qaama fudhatoota walitti bu'insaa hirmaachisuu	95
	Kutaa Aafur Dandeeltiiwan Leenjisuu	99
IV.1	Goorsa Waliiqalaa leenjistootaaf	100
IV.2	Yeroo leenjiitti tapha Buttaa qa'ee keessatti hojjiowan hojjetamanu	102
IV.3	Deebiin (Feedback) maaliif akkamittiin keennamuu danda'aa?	104
	Kutaa Shan Raqaalee Ibsaa	105
	Kutaa Ja'a Waa'ee Qopheessitootaa	107
	Kutaa Torba Appeendiksii	110
	Itoophiyaatii Karaa Aadaatain Tooftaa Walitti Bu'insa Ittiin Hikamuu	110
	Walitt bu'iinsi jijiiramuu fi qosoota jaarsummaa walmadaalaa	113
	Fakkiilee namaa fi hantuulaa	114

I.1 Dubbi Dursaa

GIZ fi dhaabbilee isa gargaaranii kan hojetame hojin ajaa'ibsisaan kun ijarsa nageenya irratti sadarkaa biyoolessaa fi naannoottti yaaliiwan taasifamanii rakkoowwanif furmaata kennuu irra darbee walitti bu'iinsawan gara sadarkaa fooya'aatti ceesisuuf ykn jijiruuf gumaacha guddaa taasisa. Walii galtee dhabuu fi walitti bu'iinsawan irratti hojechuu dura walii galtee dhabuu fi walitti bu'iinsawan jiraachuu isaanii amanuu barbaachisa. Kun isaa jalqabaati. Afrikaa keessatti walitti bu'iinsiwan yeroo uumamaan yeroodhaan furmaata hin argatan. Sababni isaas namoonni walitti bu'iinsa sana uuman walitti bu'insi jiraachuu isaa hin fudhatan. Walitti bu'insi uumamu isaa shakkuun yokaan haaluun wantichi hidda akka fageeffattu fi walitti bu'insi daran hamaan uumamee jaarsoliitti akka ulfaatu taasisa.

Qajeelchi kun walitti bu'insi hammam kutaa jirenya keenyaa isa tokko akka ta'e argisiisa. Kana jechuunis walitti bu'insi kan amaleeffatame, fayyalessaa fi qaamoleen hundi furmaata quubsaa argachuuf kan fedhan hirmaannaa ho'aa kan taasisan, hawaasi, maatii ykn lammii biraan jiraachuu argisiisa.

Walitti bu'iinsawan aadaa Afrikaa duraanii walitti bu'iinsa dhuunfaa qofa akka ta'anitti hagas mara hin fudhataman turan. Ittumaayyuu maatii, namoota gandaa ykn hawaasa irratti yakki yokiis jeequmsi kamuu yoo uumame, akka waan hawaasni sun yakka yokaan jeequmsa uumame sana of irraa dhorkuu dadhabeetti lakkaa'ama ture. Kana jechuunis misesensa hawaasa sanaa kan ta'e nama dhuunfaa tokkoon dogogorri raawwatame saffisaan rakkoo atattamaa waliinii ta'ee fudhatama ture.

Afrikaa har'aa keessatti garuu magaalotaa fi baadiyyaa keessatti haala jirenya abbootaa fi haadholii durii hordofuun yaadanno fagoo ta'aa akka dhufe ni hubatama. Kunis rakkolee addaaf furmaataawwan haaraa fi kalaqaan guutaman akka barbaannu nu dirqisiisa. Walitti bu'insi dhimma nuti waan addaati jennee dhiisnu miti. Jaarsummaawwan karaa aadaan geggeeffamaa turan waldhaansooowan hammayummaa irraa maddeen qoramaa turaniiru. Hawaasonni kun jijirama jiru fudachuu malee filannoo biraa hin qaban turan.

Kanaafidha qajeelchi kun keessumaa yeroo ammaa kana baay'ee barbaachisaa kan ta'e. Qajeelchi kun isa kan aadaa ta'ee fi muuxanno kan qabu karaawwan furmaata ittiin barbaadan haaraa fi kanaan dura hin yaalamiin karaa ittisa isaanii dabaleetee itti dabalees araara booda hariroo fayyalessii fi itti fufiinsa qabu akka jiraatu kan dandeessisu walitti dabala akkamitti uumuuun akka danda'amu argisiisa. Gama kanaan waahila Tajaajila Nageenya Idil-addunyaa GIZ kan ta'e Inmiidoo Berliin hojji milkaa'aa kanaaf baga gammaddan jechuu barbaada. Qajeelcha kanatti kan fayyadamu walfakeenya jaarsummaawwan lachuu hubachuu danda'a. Garuu garaagarummaawwan ifa ta'an ni qabu. Jaarsummaan ammayyaa jaarsoliin sun qaama hawaasa sanaa akka hin taane isaan taasisa. Itti dabalees qaamoleen walitti bu'iinsi itti uumame jaarsolii akka filataniif mirga kennaaf. Gama biraan jaarsummaan aadaa immoo jaarsoliin qaama hawaasa sanaa akka ta'an, qaamolee lachuu kan beekanii fi maatii isaanii waliinis kan wal beekan akka ta'an isaan dirqisiisa. Isaanis bu'aa hawaasa sanaa waan ta'aniif sirna jaarsummaa sana keessa kan jiraatanii fi araaricha boodas murtoo murttaa'uuf kan bitaman waan ta'aniif.

Namni qajeelcha kanatti fayyadamu karaawwan ittiin walitti bu'iinsa furan qajeelchicha keessatti argamanii fi sababooniisaanii duraan Afrikaa keessatti karaa aadaa kan ittiin walitti bu'iinsa furaa turan akka ta'e ni hubata. Yeroo tokko tokko filannoowwan jaarsummaa hammayyaa keessatti kaa'aman araara aadaa Afrikaa keessatis kan amaleeffataman ta'aniif argina. Kun lammilee Itoophiyaaf, Afrikaanotaaf yokaan qaama heyyamamaa ta'e kamifuu muuxanno gaarii kan irraa argatuu fi beekumsa kan dabaluuf ta'a.

~Isteelaa Mistiika Sabitii/ Stella Mystica Sabiiti

Isteelaa Mistiika Sabitii/
Stella Mystica Sabiiti dhalataa
Yugaandaa kan ta'an
beekamti kan gonfatan
ogeessa ijarsa nageenya
idil-addunyaa ta'ani hojjetu.
Dhaabbiilee gurguddoo akka
Gamtaa Afrikaaf sadarkaa
ol-aanaan hojiiwan
araaraa kan raawwataniif fi
ijaarsa nageenya keessatti
hirmaannaa guddaa
taasisuun beekamu.

Dhaabbiilee gurguddoo akka
Gamtaa Afrikaaf sadarkaa
ol-aanaan hojiiwan
araaraa kan raawwataniif fi
ijaarsa nageenya keessatti
hirmaannaa guddaa
taasisuun beekamu.

I.2 Seen-duubee

Tajaajilli nageenya hawaasaa GIZ A.L.A bara 2008 irraa eegalee Itoophiyaa keessatti bal'inaan hojjechaa jira. Kaayyoon tajaajila kanaa Federaala, naannoo fi warra gajallaa keessatti namoota qooda qaban cimsuudhaan walitti bu'insawwan Itoophiyaa keessatti uumaman yokiis uumamuuf jiran yeroo isaattii fi haala qindaawaa ta'een furmaata akka argatan taasisuuf jabaatee hojjeta. Tajaajilli kun qaamolee mootummaa fi mit-mootummaa ijaarsa nageenya irratti hojjetan waliin hojjeta. Dhaabbileen gargaarsaa kun ijaarsa nageenya fi walitti bu'iinsa furuu irratti itti gaafatamawwan mataa isaanii qabaatanis jaarsummichi milkaa'aa yeroo ta'u hunda fayyadamaa taasisuu irrayyu darbee itti gaafatama isaanii haalaan akka ba'an gargaara. Itti dabalees tooftaawwan jaarsummaa lammilee Itoophiyaa gidduutti (keessumaa dhaabbilee aadaa keessatti) kan barbaadamanii fi bal'inaan kan amaleeffataman ta'uu isaanii akka filannootti tooftaalee falmii ittiin hiikan ta'anii tajaajilu.

Gaaffii dhaabbilee gargaarsaa kanaa fi qaamolee hawaasicha bakka bu'an biroo irraa isaaf dhi'aateen tajaajilli nageenya GIZ deggersaa isaa mana maree Federeeshinii fi Inmiidi'oo Berliin waliin yaad-rimee isaa fidanii kan qindeessan Luubiyaa fi Vustehubee fi Deenki Ispiliinter waliin ta'uudhaan leenji jaarsummaa jabaataa qopheesseera.¹ Tajaajilli nageenya GIZ , dhaabbileen isa gargaaranii fi hirmaattonni leenji jaarsummaa fudhatan kaayyoon waloo isaanii sirna jaarsummaa duraan ture jabeessuu fi sirna jaarsummaa isa haaraa cimsuu qofa miti. Garuu jaarsummaa duraan turee fi jaarsummaa haala mijeessuu isa kan warra Lixaa walitti ida'uudhaan karaa walitti bu'iinsa ittiin furan kan biyyaa jajjabeessuudha.

Yeroo leenjiin mirkaneessa jaarsummaa kennamu hirmaattonni maqaalee "aadaa" fi "karaa warra Lixaa isa hammayyaa" hiika gaarii hin taane kan jechoonni kun uumuu danda'an irraa kan ka'e "jaarsummaa aadaa" fi "jaarsummaa haala-mijeessuu" jedhanii jjijiiraniiru. "Jaarsummaan aadaa" (wise-council mediation) jedhamuun kitaaba Naadiyya Aleksaanderiin (Mediation Meta-Model)² jedhamu keessatti akka maqaa saayinsawaatti kan eerame yoo ta'u qajeelcha kana keessatti garuu karaalee jaarsummaa kan biyyaa ta'an argisiisa.³ Haala wal-fakkaatuun, karaa jaarsummaa warri Lixaa bal'inaan itti fayyadaman argisiisuuf "jaarsummaa haala-mijeessuu" jedhamee hiikameera.

¹ Muxxanno dandeeltii jaarsummaa yoo mirkaneeffachuu barbaaddan Roos. C: Splinter, D & Wüstehube, L (2011) ilaalaa.

² Alexander, N (2011)

³ Jechii inglifaa wise Counsel jedhu qosa jaarsummaa Itoophiyaa keessa jiru hin ibsu. Jaarsummaas qosa akkasii murtee xumuraa warren walitti bu anif kan dhiisuu waijta ta u kan Itoophiyaa keessa jiru qaruu. kan muree xumuraa laatuudha. Haa ta u iuyuu malee jechii saajinsaawaan kun haala jaarsummaa biyqaa Itoophiyas haamma ta e ibsuu waan ყალუფbakka bu uu ni danda'.


I.3 Waa'ee Qajeelcha Leenjii

Qajeelchi kun ogeessota jaarsummaa haala-mijeessuu kan ta'an walitti dhufeenya lammilee Itoophiyaatiin qophaa'e. Ogeessonni kun mirkaneessa leenjii jaarsummaa (walumaa galatti sa'atiwwan 177 kan fudhate)⁴ leenjii kan fudhatanidha. Leenjifamtootaaf akka meeshaa gargaarsaatti kan qophaa'e yoo ta'u kaayyoon isaas waa'ee jaarsummaa haala-mijeessuu fi jaarsummaa beekumsa gad fagoo fi hojiitti hiikamu argatanii adeemsa jaarsummaa Itoophiyaa irratti dandeettii qabatamaa akka dabalan gargaaruudhaan gumaacha taasisuudha. Kanarraa kan ka'e jaarsummaa fi jaarsummaa haala-mijeessuu irratti akkasumas walitti dhufeenya isaanii irratti galteewwan yaadaa fi shaakalawwanii fi beekumsawwan jaarsummaa waliin walqabatan dhi'eessa.

Qajeelchichi qaamolee walitti bu'iinsa sadarkaa adda addaa hiikuu fi ijarsa nageenyaa irratti hojjetan giddu gala kan godhatedha. Kana jechuunis dhaabbilee mootummaa fi mit-mootummaa, jaarsolii biyyaa, hayyootaa fi wiirtuulee adda addaa haammata. Sirna jaarsummaa Itoophiyaa irratti xiyyeffatu illee, biyyoota yokaan aadaa biroo keessatti karaa walitti bu'iinsa ittiin furan "haaraa fi alagaan" ta'e kan amaleeffatame waliin walitti fiduudhaan akkamitti akka hojjetan argsiisuun fayyada.

"...Yaadichi kan madde akaakuuwan jaarsummaa adda addaa waliin wal baraa yommuu dhufnuu fi sirnoota kana walitti fidnee ittiin hojjechuu yeroo barbaannedha. Ani mataan kooyuu Awurooppaatti leenjii mirkaneessa ogummaa jaarsummaa jabaataa fi kaka'umsa namaaf kennu fudhadheera. Kanaaf akaakuuwan jaarsummaa baadiyyaawwan Itoophiyaa keessatti amaleeffataman jaarsummaa haala-mijeessuu isa Awurooppaatti beekamaa ta'e waliin walitti dabaluudhaan yeroo inni hojji irra oolu arguuf fedhii guddaan qaba. Kanaaf yaaliin kun bu'a-qabeessaa fi hojiitti kan hiikamu ture jechuu nan danda'a."

Kilaawdiya Roos/Claudia Roos, GIZ Itoophiyaatti hoogganaa meeshaalee fi Kirooskeetiingii, Qindeessa Ijaarsa Nageenya Hawaasaa (2007-2012)



⁴ AL.Auurooppaa.adooleessa 26. 2012 Dalaqa irra kan inni ooluu eeqale "Act for the Promotion of Mediation and other Procedures of Extrajudicial Conflict Settlement"/Gesetz zur Förderung der Mediation und anderer Verfahren der außergerichtlichen Konfliktbeilegung) bu ura kanaan oqeessa jaarsummaa/ waliitifidaa. qa umsa qabu la uuf leenjii sa atii 120 tu barbaachisa.<http://kluwermediationblog.com/2012/01/09/new-german-mediation-law-passed-in-the-bundestag/>. Akka waldaa Jaarsoolii biyya Jarmanilti (Bundesmediationsverband) waraqaa raqaa argachuuf leenjii sa atii 200 tu barbaachisa. (www.bmev.de)

I.4 Akkaataa Itti Fayyadama Qajeelcha Leenjichaa

Qajeelchi leenjii kun walitti bu iinsa furuu irratti qaamolee leenjii hirmaachisaa kennan hundaaf kan qophaa edha. Ta ullee qaruu barbaachisummaa qajeelcha kanaa warra leenjicha fudhatan qofaaf miti. Namoonni yokiis dhaabbileen jaarsummaa quddisuu barbaadan akka qajeelcha hojiitti yokiis deggersaalti fayyadamuu danda u.

Qajeelchi kun afaan naannootti hiikamees ta u utuu hin hiikamii keessummaa Itoophiyaa keessatti fayyadamuun jijiirama qabatamaa akka fidu amanama. Qabiyyeen isaa hojii irratti kan hundaa e waan ta eef. hirmaattonni shaakaluudhaan adeemsaa leenjichaa hoogqanu. Hirmaattonni afaan adda addaa kan dubbatanii fi iddoowan adda addaaltii kan dhufan ta an illee dhi eessiin yaada leenjii qajeelcha kanaa jireenyaa. haalotaa fi dhimmoota dhuunfaa waliin kan walitti hidhate waan ta eef adeemsi barumsichaa mijataa ta a.

Taphoonn barumsaa hirmaachisoo ta an qajeelcha kana keessatti qa ee ijoo qabu. Namoonni hedduun tapha jaallatu. Adeemsaa barumsaa tapha of keessaa qabu keessatti qaruu namoonni fedhii fi hirmaanna adda addaa kan mataa isaanii qabu. Kanaaf leenjisichi taphootaa barnootaa hirmaachisoo ta an yeroo filatu haala of eeqgannoon quteen ta uu qaba. Kana jechuun haala jireenyaa fi shaakala naannoo irraa ka uun saala. umurii fi duudhaalee hawaasaa fi hawaasa biratti fudhatumummaa isaanii kan hubate itti dabalaanis sadarkaa muuxannoo. yaadaa fi filannoo hirmaattotaa ilaalcha keessa qalchuu qaba. Walumaa galatti taphoonnii fi shaakalooni qajeelcha kana keessatti haammataan Itoophiyaa keessatti mijatoo ta uu akka danda an yaaliin taasifameera. Leenjisichi qabxiilee fi wantonni ittiin barsiisuf oolan dabalatan kan qajeelchicha keessatti hin haammataan yoo jiraalan barumsa ibsa dabalataa qopheessuu danda a. Akkasumas leenjisichi taphootaa fi odeeaffanoowwan biroo kan maalummaa jaarsummaa arqisiisan fayyadamuu danda a. Odeeaffanoowwan dabalataa yommuu fayyadamuu barumsicha waliin kan deeman.

hirmaattonni salphaatti hubachuu kan danda anii fi yeroo ilaalcha keessa kan qalchan ta uu qabu. Walumaa galatti sanadni kun fayyadamaaf akka mijatutti kan qophaa edha. Kaayyoon qajeelcha kanaa dandeeltii jaarsummaa salphaa. hojiitti kan hiikamuu fi qabatamaa haala ta een akka dhi aatu kan yaadame waan ta eef mariiwwan hayyummaa

(academic) akkasumas xiinxalawwan qajeelcha kana keessatti akka hin haammaatamne taasifamaniiru. Itti fayyadamni qajeelcha kanaa milkaa aa akka ta uuf leenjisichi jaarsummaa irratti nama muuxannoo qabu yoo ta e filatamaadha.

Qajeelchi kun kan qophaa e dandeeltii jaarsummaa leenjisuu yoo ta u hojilee hunda xumuruuf torban lama fudhata. Ta ullee qaruu qajeelchi kun laanjisichi akka naannoo fi qaamolee itti fayyadamanii mijataa ta a jedhee akka yaadutti akka walitti qabama sanadootaalti itti qargaaramuu qilqaalawwan hojii akka isatti toletti filatee itti fayyadamuu danda a. Sababni kanaa immoo tokkoo tokkoon leenjii haala fedha qaamolee hirmaattotaa qutuu danda uun qophaa uu waan qabuuf. Kanaaf adeemsi leenjichaa fi qilqaalonni kana ilaalcha keessa kan qalchan waan ta anii leenjichi bifaa kanaan yoo qophaa e faajidaa hirmaattotaa ni eeqsisa jedhamee kan qophaa e ta ullee akka barbaachisummaa isaalti jijiiramuu danda a.

Sanadi kun kutaalee ja a qaba. Kutaan tokko dubbii dursaa fi seen-duubee (Background) of keessaa qaba. Itti aansuun kutaan lammafaan kan irratti xiyyeffatu seenaa walitti dabalamaa jaarsummaa aadaa fi jaarsummaa haala-mijeessu yommuu ta u walfakeenyaa. qaraaqarummaa fi bu aa isaanii waloo ibsa. Kutaa sadaffaan ijoo qajeelcha kanaa yoo ta u kutaa kana keessatti walitti bu iinsa hubachuu. qajeelfamoota furmaataa qaamota hunda fayyadamaa taasisan. ilaalcha keenya jijiiruu. barbaachisummaa gaaffilee ijoo walii qaltee (grounding questions). akkasumas dhimmoota jaarsummaa warra ijoo kanneen akka ejjennoo. faajidaa fi fedhiinfaa ni kaafamu. Itti dabalees adeemsii fi amalooni jaarsummaa ni ibsamu.

Kun qajeelcha leenjii waanta eef kutaa arfaffaa keessatti dandeeltiwwan dimshaashaa jaarsummaaf barbaachisan ni eeramu; eerawan wabii (kutaa afur) fi galanni (kutaa shan) itti fufu. Dhuma irrattis akiyaawwan (kutaa ja al) itti dabalamaniiru.

Fayyadamtooni qajeelcha leenjii kanaa qarqarsa yeroo fedhan qopheessitoota. Tajaajila Nageenya Hawaasummaa GIZ fi Inmiidioo Berliin/ inmedio Berlin waliin hariiroo uumuun barbaachisaadha. Sanadni kun fayyadamtootaaf bu a qabeessaa fi mijataa akka ta u ni abdanna. Namoota qajeelcha kana fayyadaman maraaf hojii milkaa aa hawwina!

Kutaa II GOSOOTA JAARSUMMAA: JAARSUMMAA AADAA FI JAAR-SUMMAA HAALA-MIJEESSUU

- Kaayyoo** Dhuma leenjichaa irratti hirmaattonni jaarsummaa aadaa fi jaarsummaa haala-mijeessuu isa walitti dabalamo irratti hubannoo gad fagoo ni argatu. Kunis qaama qajeelcha leenjii kanaa isa ol-aanaa ta'ee tajaajila.
- Yeroo
kenname** Daqiqaa 90
- Meeshaalee
gargaarsaa** Flipchart; maarkeroota; kaardiilee hallu qabeeyyi boca adda addaan qophaa'an; gabateewwan waraqaan itti maxxanfamu, ispiilota, pilaasteroota
- Duraa fi duuba** Sadarkaa 1: Kutaa II. 1 Jaarsummaan Itoophiyaa keessatti argamu maal fakkaara? mata duree jedhu beeksisi.
Sadarkaa 2: Hirmaattonni karaawwan ittiin walitti bu'iinsi furamu keessummaa jaarsummaa keessatti ga'ee isaan qaban akkamitti akka ilaalan gaafadhu. Qabxiin jabinnaa isaanii maali? Daangeffamummaan isaaniihoo? Jaarsummaan haala-mijeessuu Itoophiyaa keessatti dadhabinni inni qabu maali?
Sadarkaa 3: Kutaa II.2 Mata duree tokkummaa fi garaagarummaa jaarsummaa fi jaarsummaa haala-mijeessuu gjidduu jiru jedhu beeksisi. Isa booda gaaffii fi marii taasisi.
Sadarkaa 4: Kutaa II. 3: Mata duree walitti dabalamo jaarsummaa fi jaarsummaa haala-mijeessuu jedhu beeksisii isa booda gaaffii fi marii taasisi.

II.1 Jaarsummaan ltoophiyaa keessatti argamu maal fakkaata?

Walitti bu'iinsi bakka namoonni jiran mara ni jiraata. Maatii, hawaasa, saba, dhaabbilee yokaan hariiroo hojii keenyaa keessatti ni uumama. Kanaaf jireenya keenya guyuu irraa kan adda hin baanedha jechuu dandeenya. Walitti bu'iinsaaf hiikni idil-addunyaawaa yoo hin jiraanne illeeakkana jennee hiikuu dandeenya. "Hariiroo qaamota lama yokaan isaan olii kanneen galma wal hin simanne qaban yokaan qabna jedhanii yaadan gidduu jirudha."⁵

Walitti bu'iinsi taatee haaraa qabatee dhufuu waan danda'uuf akka adeemsaa bu'aa qabuutti fudhatamuu danda'a. Ta'ullee garuu yeroo tokko tokko qaamonni walitti bu'an haala cufamaa fi hin hiikamne keessa seenanii karaan ba'umsaa itti argamuu dhiisu danda'a. Haala akkanaa keessatti qaamni sadaffaan akka gidduu seenu afeeruun ni danda'ama. Isa kanas "gidduu seensa qaama sadaffaa" jechuu dandeenya. Kana gochuun qaamota walitti bu'anii fi namoota qooda keessa qaban kaaniif faayidaa isaanii eegsisuuf fayyada.

Sirnoonni walitti bu'iinsawan furuu karaa seera qabeessas ta'e karaa filannoo biroon adeemsifaman aadaa fi hawaasa hunda keessatti ga'ee isaan guddinaa fi jijjiiramaaf qaban ol-aanaadha. Warra karaa seeraan adeemsifaman yoo ilaalle adeemsi jaarsummichaa namoota dhuunfaa fi tola-ooltota irraa gara dhaabbilee hawaasaatti ce'eera. Kunis qaamni sadaffaan murtoolee akka qoqobbiifaa dabarsuu akka danda'u karaa saaqeera. Garuu karaallee walitti bu'iinsi furuu biroo (ADR) keessummaa jaarsummaan haala fooyya'aan tola-ooltummaan akka adeemsifamu ni jajjabeessa.

Biyyi akka mootummaatti ijaaramaa yoo dhufu dhaabbileen walitti bu'iinsa furan kanneen akka mana murtiifaa guddatanii ba'uueegal. Mootummooni isa duraa (karaawwan walitti bu'iinsa furuu muuxannoodhaan adeemsifamanii fi sirna amantiin uumaman) sababa adda addaaf seera qabeessa gochuu yaalaniiru. Ardiilee Afrikaa fi Eeshiyaatti karaawwan walitti bu'iinsa furii "kan biyyaa" jedhamanii fi sirnoota isaanii eeganii yoo turan hawaasa warra Lixaa biratti garuu karaawwan walitti bu'iinsa ittiin furan aadaan waan dagataman fakkaatu. Waggoota dhihoo asitti garuu karaawwan walitti bu'iinsa furuu dabalataa keessumaayyuu jaarsummaa irra deebi'anii fayyadamuu eegalaniiru. Har'a jaarsoliin walitti bu'iinsawan adda

addaa keessatti maatii, daldala akkasumas hawaasa idil-addunyaa gidduutti hirmaanna ol-aanaa taasisaa jiru. Kaayyoo fi qoodni jaarsummaa fi jaarsolii aadaa fi haalota kan hubate waan ta'eef jaarsummaan karaa adda addaa hiikamuu danda'a.

Jaarsummaa Haala-Mijeessuu fi Walitti dhi'eessuu (Facilitative and Transformative Mediation)

Kan hammayyaa yokaan namoonni tokko tokko akka jedhanitti jaarsummaan warra Lixaa namni alaa gidduu seenuudhaan qaamonni walitti bu'an marii fi haasawa akka taasisaniin jajjabeessuudhaan karaa ittiin walitti bu'insa hiikanidha. Furmaanni isaa kan murtaa'u walii galtee qaamonni walitti bu'an taasisaniin. Kaayyoon waan kanaas qaamoleen lachuu furmaata barbaacha akkasumas furmaaticha mataa isaatti fayyadamoota akka ta'aniif.⁶ Adeemsi kun jaarsummaa haala-mijeessuu (Facilitative Mediation) jedhamuu beekama. Kanas kan jedhameef qaamni sadaffaan qaamolee lachuu waliin dubbachiisu malee bu'aan isaa qaamolee walitti bu'an lachuu gidduutti kan taasifamu ta'uua isati. Karaan walitti bu'iinsa furuu akkanaa kan dhufe namoonni karaa seera qabeessa jechuunis tooftaa walitti bu'iinsa furuu mana murtiitti taasifamu tti quufuu waan dadhabaniif. Jaarsummaan biyyoonni Lixaa baay'inaan fayyadaman wantota walitti isaan dhi'eessan bu'uuraa qabu. Jaarsummaan walitti dhi'eessuu (Transformative Mediation) waan irratti xiyyeffatu keessaa qaamota walitti bu'an gidduu walii galtee fi waliif yaaduu fiduu akkasumas hariiroon isaanii sadarkaa fooyya'aatti akka ce'u taasisuu yoo ta'u bu'aa nama jaarsummaa sana taa'uu qofa irratti hin xiyyeffatu.⁷

Jaarsummaa Aadaa

Jaarsoliin biyyaa aadaawan Afrikaa hedduu keessatti hawaasicha keessatti tokko tokkoo dhimmootaa irratti walitti bu'iinsa furuu dabalatee murtii kennuu keessatti taato guddadha. Hawaasa keessatti furmaata kennuu isaanii ramadamu. Dhaggeeffattoota gaarii, murtoo kennitoota gaarii fi haalotaan muuxanno kan horatan taasifamanii fudhatamu. Jaarsoliin murtoowwan gurguddoo dabarsuu danda'uua isaanii irraa kan ka'e akkasumas qaamota lachuu bakka

⁵ Mitchell, C (1989)

⁶ Chris Moore (2003) Hiika kennname waliin ilaala. Jaarsummaa akka waliigalaatti wayita hiika itti laannuu. warren walitti bu an mirqa murla aa ykn mirqa tokko malee walitti bu insichatti ykn mariichatti seenu fedhii isaaniiit akka isaan yaada furmaataa akka fidanu adeemsa qarqaaruudha.

⁷ Bush, B. R. A. & Folger, J. P. (1994)

bu'uudhaan murtoo waan kennaniif murtoo kennitoota seeraa irraa adda isaan hin taasisu. Nama walii galtee yokiis murtoo sana hin kabajne irra qoqqobbi kaa'uuf aangoo qabu.

Jaarsoliin ogeeyyi jaarsummaa leenji'an miti. Qaamota walitti bu'an waliin olla, fira yokiis qaama hawaasichaa ta'uun isaanii abbootii dhimmaa isaan taasisa. Kanarrraa kan ka'e waligalteewwan murtaa'an hordofuudhaan hariiroon araara boodaa fooyya'aa akka ta'e yaalii guddaa taasisu.

Jaarsoliin sirni hawaasaa inni bu'uura ta'e akka eegamuuf nagaan akka buufat fedhu. Kanarrraa kan ka'e fedhiwwan haaraa dhaloota dargagootaa fi ga'en wal-qixxummaa dubartootaa keessatti raawwatan akka dadhabinaatti fudhatamuu danda'a. Daangeffama kanaa ala jaarsummaan aadaa hawaasa keessattii fi hawaasicha giddutti walitti bu'iinsaa fi walii galtee dhabuu jiru hiikuuf ga'ee guddaa taphata.⁸

Itoophiyaa waggoota irraa eegaltee walitti bu'iinsa kamiifuu akkasumas sadarkaa siyaasaa ol-aanaas dabalatee jaarsummaatti fayyadamaa jirti. Biyyattii keessatti baay'inni sabaa fi sablammootaa jiraachunii fi aadaawwan adda addaa jiran irraa kan ka'e karaawwan jaarsummaa adda addaa akka jiraatan sababa ta'eera.

Karaawwan walitti bu'iinsa ittiin furan kan biyyaa hawaasicha keessatti walii galteen waloo akka uumamuu fi ararri akka bu'u yaaliin taasisan amaloota wal fakkaatan akka qabaatan taasisa. Wantonni jaarsummaaf barbaachisoodha jennu sirnoota kana keessatti argamu. Jaarsummaan haala-mijeessuu namoota dhuunfaa irratti kan xiyyeefattu yoo ta'u, jaarsummaan aadaa Itoophiyaa keessa jiru garuu gareewwan adda addaa irratti xiyyeefata. Walitti bu'iinsa furuun kun nagaa fi badhaadhummaan hawaasaaf akka dhufu haara'umsa uumuu irratti xiyyeefata.

Karaawwan walitti bu'iinsa ittiin furan Afrikaatti argaman walumaa galatti haala jirenya siyaasaa fi dinagdee hawaasichaa waliin wal qabatoodha. "Karaawwan hiikaa kun aadaa fi seenaa ummatoota Afrikaa keessa kan dhaabaman akkasumas tokkoo tokkoo hawaasaaf karaa tokkos ta'e karaa bira adda adda ta'anii sirna isaanii eegsisuuf nageenya hawaasaa irratti kan hundaa'anidha."⁹ Karaawwan Walitti Bu'iinsa Ittiin Furan Naannoolee Adda Addaatti Argaman Kan Mariin Keessatti Haammatame Fedhii tokkoo tokkoo hawaasaa of keessatti

waan haammatuuf gara furmaata isa namoota hunda fayyadamoo taasisuutti deemu. Obboloonni walitti bu'an jaarsummaa sanaan booda wanti argatan akkuma jiru waan dhabanis obsaan fudhatu. Keessumaa walitti bu'iinsi sabaa yeroo jiraatu qaamoleen seeraa mootummaa jaarsoliin naannoo adeemsaa jaarsummaa sanaa akka raawwatanii deggersa kan kennan taasifamanii fudhatamu. Walitti bu'iinsawwan Itoophiyaa fi biyyoota Afrikaa biroo keessatti uumaman yokiis uumamuuf jiran keessatti kan gargaaran akka akka hawaasaatti murtaa'a. Kana jechunis akka shaakala, duudhaalee fi amantaa, sodaa fi shakkii, fedhii fi faayidaa, hawvii fi hojii naannoo sanaati akkasumas hariiroo fi walitti dhi'eenya bu'uura kan taasifatedha.¹⁰ Itoophiyaa keessatti karaawwan walitti bu'iinsi ittiin furamu beekamoo keessaa Guraageetti Kiichaa, Anyiwa Gambeellaatti Okudihoo, Oromootti Gadaa/ Jaarsummaadha, Affaaritti Miidaa¹¹ akkasumas Amaaratti Shimgilinnaa.

Sirnoonni biyyaa fi qaamoleen mootummaa yeroo baay'ee wal ta'anii waliin hojetu. Walitti bu'iinsi sabaa jabaan yommuu uumamu nagaa buusuuf karaawwan milkaa'oo fiduudhaan gargaaru. Ta'ullee yeroo tokko tokko furmaata fiduuf jecha mirgoonni namoomaa cabuu danda'u. Mootummaan jaarsummaa biyyaa yeroo deggeru walitti bu'iinsa naannootti uumame isa ol-aanaa qabbaneessuuuf ta'ullee adeemsaa kana keessatti ilaalcha isaan mirga namoomaaq qaban ni to'ata.

Itoophiyam seera ishee hammaya keessatti mariif carraa ni laatti. Adeemsi jaarsummaa kuniis xumuramee qaamonni walitti bu'an murtoo mataa isaanii hanga kennanitti abbootiin seeraa murtoo akka hin laanne kan taasisudha. Filannooleem marii bara A.L.A 1960 seera hawaasaa maxxanfame keessatti haammatameera. Hayyooni seeraa seera daldala fi maatii irratti hojetan seera kanatti ni fayyadamu. Walitti bu'iinsa hiikuuf, jaarsummaaf, ogeessota seeraa fi walitti bu'iinsawwan magaalaa keessatti uumaman jaarsummaa akka meeshaa seera qabeessaatti itti fayyadamuun amaleeffatamaadha.


Armaan olitti akkuma ilaalle jaarsummaan karaawwan walitti bu'iinsi Itoophiyaa keessatti ittiin furamu keessaa ga'ee ol-aanaa qabatee jira. Jaarsummaa haala-mijeessuu waliin walitti daballee ilaaluu keenya dura tokkummaa fi garaagarummaa isaan qaban ilaalla.

⁸ Alexander, Nadja (2011)

⁹ Rabar, B & Karimi, M (2004)

¹⁰ Malan, J (1997)

¹¹ Haala adeemsaa walitti bu insa hiikuu Itoophiyaa kan aqarsiisu fuula 108 irra appendeeksii jiru ilaala.



Yeroo jaarsummaa xiijyeeffannoon keenya inni ijoon rakkoo, faayidaa fi fedhii qaamota walitti bu anii dhaga uudha. Kana erga qoonee booda karaawwan naqaan ittiin bu u mari achuu eegalla. Jaarsummaa haala-mijeessuu barachuun koo akkasumas qaaffiileen walii qaltee ijoon hammam barbaachisoo akka ta an hubachuun koo qaamonni walitti bu an gara naqeenyaa akka dhufanii fi walii qaltee waloo irra akka qa an na qargaareera.

- **Kaalaa Gezzaahenyi Weldedaawwit; Konsootti
jaarsa biyyaa fi qeqqeessaa hafuuraa**

II.2 Tokkummaa fi Garaaqarummaa Jaarsummaa Aadaa fi Jaarsummaa Haala-mijeessuu

Tokkummaa isaanii



Garaaqarummaawwan isaanii



Jaarsummaa Aadaa

- ▶ Jaarsoliin hawaasicha keessatti kan kabajamanii fi namoota umurii quufanidha.
- ▶ Jaarsoliin kaka'umsa mataa isaanii jaarsummicha raawwachuu danda'u. Akkasumas yaadaa fi murtoo kennu
- ▶ Jaarsoliin marii isaan qofaatti taasisan qaama furmaataa isa guddaadha jedhamee fudhatama.¹²
- ▶ Adeemsi jaarsummichaa irra jireessaan dhugaa barbaaduu irratti kan hundaa'edha
- ▶ Walii galteewwan ibsuuf kanneen akka harka wal fuudhuu, waliin nyaata nyaachuu yokaan wal haammachuu akkasumas gochaawwan fakkeenyummaa kanneen akka qalmaa barbaachisoodha

- ▶ Lachuun isaaniituu qaama sadaffaa hirmaachisu.
- ▶ Furmaanni inni dhumaan lachuu isaanii wal-qixa fayyadamoo taasisuudha
- ▶ Lachuun isaaniituu qaamota walitti bu'an gidduutti nagaa buusuuf hoijetu.

Jaarsummaa Haala-Mijeessuu

- ▶ Jaarsoliin hawaasicha irraa adda kan ta'anii ogummaa isaa kan leenji'anidha.
- ▶ Jaarsoliin adeemsa jaarsummichaa ni jajjabeessu. Qaamonni walitti bu'an yaada furmaataa mataa isaanii akka maddisiisan gargaaru.
- ▶ Mareewan qofaatti taasifaman qophii qofaaf kan fayyadan yoo ta'u walga'iwwan waliin taasifaman garuu kaayyoon isaa qaamonni walitti bu'an walitti dhi'aatanii faayidaa fi fedhii isaanii akka mari'atan waan ta'eef filatamaadha. Qaamni furmaataa inni guddaan garuu qaamonni walitti bu'an sun ilaalcha qaban jijiiruuf dandeettii qabaniin murtaa'a.
- ▶ Jaarsummichi kan adeemsifamu faayidaa, fedhii fi sodaa barbaadanii argachuu irratti waan ta'eef ilaalcha isaanii kan murtaa'e (Subjective Perception) malee dhugaa hundumtuu fudhatu (Objective Truth) barbaaduu irratti kan hundaa'e miti.
- ▶ Adeemsi jaarsummichaa tooftaawwanii fi sadarkaalee jaarsummaa adda addaa kan qabu yoo ta'u walii galteewwan barreffamaan cimsamu

¹² Marii dhunfaa dhunfaadhann taasifamu keessatti namni isaan maryachiisu qopha qophaatti isaan maryachisuu qaba. Kun yoo jarreen walitti bu an lammeen fulaafula fa anii maryachisuu qopha oo ta uu dhabaafaniidha. Fuula 78 kulta III. 8. Jabaachaa deemuu walitti bu uinsaa fi faayidaa dhunfaan maryachiisun jaarsummaa keessatti qabu mata duree jedhu ilaala.



Dabalataanis

- ▶ Jaarsummaa aadaa keessatti jaarsoliin qalpii qaamota walitti bu'anii harkisuu fi ajaa'ibsii fannaa qaban ibsuuf duudhaalee aadaa fi afaanota qaamaa fayyadamu. Dhimmichaa ala akka ta'an argisiisuuuf, qalpii namootaa harkisuuf akkasumas miira gad fagoo ibsuuf dubbii utuu hin fayyadamiin ergaa dabarfatu. Jaarsummaa haala-mijeessuu keessatti jaarsi sun dubbii isaa akka isaaf deggeruuf.¹³ xiyyeffannoq qaamota walitti bu'an sanaaf qabu eegsisuuf itti fayyadama.
- ▶ Damamaqinaan dhaggeeffachuu¹⁴ jaarsummaa haala-mijeessuu keessatti ta'e jaarsummaa aadaa keessatti baay'ee barbaachisaadha. Garuu yeroo jaarsummaa haala-mijeessuu dammaqinsaan dhaggeeffachuu dandeettii guddaa yoo ta'u waliin dubbiiwyan sagalee hin qabne, wal dubbisuu akkasumas miiraa fi fedhii ifaa ibsachuuf of keessatti haammata.
- ▶ Adeemsa jaarsummaa aadaa keessatti jaarsoliin qaamonni lachuu maal akka barbaadan isaan gaafatu. Kunis kan ta'u jalqaba qofa qofaatti booda immoo waliin ta'uudhaan. Furmaatawwan filannoo erga fudhatanii booda jaarsoliin yaadota furmaataa sana irratti mari'atu. Qaamota walitti bu'an giddutti garaagarummaa yaada furmaataa yoo argan irra deebi'anii yaada furmaataa argachuuf ni mari'atu.
- ▶ Isa booda qaamonni walitti bu'an yaada furmaataa jaarsoliin biraa isaaniif dhi'aate irratti wali galuu danda'u. Walii galuu yoo dadhaban garuu yaadni furmaataa jaarsoliin warra walitti bu'an sanaaf ni fayyada jedhanii yaadan akka yaada walii galteetti lakka'aama.
- ▶ Adeemsa jaarsummaa haala-mijeessuu keessatti jaarsoliin adeemsa araaraa sana deggeru malee warra walitti bu'an irratti murtoo hin dabarsan. Dhimmichaa ala ta'uun bu'uura jaarsummaa haala-mijeessuuti.



¹³ Kutaa III.6.3. Wayita jaarsummaa barbaachisuummaa faajdaa afaan sochii qaamaa isa jedhu fuula 69 irraa ilaalaan.

¹⁴ Waa ee walitti makuu odee effannoq dabalaataa arqachuuf kulaa III.5.3. Gulantaan Jaarsummaa isa jedhu fuula 56 irraa ilaalaan.

II.3 Walitti Dabalama Jaarsummaa Aadaa fi Jaarsummaa Haala-Mijeessuu

Jaarsummaa haala-mijeessuu jaarsummaa aadaa isa amma Itoophiyaa keessatti dhimma itti bahamaa jirutti dabaluun tarkaanfii gaariidha. Sababniisaas dandeetii walitti bu'iinsa furuu biyya tokkoo cimsa. Yeroo kana namni tokko "Sirna jaarsummaa aadaa Itoophiyaa keessa jiru sirreessuun maaliif barbaachise?" jedhee gaafachuu danda'a. Jaarsummaan aadaa Itoophiyaa keessatti kan turee fi fudhatama kan gonfate ta'ullee rakkoleen tokko irraa mul'atu. Fakkeenyaaaf naannoolee tokko tokkotti sirnoonni jaarsummaa aadaa gama mirga namoomaan keessummaa kabajamu mirga dubartootaaf xiyeeffannoo akka hin laanne hubatamu. Itti dabalees itti fufiinsi araarichaa aangoo jaarsolii jalatti kan kufe yoo ta'u murtoo jaarsolin kennan fudhachuu dhiisun aangoo isaanii salphisuu fi ijaarsa aadaa sana diiguutti waan lakkaa'amuuf adeemsicha irratti dhiibbaa gaarii hin taane qabaata. Kanarraa kan ka'e amaloonni akka jijiirama ilaalchaa kanneen jaarsummaa haala-mijeessuu keessa jiran sirna jaarsummaa aadaa irratti yoo dabalamen itti fufiinsa walii galteewwan sanaa cimsuu irrayyuu darbee fudhatamummaa jaarsolii ni jabeessa.

Walitti hidhaminsi jaarsummaa haala-mijeessuu fi jaarsummaa aadaa barbaachisummaan isaa sadarkaalee, dandeettiiwaniif jaarsummicha gara sadarkaa fooyya'aa fi cimaatti ceesisa. Yeroo yerootti waan jijiiramaniiif jaarsummicha gara sadarkaa fooyya'aa fi cimaatti ceesisa. Yeroo walitti dabalamen tooftaaleen lachuu jijiirraa inni tokko isa kaan waliin taasisuun adeemsichi milkaa'aa ta'a.

Fayyadattonni qajeelcha leenjii kanaa lammilee Itoophiyaa ta'u isaanii irraa kan ka'ee fi sirna jaarsummaa kan beekan waan ta'aniif qabxiilee bu'a qabeeyyii jaarsummaa haala-mijeessuu jala jiraniif xiyeeffannoo kennina. Kanaaf qajeelchi kun amaloota jaarsummaa amaloota jaarsummaa jaarsummaa haala-mijeessuu keessatti hammam akka itti fayyadamnu hin ibsu. Qajeelchi kun tooftaalee jaarsummaa haala mijeessuu fi maloota isaa haalota qabatamoo Itoophiyaa irratti hojiitti kan hiikamu ta'u fi ta'u dhiisuu isaa argisiisuuf akaakuun jaarsummaa lachuu walitti dabalamuun barbaachisaa ta'u argisiisa.¹⁵ Itti dabalees gilgaalonni hojii fi mudannoowwan sanada kana keessatti haammataman sirna jaarsummaa aadaa Itoophiyaa fayyadamuu akka dandeenyu eeggannoodhaan kan filatamanidha.

¹⁵ Waa ee walitti makuu odee effannoo dabalaataa arqachuuf kutaa III.5.3. Gulantaan Jaarsummaa isa jedhu fuula 56 irraa ilaalaan.

Kutaa III MEESHAALEE LEENJII JAARSUMMAA HAALA-MIJEESSUU

Kutaan kun qaama ijoo qajeelchichaa kan qabatedha. Ijaarsi meeshaalee fi gilgaalotaa Inmiidi'oo Berliinitti leenjiif kan itti fayyadaman ta'ullee bifaa sanaan fayyadamuun dirqama miti. Itti dabalees gilgaalota hojii qajeelcha kana keessatti haammataman hunda fayyadamuun barbaachisaa miti. Leenjicha dura adeemsa leenjichaa fi gilgaalota filataman hirmaattotaaf mijatoo taasisuu barbaachisa.

III.1

WALITTI BU'IINSA HUBACHUU

“በኩስ እና ቅኑ እግዚአም ይጠፎል!”

“Miilli bitaa fi mirgaayyu walitti bu'u!”
(Mammaaksa Amaaraa)

III.1.1 Hiika Walitti Bu'iinsaa

Walitti bu'iinsi maali? Walitti bu'iinsi hiika idil-addunyaay qabaa? Mudannoo yokaan haala tokko walitti bu'iinsa jennee waamuuf hundi keenya ilaalcha wal fakkaataa qabnaa? Walitti bu'iinsa keessatti kallattiidhaan hirmaattota yoo taanuu fi yoo hin taane ilaalchi walitti bu'iinsa irratti qabnu maal fakkaata? Ilaalchi waa'ee walitti bu'iinsaaf qabnuu fi jaarsolii ta'uu keenya irraa kan ka'e gaaffiileen kunii fi kanneen biroo hundeedha. Gara balballoomina yaadotaatti utuu hin seeniin hubannoo waa'ee walitti bu'iinsaaf qabnuuf akka nu gargaarutti gilgaala hojii itti aanu kana haa ilaallu.

Kaayyoo	Walitti bu'iinsi hammam walxaxaa akka tahe hubachiisuu; karaa ittiin hirmaattonni walitti bu'iinsa ilaalan walitti bu'iinsicha keessatti ilaalcha hirmaannaa isaan qabaniin akka murtaa'u argisiisuu
Yeroo kennname	Daqiqaa 30
Meeshaalee gargaarsaa	Kaardota lama kan isa tokko irratti "Eyyee" isa biraan irratti immoo "Miti" jedhamee barreeffame; teessumawwan kuticha keessaa bitaa fi mirga jiran; maarkeroota
Duraa fi Duuba	<p>Sadarkaa 1: Mudannoowwan adda addaa akka itti himtu hirmaattotatti himi. Mudannoowwan itti himte kanneen armaan gaditti tarreeffaman keessaa kam jalatti akka ramadaman gaafadhu.</p> <p>A. walitti bu'iinsadha B. walitti bu'iinsa miti C. walitti bu'iinsadha yokaan walitti bu'iinsa miti jedhee ramaduun na rakkisa</p> <p>Garaagarummaa kana daran ifa taasisuuf hirmaattota sana bakka sadiiitti quodi. Fakkeenyaaaf, walitti bu'iinsadha jedhanii warra filatan garee "A", walitti bu'iinsa miti warra jedhan garee "B", warra ramaduu hin dandeenye immoo garee "C" jechuudhaan kuticha keessaa bakka qopheessiif.</p> <p>Sadarkaa 2: Seenaawwan armaan gadii kana dubbisiif.</p> <ol style="list-style-type: none"> 1) Hiriyyoonni lama guyaa guyyaatti walitti dhaadatu turan . Lamaan keessaa inni tokko yeroo hundaa mo'ata ture. 2) Maatiin tokko mucaan isaanii isheen durbaa nama hin jaallannetti akka heerumtu murteessan. 3) Lafa bal'aa bisaan qarqara jirutu ture. Warra lafa sanaa lafichatti hin fayyadaman turan. Sababa gogiinsaaf hawaasni biraa gara lafa sanaa dhufanii lafichatti fayyadamuuf irra qubatan. <p>Sadarkaa 3: Hirmaattota sababa filanwoo isaanii gaafadhu. Hirmaattonni biroon qalbiidhaan akka hordofan gaafadhu. Akka leenjisaa isaaniitti fakkeenyaa jaarsa gaarriisaanii ta'u qabda. Yeroo akkana gootu ifa akka ta'uuf gaaffilee kaastu garasitti (akka jaarsaatti) murtoo isaanii (guutummaan guutuutti itti walii galuu baattus) kabajuu qabda. Hirmaattonni murtoo isaan kennaniin tilmaama keessa akka isaan hin galchine of eegannoo taasisuudhaan yaadota isaan kennan walitti qabuudhaan yaada isaanii ibsiif.</p> <p>Sadarkaa 4: Hirmaattonni gilgaala hojii kana irratti ilaalcha isaan qaban gaafadhuutii gamaaggami. Qabxiileen yeroo gamaaggama sanaa beekamuu qaban</p> <ul style="list-style-type: none"> ➢ Mudannoon tokko nama hundumaa biratti fudhatama wal-qixa qabaachuu hin danda'u ➢ Namoonni wantota kan hubatan karaa adda addaati ➢ Ilaalchawwan adda addaa nuti haalotaaf qabnu sirriidha ➢ Kanaaf jiraachuu fi jiraachuu dhabuun walitti bu'iinsaa akka namaatti murtaa'a
Hubachiisa	Kutaa III.1 Mata duree walitti bu'iinsa hubachuu jedhu yommuu eegaltu gilgaala hojii kanatti fayyadami. Hirmaattonni kee yeroo ati kana gootu waa'ee walitti bu'iinsa yaadni isaan kennan dogoggora akka ta'etti akka hin yaadne eegannoo taasisi. Sababni isaa ilaalchawwan adda addaa sirrii (ga'oo)dha isa jedhu yaada jaarsummaa waliin waan wal faallessuufidha. Hiikawwan adda addaa akka jiran mirkaneessiif. Afaan hirmaattonni sun dubbataniin walitti bu'iinsi maal akka jedhamu isaan gaafadhu. Kana gochuu keen hawaasa keessatti ilaalcha walitti bu'iinsaaf qabaniif beekamtii kennuu n daran akka hubatan taasista.

III.1.3 Gilaazil/ Friedrich Glasl Hiika Inni Walitti Bu'iinsaaf Kenne

Mudannoo tokko walitti bu'iinsadha yokaan walitti bu'iinsa miti jedhanii adda baasuuf hiika adda ta'ee fi nama hundumaa waliif galchu argachuun ulfaataa ta'ullee, hayyooni garuu hiika kenuun barbaachisaa ta'uu hubatanii yeroo adda addaatti hiikawan adda addaa gabbisaa dhufaniiru. Qajeelcha kanaaf akka ta'uttii fi waa'ee adeemsa walitti bu'iinsaa fi jaarsummaa gama hubanneen hiikawan adda addaa hayyooni kennan keessaa baay'inaan fudhatama kan qabu filannee ilaalla. Fireederik Gilaazil/ Friedrich Glasl kitaaba isaa A.L.A bara 1997 barreesse kan "Konfliktmanagement" (walitti bu'iinsa bulchuu)¹⁶ jedhu keessatti walitti bu'iinsi kan jiraatu amaloontti armaan gadii yeroo ibsaman akka ta'e ibseera.

- Qaamolee lachuu keessaa yoo xiqqaate inni tokko simanna dhabuu yokaan garaagarumma fedhii, ejennoo, abdii, filanno yeroo argisiisu;
- garaagarummaawwan yokaan simachuu dhabuun kun jeequmsa miiraa yeroo uuman. (Miiraanis ta'e sababaan)
- Jeequmsi miiraa kun fedhii fi ilaalcha qaamolee lachuu irratti dhiibbaa yeroo taasisu

Hiikni Gilaazil/ Glasl haaldureewwan walitti bu'iinsa uumuu danda'an akkasumas haala ilaalcha namootaa tilmaama keessa kan galche waan ta'eef walitti bu'iinsa xobbeetti adda baasuuf ni gargaara. Yoo barbaachisaa ta'e tarkaanfiin akka fudhatamu gargaara. Adeemsa jaarsummaa keessatti immoo yoo ilaalle walitti bu'iinsa "sadarkaa kanaan isaan ga'e" hundeen isaa maal akka ta'e beeksiuudhaan ilaalcha isaanii akka jijiiran isaan gargaaruu danda'a.

Garuu hiika idil-addunyaawaa waan hin qabneef¹⁷ walitti bu'iinsa irratti hiika mataa keetii kaa'uu dandeessa. Dhuma irrattis wanti hubachuu qabnu walitti bu'iinsi ilaalchaa fi fedhii namootaa waliin kan walitti hidhate akka ta'edha. Walii galtee waloo fi firmaata nama hunda fayyadamaa taasisu irra ga'uuf ilaalchawwanii fi fedhiwwan kun warra kaan biratti beekamuu qabu. Kana gochuudhaan adeemsa jaarsummichaa irratti hariiroo inni qabu ga'ee guddaa taphata.

¹⁶ Glasl, F (1997)

¹⁷ <http://www.campus-adr.org/cmher/ReportResources/Definitions.html>

“Haroon akka hin gogne, raachawwan akka hin duune” (Mammaaksa Oromoo)

Kaayyoo

Dhuma leenjicha irratti hirmaattonni dhaadannoo gatii hin qabne isa qaama tokko qofa fayyadamaa taasisu yokaan lachuu isaanii miidhu kan walitti bu’iinsatti geessu mannaa furmaanni waliin taasifamuu fi hunda fayyadamaa taasisu hammam barbaachisaa akka ta’e ni hubatu.

Yeroo kennname

Daqiiqaa 165

Beekumsa ka’umsaa

II. 1. Walitti bu’iinsa hubachuu

Meeshaalee gargaarsaa

Waraqaa irraa barsiisan kan galagalfamu, maarkeroota, kaardota halluu qaban

Duraa fi Duuba

Sadarkaa 1: Tiwori Gaareet Hardiin “Leecalloowwan uumamaa waloo haalaan itti fayyadamuu dhabuu” (“Miidha Leecalloowwan uumamaa waliin haalaan itti fayyadamuu dhabuu”) jedhu dhi’eessuudhaan barumsa yeroo kanaa eegali.

Sadarkaa 2: Gochii hojii Tapha Qurxummii Qabuu (III.2.1).

Sadarkaa 3: Barbaachisummaa gilgaalichaa erga ibsitee booda mudannoo addunyaa mul’atuun wal qabsiisi ibsi.

Sadarkaa 4: Furmaata nama hunda fayyadamaa taasisuu fi faayidaawwan isaa keessa deebi’ii ibsi.

Hayyooni hedduun dhalli namaa uumamaan faayidaa dhuunfaan kan hoogganamudha jedhanii falmu. Hayyoota sana keessa “The Tragedy of the Unmanaged Commons”¹⁸ (Miidha Leecalloowwan uumamaa waliin haalaan itti fayyadamuu dhabuu) tiwori jedhamuu kan beekame Gaareet Hardenidha/ Garrett Hardin. Balballoominni isaa ilaalcha namoonni leecalloo uumamaa irratti qaban irratti kan xiyyeffatedha. Akka inni jedhutti dhalli namaa dhuunfaattis ta’e sadarkaa maatiitti miseensota hawaasaa isaan kaan caalaa faayidaa mataa isaanii daran fayyadamuu amala dhaalame qabu. Itti dabalees qabeenya waloo haala haqa qabeessaa fi mariin guutameen sirni ittiin fayyadaman yoo uumame malee namoonni qabeenya walsaamuu fi irratti wal dorgomuudhaan walitti bu’iinsa keessa yoo seenan lachuun isaanii mo’amuu danda’u. Kaayyoon barumsa kanaa amala namootaa qo’achuu miti. Garuu adeemsa jaarsummaa keessatti qaamoleen lachuu walqixa fayyadamoo, haallii itti tokko qofti fayyadamaa ta’u yokaan lachuun isaanii miidhaman maal nutti hima jennee qorachuu akka dandeenyudha. Marii keenya kana daran akka nuuf jabeessuuf hojii armaan gadii kana eegalla.

¹⁸ Hardin, G (1994)

Kaayyoo


Hirmaattonni amaloota walitti bu'iinsaa hubatanii walitti bu'iinsa tokkoof furmaataawwan adda addaa jiraachuu akka danda'an itti dabalees qaamolee walitti bu'an lachuu fayyadamoo kan taasisu furmaata uumuuf dandeettiwwan barbaachisan gonfatu.

Yeroo kenname Daqiqaa 80/hojiif daqiqaa 35 madaallif immoo daqiqaa 45/

Meeshalee gargaarsaa Waraqaa galagalu kan fakkii qabu, kaardota diimaa fi cuqliisa, maarkeroota

Duraa fi Duuba Sadarkaa 1: Fakkii teessuma lafichaa ibsu fayyadamuudhaan mudannoo sana ibsi

Hawaasawan afur naanno haroo guddaa tokkoo jiraatu turan. Jireenyi isaanii qurxummii qabuu irratti kan bu'uureffamedha. Qurxummii qaban keessaa baay'ee isaa nyaataaf kan fayyadaman yoo ta'u, isa hafe gabaaf dhi'eessanii gurguruudhaan galii dabalataa argatanii galii sanaan immoo gaala bitatu. Kanaan dura kan itti fayyadaman bidiruu diimtuu xiqqoo muka irraa tol famte turte. Kun immoo hawaasa isaanii nyaachisuuf malee oomisha isaanii guddisuu isaan hin dandeessisne. Amma garuu mootummaan /qaamni biraayokis abbaan qabeenyaa/ akkaataa qurxummii ittiin qaban fooyya'aa fi hammayya'aa waliin wal isaan barsiise. Bidiruuwan hammayyaa kun warra duraa waliin yeroo wal bira qabaman dandeettii kiyyeessuu ol-aanaa waan qabaniif fedhii nyaataa hawaasichaa irra darbee gaala isaaniif bituudhaan humna isaanii guddiseef.



¹⁹ Splinter, D & Wüstehube, L (2006)

Sadarkaa 2: Hirmaattota garee afuritti erga qooddee booda bakka bu'aa tokko akka filatan taasisi. Tokkoo tokkoon garee sanaa hawaasawwa haroo sana qarqara jiraatan bakka bu'u. Tokkoo tokkoon garee sanaaf kaardii diimaa tokkoo fi cuqlisla tokko kenni. / Kaardonni sun barruu harkaa keessa dhokfamuu akka danda'anitti xiqaachuu qabu./ Kaardonni diddiimoon sun bidiruuwan moofaa duraan turan kan bakka bu'an yoo ta'u kaardonni cuqiliisni immoo bidiruuwan hammayaa bakka bu'u. Tokkoo tokkoon garee qaama mootummaa hawaasa sanaa akka bakka bu'an hirmaattotatti himi. Akkuma isaaniif mijatettis mootummaa naannoo sanaa yokaan jaarsoliis ta'uu danda'u. Kanaan dura jiraattonni sun jirenya isaaniitti gammadoo /jirenyi isaanii kan isaan ga'u/ akkasumas geggeessitoota isaanii kan kabajan turan. Yeroo dhihoo asitti garuu mormitooni dhufaa akka jiran itti himi. Jiraattonni sun manni barumsaa haaraan, buufata fayyaa fi hojiileen misoomaa kana fakkaatan baay'inaan waan hin jirreef qaama mootummaa isaan bulchu itti gaafatamotoa taasisaa jiru. Kana irraa kan ka'es mormitooni namoota kakaasuudhaan amma jjiiiramatu barbaachisa jedhanii sagalee isaanii dhageessisaajiru.

Sadarkaa 3: Seera taphichaa ibsiif

Kaayyoon tokkoo tokkoon hawaasa sanaa lakkofsa gaalotaa baay'isuudhaan guddina hawaasicha eegsisuudha. Taphichi yeroo eegalu tokkoo tokkoon hawaasawan sanaa gaalota gaalota 15 qabaatu. Miseensonni hawaasicha oomisha qurxummii ga'aa yoo dhaban gaalota sana gurguruudhaan lubbuu isaanii tursiifatu. Kana jechuun immoo sadarkaan dinagdee isaanii waan kufeef mana barumsaa yokaan buufata fayyaa ijaaruu hin danda'an. /Bulchitooni hawaasicha bakka bu'an bidiruu isa kamiin jechuunis isa xiqaaf fi kan aadaa / abbaa kaardii diimaa/ yokiis isa guddaa fi hammayaa'aa /abbaa kaardii cuqiliisaa/n qabuu akka qaban muretessu. Waqtii haaraan yeroo dhufu hunda bidiruu fayyadaman deebi'anii filatu. Tapha kana marsaalee adda addaatti taphachuun ni danda'ama. Marsaawan sunis waqtiiilee adda addaa bakka bu'uu danda'u.

Sadarkaa 4: Qabxiin taphichaa akkamitti akka qabamu waraqaa galagaluu sana irratti ibsi

Hawaasawan sun arfan hundi isaaii bidiruu isa xiqaaf fi kan aadaa sana yoo fayyadaman: hawaasni arfanii qurxummii ga'aa qabuu waan danda'aniif gaala dabalataa tokko bituu danda'u. Kana jechuunis tokkoo tokkoon hawaasaa qabxii tokko /+1/ argata. Haala kanaan hunduu fayyadamaa ta'a jechuudha.


Hawaasni tokko isa guddaa hawaasawan sadii immoo garuu isa xiqaaf yoo fayyadaman: garuu hawaasni kun gaalota hedduu bituu waan danda'uuf qabxii sadii argata. Isaan kaan garuu tokkoo tokkoon isaanii gaala tokko tokko gurguruu qabu /+3/-1/-1/-1 Haala kanaan haall isa tokko fayyadamaa kaan immoo miidhamaa taasisu uumama. Sababni isaas bidiruu hammayaa isa kan aadaa caalaa qurxummii hedduu kiyeeessuu danda'a.

Hawaasawan kama bidiruu isa gurguddaa isaan kaan lama immoo isa xiqaaf yoo fayyadaman: hawaasawan lama tokkoo tokkoon isaanii gaalota dabalataa lama yeroo bitan, hawaasawan isaan kaan garuu tokkoo tokkoon isaanii gaalota lama lama gurguruu qabu. Kanaaf hawaasawan jalqabaa lamaan qabxii lama yommuu argaya isaan kaan immoo qabxii lama dhabu. /+2/+2/-2/-2/. Haala kanaan haalli hawaasa lama fayyadamoo kaan immoo miidhamoo taasisu uumama. Sababni isaa hawaasawan lama bidiruu gurguddaa yeroo fayyadaman oomisha qurxummii sana addaan hiratan illee qurxummii hedduu argatu. Kun immoo hawaasa isaan kaan irratti miidhamaa guddaa qaqqabsiisa.

Hawaasawan sadii bidiruu gurguddaa hawaasni tokko immoo bidiruu xiqaaf yoo fayyadaman: hawaasawan sadan tokkoo tokkoon isaanii gaalota sadii bituu yommuu danda'an hawaasni tokko garuu oomisha qurxummii ga'aa waan hin arganneefsadii gurguruu qaba. /+1/+1/+1/-3/ Haala kanaan sadii fayyadamoo tokko miidhamoo haalli taasisu uumama.

Hawaasawan hunduu bidiruu gurguddaa yoo fayyadaman: arfan isaanii oomisha qurxummii haroo sana keessaa argamu hirachuu waan qabaniif oomisha qurxummii ga'aa hin argatan. Kanarraa kan ka'e tokkoo tokkoon hawaasicha gaala tokko tokko gurguruuf dirqama. Kanaaf hunda isaanii irraa qabxii tokko tokkotu hir'ata. Haala kanaanis haala hunda isaanii miidhutu uumama. Wanti tokkoo tokkoon hawaasaa beekuu qabu gaalonni irraa hir'atan hawaasa qabxii argatuuf kan dabalamana ta'uudha.

Sadarkaa 5: Taphicha eegali. (Hubadhu: Yeroo maree inni tokko isa kaan akka hin jeeqnee fi akka wal hin dhageenyeef tokkoo tokkoo isaanii gidduu fageenyi ga'aan jiraachuu qaba.) Tokkoo tokkoon garee bidiruu itti fayyadamuu filachuuf daqiqa 3 qaba. Mariisisaan akka abbaa murtii ta'uudhaan tokkoo marsaaf daqiqa qabuudhaan to'ata. Daqiqa 3 yeroo guutu mariisisaan hirmaattota gara giddutti waamee barruu isaanii cufamee jiru hamma sadiiiti yeroo inni lakkau' akka diriirsan gaafata. Barruu isaanii yeroo banan bidiruu isaan filatan isa guddaa yokiis xiqqaakka ta'e argisiisu. Haala armaan olitti eerameen akaakuu bidiruu isaan filataniin gaalonni (qabxiwwan) itti dabalamuuf yokiis irraa hir'atu.



Hubachiisa

Gareewwan hunduu garuu bidiruu aadaa /isa hunda fayyadamoo taasisu/ kan filatan yoo ta'e miseensonni hawaasichaa nuffaniiru "Misoomichi baay'ee suuta jedha bidiruuwan hammayyaa sana akkanumaan keessan. Mormitoonni sirriidha jijjiiramni ni barbaachisa namoota amanamtan miti. Misooma jechaa garuu bidiruuwan hammayyaalee hin fayyadamtan fooyya'uun hin feetan" jechaa jirtu jechuudhaan dhiibbaa irratti uumi.

Mariisaan dhiibbaa yoo irratti uume yoo xiqaate gareen tokko bidiruu isa guddaa filachuu jalqaba. Kanaaf taphichi isa tokko miidhamaa kaan immoo fayyadamaa taasisuu eegala. Kana booda taphichi ho'aa dhufa. Yeroo baay'ee inni tokko kana yoo eegale isaan kaanis ni eegaluu. Marsaa muraasa booda hundi isaanii bidiruu hammayyaa sana fayyadamuu waan eegalanii filannoo hunda isaanii miidhamoo taasisu qabaatu.

Marsaa lama yokaan sadif bifa kanaan yoo itti fufan amman hawaasichi akka isaanitti gaddee fi namoonni tokko tokko fincila akka yaadan itti himi. Akka jaarsummaa (hooggantummaa, bulchitummaa) isaanii yeroo fudhatanii akka qo'atan itti himi. Marsaawan muraasa booda adeemsa gareewwan sanaa ilaaluudhaan qanxiisaan qaban beeksisuudhaan kanatti aanee maaltu akka ta'u akka tilmaaman taasisi. Gareewwan isaan kaan wajjin mari'achuu akka danda'an itti himuu dandeessa. Yaadni kun garuu isaan biraa yoo dhufe waan wayyuuf yeroo xiqqoo isaan eegi yeroo baay'ee gareewwan dudubbachuu fi mari'achuu eegaluu isa booda deggersa jalqabuu danda'u. Kanarraa kan ka'es taphicha keessatti walii galuun walii galtee diiguunis mudachuu danda'a. Qabxi baay'ee argachuuf gareen tokko diimaa isa itti walii gale dhiisee kaardii cuqliisa dhi'eessuu danda'a. Kun immoo taphicha irratti muddamaa fi finiina dabala.

Gareewwan sun miira yeroo walii galteen diigamu namatti dhaga'amutu itti dhaga'ama. Isa booda yeroo jalqabaaf furmaata hunda isaanii fayyadamoo taasisu irra akka ga'aniif maree taasisu. Gareen tokko tokko gareen isaan kaan bidiruu aadaatti fayyadamuudhaan furmaata hunduma isaanii fayyadamoo taasisu irra ga'uu danda'u. Yeroo baay'ee furmaata hirmaattota tasgabbeessu irra ni ga'u. Gareewwan hundi kaardii diimaa taphachuu yeroo eegalan waligaltee-wwan kanaan dura taasifamanii fi diigamanis ni irraanfatu. Waliigaltee isaanii utuu hin diigii marsaa tokko yokaan lama yoo taphatan tapha kana achuma irratti dhiisutu filatama. Sababni isaas muddamni hirmaattota gidduu jiru qabbanaa'ee miira gammachuu fi milkaa'inaa keessa isaan seensa.

Yeroo hedduu hirmaattonni jalqaba taphichaa irratti hunduma isaanii kan miidhu yokiis tokko fayyadee tokko immoo kan miidhu furmaata fiduudhaan taphatu. Marsaalee muraasa booda yoo xiqaate gareen tokko mo'amee argina. Ta'ullee garuu isaan kaan mo'amuun (miidhamuun) isaanii jalqaba beekamuu dhiisuu danda'a. Tapha kana ariifachisiuudhaan akkasumas haala hunda isaanii miidhamoo /mo'ato/ taasisu fiduudhaan leenjistoonni gidduu seenuu danda'u.



Sadarkaa 6 : Hunda isaanii fayyadamoo, tokko fayyadee tokko kan miidhu (bu'aa ida'ama zeeroo) fi hunda isaanii kan miidhu jechuun maal akka ta'e ibsiif. Gaaffiilee ijoo itti aanan irratti hirmaattonni akka mari'atanii fi yaada kennan gaafadhu.

- ⦿ Marsaalee hundatti isa hundayuu fayyadamoo taasisu taphattaniitu utuu ta'ee tokkoo tokkoon garee qabxii meeqa argata ture? Deebii: Gareen hunduu qabxii waliigalaa amma qabutti dabalataan argata ture.
- ⦿ Hirmaattonni furmaanni hunda fayyadu hammam barbaachisaa akka ta'e hubatu sababni isaas furmaanni isa tokko fayyadee kaan immoo miidhu deemee deemee hunda kan miidhu ta'a.
- ⦿ Jalqaba taphichaati eegalee hanga dhuma Isaatti furmaata isu hunda fayyadamoo taasisuun hamma dhumaatti itti fufuun maaliif hin danda'amne.
- ⦿ Walitti dhaadachuu fi amanuun maal akka ta'an mari'adhaa. Keessumaa hirmaattonni qabxii baay'ee dhaban bakka buusa tokko malee taphicha akka irra deebi'anii taphatan yommuu taasifamu miirri akkamii akka isaanitti dhaga'ame gaafadhu.

Sadarkaa 7: Hirmaattonni barumsa baratan waraqaa galagaluu irratti akka barreessan gaafadhu. Hubannoo hirmaattotaa guddisuuf qabxiileen itti aanan kun haamatamuu isaanii mirkaneeffadhu.

- ⦿ Walitti dhaadachuu fi dhuunfummaan amala uumama dhala namaa waan ta'anii akka tasaa kan raawwatamanidha. Walitti bu'iinsa keessatti furmaata garee hunda fayyadamaa taasisu fiduuf yeroo tokko tokko of jaallatummaan furmaata sirrii fiduu danda'a.
- ⦿ Jalqaba hirmaattonni of jaallattoota ta'an illee wal tumsuun tooftaa gaariidha.
- ⦿ Adeemsa kana keessatti ka'umsi walitti bu'iinsichaa maal akka ta'e irraanfatamee gaaffiin wal amanuu barbaachisaa ta'aa dhufa.
- ⦿ Kanarraa kan ka'e adeemsicha keessatti hojiileen amantii guddisan itti haamatamuu qabu.

ibsa shaakala hojii qurxummi qabuu

- ⦿ Jalqaba: rakkoo waliin dubbi
- ⦿ amantii dhabuu
- ⦿ Of jaallatummaan hin fayyadu
- ⦿ walitti bu'iinsa madaalamaa hin taane
- ⦿ Furmaatichaaf "hin ta'u"
- ⦿ Qofaa koo dhabuu hin barbaadu
- ⦿ Kufaatii, amanamuun dhabuu, gaabbii,
- ⦿ walitti bu'iinsa, haaloo
- ⦿ falmii hin milkoofne: amanamuun dhabuu

Karaa nagaa

- ⦿ Wantota madaalamoo hin taane tuquu
- ⦿ Sirrachuu, jalqaba nagaa
"waan darbe irraanfachuu

⦿ Yeroo tokko tokko qaamni sadafkaan adeemsicha keessa galuun yaada furmaataa irratti mari'achuuf carraa waan kennuuf barbaachisaadha.

⦿ Haalonni madaallii isaanii yoo hin eegganne jalqaba falmiin isaa dhimma bakka buusaa ta'ee isatti fufee furmaata garee hunda fayyadamoo taasisu irratti ta'a.

Itti aansuudhaan yaadota armaan gadii ibsiif.

- ⦿ Walitti bu'iinsa maaltu akka kakaasu, dhiphinni taphicha yommuu dabalu hirmaattonni maaltu akka isaanitti dhaga'ame gaafadhu.
- ⦿ Hunda fayyadamoo fi kaan fayyadee kaan immoo kan miidhu yaadota jedhan
- ⦿ Faayidaa hooggansaa
- ⦿ Walitti bu'iinsa keessatti faayidaa waliin dubbi
- ⦿ Walitti bu'iinsa walitti dhi'eessuu (conflict transformation) keessatti wal amanuu uumuun, aarrii fi bakka buusni hammam barbaachisoo akka ta'an ibsi. (Gareen tokko baay'ee miidhamee garee biraa immoo tapha fayyadu akkanumaan dhaabuun ga'aa miti. Garuu hunda irra deebi'amee wal-qixa taasisuuf bakka buusa kaffaluun barbaachisaadha.)

Sadarkaa 8: Furmaata garee hunda fayyadamaa taasisu yaalii (muuxannoo) jirenyaa waliin wal qabsiisun barumsicha daran dabala. Walitti bu'iinsi wal fakkaatu jirenya keessan mudateera yoo ta'e hirmaattota waliin irratti mari'adhaa. Hirmaattonni himaa deebii yoo dhaban leenjisichi muuxannoo jirenya mataa isaa yokaan seenaa/fakkeenyaa qopheesee dhi'eessuu qaba. Fakkeenyota armaan gaditti dhi'aatan keessaa tokko fayyadamuu dandeessa.

Walii galtee dhukaasa dhaabuu: qaamonni lama walii galtee dhukaasa dhaabuu irra erga ga'anii booda wal amantaan lachuu isaanii gidduu jiru jabaachaa yommuu deemu walii galtee isaanii itti fufuuf wantota tokko tokko raawwatu. Fakkeenyaaaf, booji'amtoota jijiiruu, sakatta'iinsa daangaa irraa dhaabuu, suuta suutaan meeshaa waraanaa hir'isu /kaardii abbaa diimaa/ taasisu. Kunis gara nageenyatti isaan geessa /hunda fayyadamoo kan taasisu/ garuu garuu lachuu gidduu sodaan ni jira. Sodaan kunis gareen tokko waraanaaf of qopheessuu barbaadee yeroo fudhachaa jiraachuu fi jiraachuu dhabuu isaaf amantii dhabu. Haala icciitiidhaan meeshaa waraanaa kuufatanii lolicha mo'achuuf irra deebi'anii socho'u /abbaa halluu adii. tokko fayyaddee kaan immoo kan miidhu/ dhuma irrattis walii galtee dhukaasa dhaabuu sana dhiisanii sodaa waraanaa keessatti kufu. /Hunda kan miidhu/

Sodaa lafa margaa (kaloo): Maatiin tokko tokko lafti margaa isaan fayyadaman bakka tokkodha. Kunis itti fayyadamaaf salphaa fi mijataa ta'ullee hunduu bakka tokkotti bobba'uu isaan lafti qullaat a'soda jedhu isaan keessatti uumeera. Maatiin kun waliin mari'atanii loon hamma murtaa'an qofa itti bobbaasuudhaan lafichatti yeroo dheeraa fayyadamuu walii galtee irra ga'u. /Hunda fayyadamoo kan taasisu/ Haa ta'u malee hundi isaanii dhoksaadhaan loon hedduu bobbaasuuf qoramuun isaanii hin oolu. /Abbaa halluu adii fayyadami/ sababni isaas isaan kaan walii galticha kabajanii taa'un isaanii isaan waan fayyaduu. /Tokko fayyaddee kaan immoo kan miidhu/ Tokkoo tokkoon maatii qormaata kana damdamatee walii galtee sana jalatti yoo hin haammamatne malee isaan kaanis walii galtee kana diiguudhaan loon sana bobbaasuudhaan laficha duwwaa taasisuu danda'u. /Furmaata hunda miidhu/

Sodaa nageenyaa: Hawaasni tikfattee ta'an lama walii isaanii wal sodaachaa jiraatu. Kunis kan ta'e hawaasni tokko kanaan dura hawaasa isa kaan irratti balaa qaqqabiisee loon hedduu waan jalaa saameef. Dhiphina gidduu isaanii jiru walii galteedhaan tasgabbeessuu mannaa /hunda fayyadamoo kan taasisu/ hawaasni tokko meeshaa waraanaa /kaardii adii fayyadami/ bitachuudhaan of eeggachuu eegale /tokko fayyaddee kaan kan miidhu/. Garuu hawaasni inni biraas meeshaa waraanaa bitachuu eegale. Kanaaf dorgommii meeshaa waraanaa bituu keessa seenu. Hawaasnilechuu maallaqni isaan bittaa meeshaa waraanaaf baasan hammam guddaa ta'ullee ammallee nageenyi itti hin dhaga'amu. /Hunda kan miidhu/

Bu'aalee Dhokattummaa: "A" fi "B"n wiirtuu gabaa ijaaraa jiru. Rakkoolee qaban irratti mari'achuuf walii galtee taasisu. Jaarmayaan "A" kan keessa seenee rakkoolee teeknika yo ta'u rakko kana keessa kan seenee sababa mataa isaan ture. Jaarmayaan "B" immoo dogoggora shallaggii herregaa irraa kan ka'e rakko maallaqaa keessa seeneera. Jaarmayaaleen lachuu waliin yoo mari'atan /kaardii isa diimaa fayyadami/ rakko isaanii haala salphaan furuu akka danda'an ni beeku. Garuu inni tokko isa kaanii dhokataa ta'e /kaardii adii fayyadami/ sababni dhokattummaa issaaniis jaarmayaan tokko jaarmayaanisa biraaf rakko isaa yoo ibse rakko kanatti fayyadamee isa kaan gabaan ala taasisuu akka danda'u sodaan keessa seeneera. /Tokko fayyadamee kaan kan miidhu/ Jaarmayaaleen lachuu rakko isaanii furuu dadhabanii muddama keessa seenaniiru. /Lachuu isaanii kan miidhu/

Hojii Tuuriizimii irratti bobba'uu: Hawaasni lama naannoo tuuriizimiif hawwataa ta'ee fi yoo do'atame bu'aa guddaa fiduu danda'u jiraatu garuu naannoo bu'urri misoomaa hin guutamne ture. Turistoota hawwachuuuf hawaasni lachuun sochii tokkollee yoo hin goone /kaardii adii fayyadami/ lachuun isaanii hin fayyadaman /lachuun isaanii kan miidhu/. Lachuun isaanii leecalloo isaanii yoo itti baasan /kaardii diimaa fayyadami/ lachuun isaanii fayyadamoo ta'u. Haa ta'u malee garuu, hawaasni tokko hawaasni inni kaan leecalloo kan isaa caalu akka itti baasuu fi faayidaa isaa garuu wal qixa akka fayyadaman /tokko fayyaddee isa kaan kan miidhu/ hirachuu yoo fedhe hawaasni inni kaan hawaasa kana irratti amantaa dhabuudhaan lachuun isaanii leecalloo kamuu itti baasuu irraa deebi'u. /Lachuun isaanii kan miidhu/


Gatii Hir'isuu: Biyyoonni sadii gabaa addunyaa irratti albuuda baay'ee barbaadamaa ta'e baasu. Gabaa addunyaa irratti mi'aa ta'uua isaa irraa kan ka'e biyyoonni kun fayyadamoodha. /Hunda kan fayyadu/ Biyyoota isaan kaan caalaa gurgurachuuuf kan biyyoota isaan kaanii irraa gatii xiqqoo hir'isa. /Tokko fayyaddee kaan kan miidhu/ Kana irraa kan ka'e biyyoonni isaan kaan biyya jalqaba gatii hir'ise sana caalaa gatii hir'isuuf dirqamu. Kunis gatiin addunyaa irra jiru akka hir;atu sababa ta'eera. Biyyoota kana sadan irraa kan ka'e warri bitan baay'ee fayyadamoodha. /Hunda kan miidhu/

Hubachiisa Jirenya keenya tursuu fi haala kam keessattuu waan fooya'a argachuu fedhuun amaleeffatamaadha, bu'a qabeessadhas. Keessumaa immoo yeroo walitti bu'iinsi uumamu ni mudata. Kana jechuun immoo nuti yeroo hundumaa fayyadamoo yoo taanu qaamni biraan miidhamaa ta'a jechuudha. /Tokko fayyaddee kaan kan miidhu/ Kanarraa kan ka'e yeroo baay'ee walitti bu'iinsaaf furmaata yommuu barbaannu fedhii isa tokkoo kan guutuu fi fedhii isa kaanii immoo kan miidhu taasisnee dhi'eessina. /Yokaan isa kana yokaan isa sana/ Yeroo walitti bu'iinsaa qaamonni hundi furmaata isa tokko fayyaddee isa kaan miidhu kan barbaadan yoo ta'e dhuma irratti hundi isaanii ni miidhamu. Kunis haala isaan deebi'anii mari'achuu hin dandeenye akkasumas waan argachuu fedhan argachuu hin dandeenye keessa isaan galcha. Yeroo hundaa furmaatawwan hunda fayyaduu danda'an akka jiran irraanfanna. Garuu furmaatawwan hunda fayyadamoo taasisan ni jiru.

III.2.2


Hojii: Furmaata hunda fayyadamo taasisuu danda'u akkamitti uumuu dandeenyä?

- Kaayyoo** Hirmaattotaaf yaadni furmaata hunda fayyadamo taasisuu akka gale mirkaneeffachuu fi gad fageenyaan akka hubatan taasisuuf, kanarraa kan ka'es hirmaanna taasian irratti ilaalchi hirmaattonni qabaniif xiyyeefannoon ni kennama.
- Yeroo kenname** Daqiqaa 60
- Meeshaalee gargaarsaa** Kaardota halluu qabanii fi maarkeroota; fakkii waraqaa irratti kaafame; waraqaa irraa barsiisan kan yaa'uu fi kan irra dhaabatu
- Duraa fi duuba** Sadarkaa 1: "Oduu durii waa'ee harroota lamaa"²⁰ fakkiidhaan deggeramuun itti himi.
Yeroo tokko harroota naannoo tokko jiraatan lamatu turan. Fuula harroota lachuu dura kuusaan cidi kaa'amee ture. Garuu lachuun isaanii fo'aadhaan walitti hidhamanii waan turanii kuusaa cidi sana bira qaqqabuu hin dandeenye. (Seenaan kun hunda isaanii fayyadamo kan taasisu akka ta'e itti himi).
Sadarkaa 2: Fakkii argan irraa maal akka hubatan hirmaattota gaafadhu.
Fakkeenyaa: Harroonni sun lachuu fo'aadhaan hidhamanii turan. Tuullaa cidi fuula isaanii dura isaaniif kaa'ame nyaachuu wal loluutu irra ture. Dhuma irrattis wal loluu dhaabaniif waliin nyaachuu eegalan.
Wanti barbaachisaan seenaan kana sirriitti ibsuu danda'uu qofa miti. Garuu yaadni seenicha irraa hubatan /cidi tokko waliin erga nyaatanii booda isa kaan nyaachuun isaanii/ yaada lachuu isaanii fayyadamo yaasisu dhuma irratti fiduu isaanii beekuun baay'ee barbaachisaadha. Tarii hirmaattonni furmaata hunda fayyadamo taasisu akka ta'e yoo galuufii baate fakkeenyaa harroota sana keessaa tokko fayyadamaa kaan immoo miidhamoo taasisu irra deebiili kenniitii furmaata isa jalqabaa irra kun filannoo fooyaa'aa akka ta'e gaafadhu.



²⁰ <http://www.quaker.org.uk/files/makeamarkforpeace-13activity-sharingourresources-thetwomules.pdf>

Sadarkaa 3: Seenaalammaffaa dhi'eessiif. "Lafti margaa" lafa xiqqoo horsiisee bulaan itti fayyadamaa ture irraa kan ka'e qonnaan bulaa fi horsiisee bulaa gidduutti walitti bu'iinsi jabaan ka'e. /Kaaticha ilaali/ Lafti kun margaaf mijataa waan hin taaneef, horsiisee bultoonni hin fayyadaman turan. Garuu sanyii irraa sanyitti darbaa kan dhufe lafa dhaalaan waan ta'eeef, kabaji isaan lafa kanaaf qaban guddaa ture. Yeroo walitti bu'iinsichi ka'u qonnaan bultoonni sun lafa horsiisee bultootaa sana qotanii jirenya isaanii tursiifachuu barbaadu turan. Garuu qonnaan bultoonni sun heyyama horsiisee bultootaa utuu hin gaafatin lafa dhaala isaanii irra qubatan kana gochuun isaanii walitti bu'iinsa isaanii sadarkaa ol-aanaa irraan ga'e.



Sadarkaa 4: Hirmaattonni yaada furmaataa akka kennaniif haa mari'atan. Maricha booda hirmaattonni furmaata hunda fayyadamoo taasisu dhi'eessuu qabu. Furmaata kana dhi'eessuu yoo dadhaban garuu yaada kana dhi'eessiif. Sababni walitti bu'iinsichi ka'e eenyummaa /horsiisee bultoonni sun dhaala abboota isaaniti/ akkasumas dhimmoota leecalloo umamaati /qonnaan bultoonni sun qonnaadhaan waan bulluuf lafti kun dhimma jiraachuu jirenya keenyaati/. Hawaasi lachuu mataa isaanif utuu hin taane, lafa hawaasa kaanif fayyadu qabataniiru. Horsiisee bultoonni sun lafa kana qonnaan bultootatti yoo kireessan lafa abbootii isaanii irraa dhaalan saamamuu irraa oolu. Akkasumas mirgi abbaa qabeenyummaa isaanii ni mirkana'a. Haaluma wal fakkaatuun immoo qonnaan bultoonni sun lafa isaanii isaaqonaaf mijataa hin taane sana margaaf kireessuu qabu. Haala kanaan hunduu fayyadamoo ta'u /furmaata jara hunda fayyadamoo taasisu/.

Sadarkaa 5: Hirmaattota waliin ta'uudhaan gilgaala waliinii sana gamaggamaa.

Leenjisichi furmaata jara hunda fayyadamoo taasisu erga dhiheessee booda furmaanni kun tokko fayyadee kaan kan miidhu akkasumas furmaata lachuu isaanii miidhuu danda'u waliin garaagarummaan inni qabu maal akka ta'e gaafadhu. Himaattonni irratti mari'atu itti dabalees yaadota furmaataa sana wal bira qabu. Yaadota adda addaa hirmaattonni dhiheessan leenjisichi ni barreessa. Isa booda tapha qurxummi qabuu sana yaadachiisudhaan yaadota yeroo sana ka'an keessa deebi'uu qaba.

Sadarkaa 6: Furmaanni hunda fayyadamoo taasisu kan barbaachise walii galtee dhabuun jirenya hirmaattotaa mudatee yoo jiraate gaafachuudhaan muuxannoo isaanii barumsichaan wal qabsiisuun irratti mari'adhaa tarii yoo hirmaattonni mudannoo hin qaban ta'e immoo muuxannoo jirenya mataa keetii yokaan seenaa ofii kee qopheessite dhi'eessiif.

Yeroo leenjii kanaatti yaadota armaan gaditti eeraman gaafadhu:

- Wal tumsuun gara furmaata hunda fayyadamoo taasisuutti kan geessu adeemsa baay'ee barbaachisaadha.
- Walitti dhaadachuu yeroo baay'ee gudunfaa nama hunda miidhutti geessa.

Qaamoni walitti bu'an jalqaba ejennoo gogaa fi ofii isaanii raawwachuu kan qaban utuu hin taane, qaamni walitti bu'e inni kaan gochuu waan inni qabu qofa calaqqisiisuu jaallatu. Ta'ullee garuu qaamni jaarsummaa taa'u sun jaarsummicha milkeessuuf haalota rakkisoo ta'an keessa darbuun irraa eegama. Kutaa barnootaa itti aanu keessatti waa'ee kanaa gad fageeyaan ni ilaalla.

“ኋርን ከስሩ ወሂን ከጥሩ!”

“Dubbii jalaan bishaan gaarii!” (Mammaaksa Amaaraa)

Kaayyoo	Dhuma barumsa kanaa irratti hirmaattonni garaagarummaa ejjennoo, faayidaa fi fedhii adda baasuu danda'u, ni hubatus
Yeroo kenname	Daqiqaa 180
Beekumsa Ka'umsaa	II. 1. Jaarsummaan maali?, III. 1 Walitti bu'iinsa hubachuu, III. 2. Furmaanni hunda fayyadamaa taasisu maalif barbaachise?
Meeshaalee gargaarsaa	Gabatee waraqaan itti maxxanfamu, waraqaa irraa barsiisan kan galagalu, kaardiwwan hallu qabeeyyii, maarkeroota
Duraa fi duuba	<p>Sadarkaa 1: Fedhii adda baasuun furmaata nama hunda fayyadamoo taasisuun akkamitti gammaduun akka danda'amu argisiisuu walii galtee Kaampi Diivid kan bara 1978 A.L.A dhi'aate. (III.3.1)</p> <p>Sadarkaa 2: Seenaa burtukaanichaa akka fakkeenya lammaffaatti dhi'eessi. (III.3.2)</p> <p>Sadarkaa 3: Moodela qullubbi fayyadamuudhaan fakkeenya walitti bu'iinsa muka maangoo keessatti yaadota ejjennoo, faayidaa fi fedhii jedhaman adda baasii ibsiif. (III.3.3)</p> <p>Sadarkaa 4: Muka jaarsummaa dhiheessi. Gaaffilee ijoo walii galtee akka galteetti fayyadami. (III.3.4)</p> <p>Sadarkaa 5: Fiilmii hirmaachisaa ta'e fayyadamuudhaan gaaffilee ijoo waliigaltee kutaa III 3.5 fayyadamuudhaan ejjennoo irraa gara faayidaa fi fedhiitti akka ce'an gargaaruu mata duree jedhu leenjisi.</p> <p>Sadarkaa 6: Gilgaala hojii isa xafkafoo jedhamu akka hoijetan taasisi. (III.3.6)</p>

Adeemsa jaarsummaa irratti yeroo baay'ee namoonni walitti bu'an dhimmicha irratti yaada isaanii haala miiraan guutameen ibsatu. Yeroo sana ejjennoo walitti bu'iinsicha irratti qaban ibsatu. Yeroo baay'ee walitti bu'iinsi kan uumamu faayidaa fi fedhiin yeroo hir'atudha. Kanarraa kan ka'es jaarsoliif wanti ulfaataan yaada qaamota walitti bu'anii kana keessaa kana adda baasanii beekuudha. Isa boodas namoota kana ejjennoo isaanii gamatti adeemsisuun irraa eegama. Fedhii, faayidaa fi wantota sodaachisoo irrattu xiyyeffachuu ejjennoo warri walitti bu'an irratti mari'achuu hin barbaanne irraa bilisa ba'anii fedhii isaanii irratti akka xiyyeffatan isaan gargaaruu danda'a. Kunis walii galtee yeroodhaan daangeffameen deggeramuun qaba. Walitti bu'iinsa haala itti fufiinsa qabuun tasgabbeessuuf karaan tokkichi faayidaawwanii fi fedhiwwan kun yeroo beekamanii fi ibsam an qofadha. Itti dabalees qaamonni walitti bu'an fedhiwwan isaanii yeroo tarreessan (yeroo baay'ee sodaa irraa kan ka'e ta'ullee) faayidaawwan isaanii duduuba faayidaa hedduu akkasumas fedhiwwan isaanii duduuba yaadota dabalataa heddu walii galtee isaanii keessatti akka haammamatman barbaaduun isaanii karaa al-kallattiin ibsatu. Kanatti fufuudhaan, mareewwanii fi ibsawwan faayidaa fi fedhii isaanii laalchisee jiru raawwachuu kan isaan dandeessisu fakkeenyonnii fi gilgaalonni ni dhi'aatu.

III.3.1

A.L.A bara 1978 kan taasifame walii qaltee Kaampi Diivid /Haala Salphaan kan dhi'aate/²¹

Kaayyoo

Haala hunda fayyadamo taasisuun ejjennoo, faayidaa fi fedhii adda baasuudhaan akkamitti namoota hunda gammachiisuun akka danda'amu argisiisuu

Yeroo kenname Meeshaalee gargaarsaa

Waraqaa irraa barsiisan kan galagalu, maarkeroota


Duraa fi duuba

Sadarkaa 1: Ijoo dhimmichaa akka itti aanutti hirmaattotatti himi.

"A" fi "B"n kallattiidhaan biyyoota ollaa ta'anillee, lafa bilisaa "B" weeraruu isaa irraa kan ka'e (sarara diimaa kaarticha irra jiru ilaali) biyyoonni lamaanuu waraana keessa seenan. "B"n gaaffii naaf deebisii dhiyeessu illee "AB" hin ta'u hin deebisu jedha. Hirmaattonni haala siyaasaa biyyoota lamaanii irratti wal-caalchisa gochuwaan danda'anii hawaasawan kana ibsuun hin barbaachisu, ("A"n Israa'elidha "B"n immoo Gibxidha) garuu kaarticha irratti jalqaba maqaalee adda addaan fakkeenyaaaf "Biyya A" fi "Biyya B" jechuun yoo fayyadamo mariiwan sanatti aanan gaaffilee fedhii fi faayidaa biyyittii irratti kan xiyyeefatan ta'u. Fedhiwwanii fi faayidaawwan kana adda baasuf "gaaffilee maree ijoo (grounding questions)"²² fayyadami. Gaaffilee maree ijoo ilaachisee fula duratti sagantaan kutaa mataa isaa danda'e akka jiraatu hirmaattotaa ibsi.

(Yaadannoo: Hirmaattonni "biyya ol-aantuu ta'uun barbaadu" yoo jedhan "Tole biyya baay'ee ol-aantuu ta'uun barbaadu" kun isaaniif maaliif barbaachisaa ta'e? jettee gaafachuu dandeessa. Fedhii ol-aanaan biyya hin jirree adda bahee erga beekamee boodaakkana isaaniin jechuu ni dandeessa. "Seenaa kana irraa lafichi gammoojji boba'an keessa hin jirre yokaan qabeenyi uumamaa keessatti hin argamnee fi namoonni haalaan keessa jiraachuu hin dandeenyedha." Hirmaattonni fedhii guddaa biyyoota sanaa jedhanii kan isaan dhi'eessan dhimmoota qabeenya uumamaa fi eenyummaa waliin wal qabatan akka ta'e tilmaamuu dandeessa.)

Sadarkaa 2: Hirmaattonni furmaata hunda fayyadamo taasisu jedhanii filannoowwan isaan dhi'eessan waraqaa irratti tarreessii barreessi. Furmaataawwan hunda isaanii fayyadamo taasisan isaan kanadha jedhanii erga tarreessanii booda biyyoonni sun Gibxi fi Israa'el ta'uun isaanii itti himi. Dhimma kana irratti furmaata hunda isaanii fayyadamo taasisudha jedhamee kan kaa'ame naannoo waraana irraa bilisa ta'e hundeessu yoo ta'u "B"n jechuunis Gibxi faayidaa ishee kan ta'e ol-aantummaa ishee kabachiisu yommuu dandeessu "A"n jechuun Israa'el immoo faayidaa nageenya ishee kabachiifatti.




²¹ Walii qalteen kun walikatee Kaamp Daaviidii jedhamee beekama. Kunis adeemsaa jaarsummaa keessatti haala addan baafachuuf fakkenya keenamee keessaa isa fooy aadha. Mariin walitti bu uinsi Israa'elii fi Misir qidduu lure kan bara 1978 A.L.A jaarsummaa ta anii walitti fidan preezidaantii Ameerikaa duraanii Jimii Kaarlar/ Jimmy Carter turan.

²² Fulu 39 Kutaa III 3.4 Ibsa fi Gaaffii ka umsaa mariif ta u fiixee Muka Jaarsummaa isa jaedhu ilaalaa.

III.3.2

Fakkeenya Burtukaanichaa²³

Kaayyoo	Furmaata hunda fayyadamoo taasisu fayyadamuudhaan ejjennoo, faayidaa fi fedhii akkamitti adda baasuun akka danda'amuu fi qaamota walitti bu'an hunda gammachiisuun akka danda'amu argisiisuu.
Yeroo kenname	Daqiqaa 20
Meeshaalee gargaarsaa	Waraqaa irraa barsiisan kan galagalu, maarkeroota
Duraa fi duuba	<p>Sadarkaa 1: Seenaa burtukaanichaa hirmaattotaaf dhi'eessi.</p> <p>Guyyoota keessaa gaaf tokko Abbaan ijollees isaa lachuu kan Bileenii fi Abdii (Salphaamatti "A" fi "B" jechuu dandeenya) jedhamaniif burtukaana bareedaa tokko kennaaf. Ijoolleen lachuu "burtukaanichi kan kootii naaf kenni" jedhanii iyuu eegalan. Iyyi isaaniis gara lolaatti jijiirama. Abbaan isaanii lola sana akkamitti furuu akka danda'u xiinxaluu eegale. Yaadota adda addatuu dhufef.</p> <p>Sadarkaa 2: Hirmaattota sana lola sana akkamitti akka qabbaneesson yaada furmaataa akka kennan gaafadhu furmaanni lachuu isaanii fayyadamoo taasisu maali?</p> <p>Yaada hirmaattotaa waraqa irratti barreessi. Yaandonni isaan kennan isaan armaan gaditti tarreeffaman keessaa tokko ta'u danda'u. "Walakka walakka akka hirmaatanifi bakka lamatti quoduu"</p> <p>"Burtukaanichi mucaa isa angafaaf mala."</p> <p>"Nama dursee burtukaanichi kan kooti jedheef mala."</p> <p>"Lamaan isaanii iyuu isaan hin barbaachisu"</p> <p>Sadarkaa 3: Yaadota furmaataa hirmaattonni kennan sana xiinxali.</p> <p>Furmaatawwan kun hunda kan miidhan moo tokko fayyadanii kaan kan miidhanidha? Tarii furmaata hunda fayyadu ta'u danda'u. Hirmaattonni jalqabatti yaada furmaataa hunda fayyadamoo taasisu dhiheessuu dhabuu danda'u. Mee yaada furmaataa isa jalqabaa haa qorannu. "Walakka walakka akka hirmaatanifi bakka lamatti quoduu" Kun tooftaa karaa adda ittiin walitti araarsan amaleeffatamaadha. Araarsun (compromise) yaada firmaataa lachuu isaanii fayyadu jedhamee lakkaa'amuu danda'a. Karaan kun karaa lachuu isaanii dhowwatudha sababni isaas lachuun isaanii walakka walakka argatanillee walakka walakka immoo dhabaniiru kanaaf inni tokko qooda isa guddaa yoo argate inni kaan immoo isa xiqqaa kan argatu waan ta'eef adda baasuun furmaata isa tokko fayyadee kaan immoo miidhudha.</p> <p>"Burtukaanichi mucaa isa angafaaf mala." (Tokko fayyadee kaan kan miidhu)</p> <p>"Nama dursee burtukaanichi kan kooti jedheef mala." (Tokko fayyadee kaan kan miidhu)</p> <p>"Lamaan isaanii iyuu isaan hin barbaachisu" (Lachuu isaanii kan miidhu)</p> <p>Sadarkaa 4: Tapha qurxummi qabuu (III.2.1) yaadachiisuudhaan waa'ee faayidaa fi fedhii hirmaattota gaafadhu.</p>



²³ Fakkeenyi kun Fisher, R & Ury, W (1981) yeroo hedduu leenjii walfakkaataa irratti ni tuqamaa.

Hirmaattonni yaadota isaanii akka dhi'eessan taasisi yaada ka'umsaas kenniif "Bileenii fi Abdii fedha akkamii akka qaban yoo isaan gaafanneehoo/ Lachuun isaanii burtukaanicha kan barbaadan sababa maaliif?" Yaadota furmaataa hirmaattonni kennan waraqaa irratti barreessi. Isa booda deebii isaa itti himi. Bileen burtukaanicha fudhattee qola isaan keekii hojjechuu yommuu feetu Abdiin immoo burtukaanichaan cuunfaa hojjechuu fedha. Dhimma kana irratti hirmaattonni yaada furmaataa hunda fayyadamoo taasisu akka dhi'eessan gaafadhu.

Sadarkaa 5: Barumsicha keessa deebi'uuf hiikawwan armaan gadii waraqicha irratti barreffachuu dandeessa.

- ➲ Eijennoo: Walitti bu'iinsi yeroo uumamu qaamonni walitti bu'an dhimma dhuunfaa kooti jedhan kan dhi'eessan yaadota wal faallessanidha.
- ➲ Faayidaa: Yeroo walitti bu'iinsaa qaamonni walitti bu'an kaka'umsaa fi waan isaan barbaadan isa dhugaa kan eijennoo isaanii irraa maddu yoo ta'u
- ➲ Fedhii: Yeroo walitti bu'iinsaa qaamota walitti bu'anif wantota barbaachisoodha wantonni kun dhimmoota dhala namaaf barbaachisoo ta'an kanneen akka nageenyaa, eenyummaa, hawaasaa ta'u danda'u. Dhimmoonni kun qaamonni walitti bu'an falmiif kan hin dhi'eessine fedhiiwan bu'uuraa eeraman irratti kan xiyyeffatan dhimmoota murteessoodha.

Hubachiisa

Tarii hirmaataan tokko "Bileen Abdii irratti ol-aantummaa qabaachuu feeti" yokaan "Abdiin akka Bileen burtukaanicha hin arganne waan fedhuuf qofa" jedhanii yaada yoo dhiheessan sadarkaa hariiroo ijollee lachuu dhiheessuu dandeessa. "Dhimmichi kana taanaan yoos walii galtee dhabuun sun kan uumame sababa burtukaanichaaf miti hariiroo isaan qabaniif malee. Akka jaarsaatti dhimma kana jaarsummicha keessatti haammachiisu qabda." Itti dabalees moodeloota ergaa Shuulzi Voonti/ Schulz von Thun argisiisu dandeessa.²⁴

Seena kana fooyyessuu yokaan seena biroo ija bunaa jedhuu dhiheessuu dandeessa. Seena kana keessatti furmaanni hunda isaanii fayyadamoo taasisu inni tokko ija bunaa sana yommuu barbaadu inni kaan immoo qola isaa irraa shayii hojjechuuf qolicha barbaada. (Seenaan kun tarii Itoophiyaa keessatti fakkeenya gaarii ta'u danda'a.) Fakkeenyota kana erga dhiheessitee booda hirmaattonni shaakalawwan eijennoo, faayidaa fi fedhii hordofaniin sirreeffamuu qaba.



²⁴ Kutaa III.6.1 Walitti dhufeeyna fi Shuulzi Voonii Zuun/ Schulz von Thun erqaa moodeela qam-afure isa jedhu fuula 59 irraa ilaalaa.

III.3.3

Hojii: Fakkeenya muka maangoo keessatti moodela qullubbii fayyadamuudhaan ejjennoo, faayidaa fi fedhii ibsuu

Kaayyoo

Hirmaattonni moodela qullubbii fayyadamuudhaan ejjennoo, faayidaawwanii fi fedhiwwan qaamota walitti bu'anii adda baasuu fi qorachuu danda'u.

Yeroo kenname Meeshaalee gargaarsaa

Daqiqaa 60

Waraqaa irraa barsiisan kan galagalu, maarkeroota

Duraa fi duuba


Sadarkaa 1: Muka maangoo irraa kan ka'e walitti bu'iinsa namoota lama gidduutti uumame fakkeenyaan dhiheessi. (Fakkii akka fakkii armaan gadii kana fayyadami) Seenicha akkana jettee dubbachuu dandeessa. "Sababa muka maangoon walitti bu'iinsa namoota lama gidduutti uumamen isinitti hima. Namoonni kun hiriyyoota koo natti dhihaatanidha. Dhimmi isaanii dhimma kooti. Dhimma isaanii furuu akka danda'u akka isin na gargaartanin barbaada.

Hiriyyaan koo tokko Musee jedhama. Horsiisee bulaadha. Hiriyyaan koo inni biraan immoo Addaam jedhama. Inni immoo qonnaan bulaa muka maangooti. Rakkoo daangaa naannoo sana irratti ka'een baqa-chuuf kan dirqame Museen muka maangoo walitti bu'iinsa kanaaf isaan saaxile kan dhaabe isa ture. Bakka itti baqatee turee gara manaatti yeroo deebi'u qonnaan bulichi oomisha muka maangoo irraa argame sassabee itti fayyadamuu isaa arguutti hin gammadne. Maangoo waggoota 8 dura qonnaan bulichaan dhaabamee ture kana qonnaan bulichi bishaan obaasaa fi kunuunsa tureera. Lamaan isaanii iyuu muka maangoo sana akka qabeenya dhuunfaa isaaniitti ilaalu. Qonnaan bulichi oomisha maangoo irraa argatu sana sassabbachuu yoo itti fufe horsiisee bulichi mukicha akka muri itti himnaan walitti bu'iinsi isaanii dabale. Qonnaan bulichis oomisha maangoo sanaa akka hin sassaabbanne yoo dhorke gara lolaatti akka naanna'u dubbata. Itti dabalees horsiisee bulichi bakkicha irraa yeroo dheeraaf fagaatee turuu irraa kan ka'e muka maangoo sana ilaallatee gaaffii abbaa qabeenyummaa kaasuun irraa hin eegamu jedhee falma."

Hubachiisa

Yeroo seenicha itti himtu:

- Ibsa qaamaa barbaachisaa fayyadami.
- Mallattoo fulaa fayyadami.
- Yaa'iinsa sagalee miira namaa harkisu fayyadami (Garuu sagalee iyuu hin ta'iin).
- Seenicha akka mataa keetti taasisuun "ani" jechuudhaan dhiheessi.
- Himoota ifaa fi gabaaboo fayyadami.
- Haasaa kee keessatti ofitti amanamummaan haa mul'atu.
- Gaaleewwan ijoo ergaa ati dabarsituuf ta'an fayyadami.



25 Gamlaa walitti bu insaa altokko tokko (Conflict Layer Model) jedhamee isa waamamuu moodeela bifa shunkurtii Leonhard. M (2001) fuula 66 irraa ilaalaa.

Sadarkaa 2: Armaan gaditti akkuma kaa'ame haala eijennoo, faayidaa fi fedhii argisiisuun moodelii jaarsummaa sana waraqaal galagalu irratti barreessuun akkamitti fayyadamuu akka danda'amu ibsi.

Sadarkaa 3: Hirmaattonni eijennoo, faayidaa fi fedhii Murteessaa fi Calchisaa haa tarreessan.

Eijennowwan isaanii:

Murteessaa: "Mukti maangoo kun kan kooti. Anatu obaase kunuunses. Museen waggoota 8 booda dhufee naaf mala jechuu hin qabu."

Calchisaa : "Mukti maangoo kan kooti. Kan dhaabe anadha lafa akaakayyoota koo irratti guddate. Addaam muka koo fi lafa koo gad naaf haa dhiisu."

Faayidaawan isaanii:

Murteessaa: Mukicha galii argachuuf itti fayyadama

Calchisaa : Mukichi kan guddate lafa dhaalaa irratti waan ta'eef abbaan lafichaa isa akka ta'e akka isaaf beekamu fedha.

Fedhiwwan isaanii:

Murteessaa: Jireenyi isaa galii muka maangoo kana irraa argamu irratti hundaa'ee jira. Sanaan ala jiraachuu hin danda'u.

Calchisaa : jirenyi isaa loon horsiisuu irratti kan hundaa'e waan ta'eef laficha margaaf itti fayyadama.

Sodaawwan isaanii

Murteessaa: Calchisaan akka ani mukicha maangoo sanatti hin fayyadame na dhorka jedhee sodaata.

Calchisaa : lafichaa fi marga sana nan dhaba jedhee sodaata.

Sadarkaa 4: Barumsa waraqaan barumsaa sana irratti kennname keessa deebihuudhaan kutaa barnootaa sana xumuri.

- ⦿ Hirmaattonni fakkeenyichaa fi moodelicha hubachuu isaanii gaafadhu.
- ⦿ Duubdeebii fi yaada akka itti kennan gaafadhu,
- ⦿ Yaada isaan kennan ajaa'ibsiifachuudhaan hojiwwan kee gudunfi.
- ⦿ Fedhiwwanii fi faayidaalee lachuu isaanii kan eegsusu yaadni furmaataa maal akka ta'e gaafachuudhaan filannoowwan furmaataa adda addaa fudhadhu.



III.3.4

Gaaffiilee walii qaltee ijoo (Grounding Questions) muka jaarsummaa fayyadamuu

Kutaa barumsaa kanatti hirmaattonni yeroo walitti bu'iinsi uumamu namoonni walitti bu'iinsicha akkamitti akka keessummeessan baratu. Ejennoo muka jaarsummaa sana akka fakkeenyatti fayyadamuudhaan jaarsoliin qaamota walitti bu'an sana akkamitti ejennoo isaanii irraa gad buusuu akka danda'an kunis ejennoo isaanii irraa gara faaysaa isaaniittii fi fedhii isaaniittii kan isaan ceesuu gaaffiilee walii galtee ijoo waliin wal baru.

Hojil: Gaaffiilee walii qaltee ijoo akkamittii fi maaliif itti fayyadama?

Kaayyoo

Hirmaattonni gaaffiilee walii galtee ijoo fayyadamuudhaan qaamota walitti bu'an ejennoo isaanii irraa faayidaa fi fedhii isaaniittii ceesuu akkamitti akka danda'amu baratu.

Yeroo kenname Meeshaalee gargaarsaa Duraa fi duuba

Daqiqaa 30

Waraqaa barumsaa gala galu; maarkeroota

Sadarkaa 1: Fakkii iddo dhaabannoo ol-aanaa muka irra jiru kaasiitii haalota fakkicha irra jiran ibsi. Yeroo baay'ee yeroo walitti bu'iinsi hin uumamnetti namoonni lafa waloo isaanii irratti wal argu. Hariiroo gaarii waan qabaniif waa'ee sodaa, fedhii fi hawwiisaanii haasa'u. Garuu walitti bu'iinsi yeroo uumamu yokaan hammaataa deemu hariiroo gaariin isaanii kun ni hir'ata. Yeroo kun ta'u namoonni iddo dhaabbii ol-aanaa isaaniittii xafxafoon waan ol ba'an fakkaatu. Bakka sanatti yeroo ba'an immoo gaaffii naaf malaa isaanii yokaan himanna Isaanii dhiheessun ejennoo isaanii calaqqisiisu. "Maangoon kun kan kooti nan barbaada" yokaan "Ati hattuudha" waliin jedhu.

Walii galtee dhabuun sun cimaa yommuu dhufu qaamonnii walitti bu'an sun haala kamiinuu ejennoo isaanii kan hin jijjiirree fi mariif kan hin dhiheessine fakkaatu. Lafa waloo isaanii kan isaan jedhan sun amma hin argamu ittumaayyu tokko isa tokko waliin waan walitti hin dhi'aanneef wal irraa fagaataniiru. Kanaa booda faayidaa fi fedhii mataa isaanii beeksisuun hin danda'an. Mee qalbii keessan keessatti yaadaa inni tokko muka kana irraa inni kaan immoo muka sana irraa iyyu. Kanarras darbee xafxafoo ittiin gara iddo ol-ka'aa isaaniittii bahan sana buusaniiru. Namoonni kun tasuma lammaffaa waan wal arguu dandahan hin fakkaatan. Namoonni kun kaka'umsa mataa isaanii xafxafoo isaanii irraa bu'uu waan hin dandeeyef jaarsoliin araaraa lafa kan waloo Isaanii ta'etti gad isaan buusuuf yaalu. Kanarraa kan ka'e yeroo baay'ee jaarsoliin yeroo walitti bu'iinsaa guddaa kanatti giddu seentota (intervene) jedhamu. Kun akka mukicha irraa bu'uu salphachuu baatus garuu waan hin danda'amne miti.

"Ni barbaanna..."

Ejennoo



"Sirra jira..."

Faayidaalee
Fedhiwwan
Sodaawwan
Miirawwan

Lafa waloo



Sadarkaa 2: Gaaffiilee walii galtee ijoo beeksiuu.²⁶

Jaarsoliin qaamota walitti bu'an iddo ol-ka'aa isaan jiran irraa buusanii lafa waloo isaanii irra akka taa'an taasisuuf gaaffiilee adda ta'an fayyadamu. Gaaffiileen kun gaaffiilee walii galtee ijoo jedhamu. Gaaffiileen walii galtee ijoo kun qaama saaxilamtootaa ilaalcha isaanii (perspective) jijjiiranii gara faayidaawwanii fi fedhiwwan isaaniitti deebisuuf lafa waloo isaanii irratti ammas deebi'anii hariiroo isaanii akka haareessan isaan gargaara.

Gaaffiilee walii galtee ijoo

- Siif wanti baay'ee barbaachisaa ta'e maali?
- (Kun yoo ta'e) wanti fooya'aa maaltu si mudata?
- Kun siif gaarii/hamaa kan ta'e maaliif?

Amaloota gaaffiilee walii galtee ijoo

- Gaaffiileen walii galtee ijoo dhiibbaa uumuu danda'u.
- Jaarsoliin qaamota walitti bu'an keessaa tokko yommuu gaafatan inni tokko yeroo itti gaafficha xiinxalu qabaata.
- Gaaffiileen walii galtee ijoo qaamni tokko yaada isa kaanii ifatti hubachuu dandeessisa.
- Qaamolee lachuu gidduutti wantonni kan waloo ta'an jiraachuu danda'u. Wantonni kun fuula duraaf furmaata fiduuf akka ka'umsaatti gargaaru danda'u.
- Qaamonni walitti bu'an adeemsicha keessatti daran ifa ta'u.
- Furmaatawwan itti aananiif kan fayyadan akka lafa waloo kan ta'u waliigalteewwan argamuu danda'u.
- Gaaffiileen walii galtee ijoo fedhiwwan dhokatoo qaama lachuu hubachuuf gargaaru.
- Filannoowwan furmaata gaarii fidan irratti xiyyeffachuu dandeessisu.
- Jaarsi yeroo jaarsumaa gaaffiilee ijoo fayyadamuudhaan dubbi qaatma lachuu gidduu yoo seene illee namoonni walitti bu'an sun itti hin gaddan.

²⁶ Gaaffii mariif ta anu jechii jedhuu kan inni jalqaba faajidaa irra oo lee Imidiisiyo Baliniitti/ Inmedio Berlin wayita ta u. ka umsa walitti bu insaa dhimmoola ta an. ejjannoowwan dhokataa faajidaawwan fi hawwii dhokataa baruuf kan nama qarqaaraniidha.

III.3.5

Gaaffiilee walii galtee ijoof fayyadamuudhaan eijennoo irraa qara faayidaa fi fedhiitti akka cehan qarqaara

Gaaffiilee walii galtee ijoof fayyadamuudhaan jaarsummaaf itti fayyadamuu fi gara hojiiitti hiikuun salphaa fakkaachuu dandaha. Ittumaayyu baay'ee wal xaxoo ta'uun isaanii irraa kan ka'e gaaffiilee kana qopheessanii kaa'uuf ogeessa jaarsummaa leenjii fudhate barbaachisa. Kanaaf gilgaalawwan armaan gadii kana hirmaattotta waliin hojjedhu.

Kaayyoo Hubannoo hirmaattonni waa'ee gaaffiilee walii galtee ijoof qaban ni dabala. Shaakala isaaniinis hojjechuu danda'u.

Yeroo kenname Daqiqaa 30 /madaallii dabalatee/

**Meeshaalee
gargaarsaa
fi namoota
barbaachisoo** leenjisaa lama, leenjii'aa lama, teessuma sadii, meeshaa akka riimoot kontirooliitti tajaajilu, gabateewwan waraqaan itti maxxanfamu lama, moodela qullubbii fi waraqaan muka iddo ol ka'an jaarsummaa irra jiru, waraqaan barumsaa kan galagalu, maarkeroota

Duraa fi duuba Sadarkaa 1: Hirmaattonni geengoo uumanii akka taa'an taasisi. Gabatee waraqaan itti maxxanfamu lamaan irratti yokiis keenyan kutichaa irratti moodeloota qullubbii fi muka jaarsummaa sana maxxansi. Tooftaa hojii fiilmii fayyadamuun leenjifamtoota²⁷ hirmaachisuudhaan adeemsa jaarsummichaa bifaa taphaan akka itti aanutti akka taphatan taasisi. Leenjifamtoota keessaa inni tokko jaarsa ta'a. Inni kaan immoo daarektara yokiis qindeessaa fiilmii kan do'attootaaf /hirmaattotta isaan kaaniif/ adeemsi jaarsummichaa akkamitti akka tahu argisiisu ta'a. Adeemsi jaarsummichaa yeroo fiilmichi waraabamu qindeessichi /daarektarichi/ jijiirama amalaa qaamota walitti bu'an irratti mul'atuu fi teeknika (tooftaa) jaarsichi fayyadamu hirmaattottati ifa taasisee argisiisa. Daarektarichi hirmaattonni sun rimoot koontiroolii sana fayyadamuudhaan fiilmicha dhaabani gidduu seenuudhaan adeemsa jaarsummichaa irratti akka mari'atan afeera.

Taphichaaf fakkeenyaa muka maangoo yokaan fakkeenyaa hirmaattonni kanaan dura shaakalan biraa fayyadami. Yeroo walii galtee dhabuun sun jabaachaa dhufe akkasumas yeroo itti qaamonnii walitti bu'an mukicha irraa iddo ol ka'aa jaarsummaa isaanii irratti yommuu ol ba'an argama jiruun eegali. Warri walitti bu'an sunis yeroo jaarsi dhufu yeroo eijennoo isaanii calaqqisiisan jechuudha.

Sadarkaa 2: Akka daarekrerattaa bakka teessumawwan sanaa boca cinaacha sadii kaa'i. Isa booda hirmaattotta keessaa isa tokko akka jaarsaatti hirmaattotta biroo lama akka warra walitti bu'aniitti ta'uun akka taphatanif gara teessumichaatti isaan afeeri. Hundi isaanii teessuma isaanii qabatu. Waa'ee dhimmichaa ibsa gabaabaa kennitee jaarsichi qaamota walitti bu'an lamaan iddo ol-ka'aa muka irra jiran irraa gaaffiilee walii galtee ijoof fayyadamuudhaan laaf waloo isaanii akka gad isaan buusu hirmaattonni taphichaan akka hoogganaman itti ibsiif.

Sadarkaa 3: Jaarsichi qaamonnii walitti bu'an waa'ee walitti bu'insa isaanii akka mari'atan gaafata. Isaanis eijennoo isaanii ni ibsu. Gaaffiilee walii galtee ijoof fayyadamuudhaan jaarsichi faayidaa fi fedhiit qaaqota kanaa baruu yaala.

Sadarkaa 4: Daqiqaa muraasa booda daarekterichi gidduu seenee argamicha dhaabsisa. Daaw'attoota isaa qaamonnii walitti bu'an jijiirraa amalaa akkamii akka fidan keessumaa jaarsichi jijiirraa amalaa akka fidan taasisuun akkamitti akka isaaaf milkaa'e wanti hubatan yoo jiraate gaafadhaa.

²⁷ Gilqaallii kun tapha buttaa qa ee kan qabuu waiyaa la u. kan inni jalqaba qinda ee nama Maike van Ueuem (2012) jedhunidha.

Sadarkaa 5: Hirmaattonni waa'ee gaaffiilee walii galtee ijoo waan hubatan erga eeranii booda daarekterichi yaadrimee (concept) gaaffiilee waliigaltee ijoo gad fageenyaaan beeksisee baay'inaan hojji irratti warra itti fayyadamaa jiran waraqaan irratti galagalchuudhaan gabaticha irratti maxxansa.


Sadarkaa 6: Daarekterichi hirmaattonni mataan isaanii karaa jaarsichaa namoonni walitti bu'an gaaffiilee waliigaltee ijoo akka gaafatan afeera. Kun daqiqaa muraasa keessatti deddeebi'amee hojjechuu danda'a.

Sadarkaa 7: Hirmaattonni wanta taphicha irratti dhi'aate irratti erga mari'atanii booda walitti bu'iinsichaaf furmaata barbaadu.

Sadarkaa 8: Daarekterichi barumsa hirmaattonni taphicha irraa baratan yaadannoo isaa irratti qabata.

Hubachiisni

Kee karaa barumsaa hirmaachisaa ta'e kan hirmaattota 10 hanga 15 qaban gareewwan adda addaa uumuudhaan hojetamuu danda'a.



Fuula itti aanu irratti taphni qooda walirraa fudhachuu tarreeffamee jira. Gaaffileen walii galtee ijoo jala muramaniiru.

Murteessaa: Mukichi maangoo kan kooti. Kunuunsaan ture yeroo dheeraas itti fayyadameera.

Caalchisaa: Lakki kan kooti. Anatu dhaabe kanaaf qabeenya kooti.

Murteessaa: Miti mukichi maangoo kan kooti kanaan dura akkuman dubbadhe bishaan obaasee kan kunuunse anadha.

Jaarsichi Murteessaani: Siiif muka maangoo kana fayyadamuun baay ee barbaachisaa kan ta e sababa maaliif?

Murteessaa: Aanaf sababa inni barbaachisaa ta e maangoowwan sana fayyadamee jireenya koo waanan hoogqanuuf.

Jaarsichi Murteessaani: Kana booda muka maangoo kana fayyada-muudhaa yoo baatte waan hamaa maaltu si qunnamuu danda a?

Murteessaa: Hundee jireenya koo fi maatii koo waan ta eef fuula durattii jireenya keenya qeqgeeffachuuf ni rakkamaa.

Jaarsichi Murteessaadhaan: Sirriitti si dhaqgeeffadheera yoon ta e mukti maangoo kun siif akka malu dubbatteelta. Muka maangoo kanatti akka fayyadamtu baay ee barbaachisaa kan taasise maali?

Caalchisaa: Kun ifaadhaa kan dhaabe ana waan ta eef aanaf mala.

Jaarsichi Caalchisaadhaan: Tole ati waan dhaabdeef akka inni siif malu naaf qaleera. Anatu dhaabe jettee akka dubbatu kan si taasise sababni baay ee barbaachisaa maali?

Caalchisaa: Ani abbaa muka maangoo kanaati. Kanan dhaabe itti fayyadamuuf.

Jaarsichi Caalchisaadhaan: Muka maangoo kanatti fayyadamuudhaa yoo baatte waan hamaa maaltu si qunnama?

Caalchisaa: Muka maangoo kana erqan dhaabee booda dirqama lafa koo irraa akkan ka uu fi naannoo kana akkan qad dhiisu taasifameera. Amma garuu maatii koo waliin deebi eera. Kan nuuf hafe kana qofadha. Mirgi koohoo?

Jaarsichi Caalchisaadhaan: Muka maangoo kana yoo fayyadamte wanti foouya aan si mudatu maali?

Caalchisaan: Mirqa koon ittiin kabajadha.

(Hubadhaa: Caalchisaan ejennoo isaa jijiiraa jira. Jaarsichi irra deddeebi ee qaaffiilee walii galtee ijoo adda addaa fayyadamuudhaan jechoota isaanii wal jijiiruudhaan fayyadama.)

Jaarsichi Caalchisaadhaan: Mirqa abbummaa kee yoo dhabde sodaan kee maali?

Caalchisaa: Qabeenya horanne hunda dhiisnee akka deemnu haalonni nu dirqisiisanii turan muka maangoo sana dhabeen keenya waan nu argisiisi qaba. Bor immoo qutummaa qabeenya keenya fi lafa keenya dhabna. Tarii sana booda immoo ammas ni ari atamna ta a.

Jaarsichi Caalchisaadhaan: Akka dubbatte sodaan kee lafichaa fi qabeenya kee irraa akka hin buqqaanedha. Kun siif maal jechuudha?

Caalchisaa: Kana jechuun waan hedduudha mana kan hin qabne taana. Waan nu hirkisu hin argannu. Ni salphanna ana qofa utuu hin taane maatii koo fi qutummaa sanyii koon arrabsiisa.

Jaarsichi Caalchisaadhaan: Galatoomi sirriitti si hubadheera yoon ta e kan ati sodaatte sanyiin kee akka hin arrabsamnedha. Amma immoo Murteessaaan qaadadha.

Jaarsichi Murteessaaan: Muka maangoo kanarrraa akkamitti fayyadamt?

Muka maangoo sana fayyadamuudhaa yoo baatte sodaan kee maali?

Murteessaa: Yeroo dheeraaf muka maangoo kanarrraa fayyadameera. Muka kanatti fayyadamuudhaa yoon baadhe qalii hin argadhu. Mirqa abbummaan muka maangoo kanarrraa qabun dhaba.

Jaarsichi Murteessaaan: Mirqa abbummaa jechuun siif maal jechuudha?
Yoo dhabdeehoo?

Murteessaa: Jireenya keenyaaf qalii argachuuf filannoonttokkichi qabnu muka maangoo kanadha. Inni yeroo dheeraaf naannoo kana waan hin turreef nuti maangoo kana ni barbaanna. Utuu ani hin obsaasne hin kunuunsines ta ee silaa maal ta a ture? Akkanatti quddachuu hin danda u ture. Yeroo kana hundumaatti maangicha obaasuu koo fi kunuunsu koof sin galateeffadhallee hin jenne.

Caalchisaa: Sirriidha! Garuu utuu hin dhaabiin mukti maangoo hin jiru.

Jaarsichi /yadaa lachuu isaanii qudunfa/: Galatoomaa. Murteessaa akkan si hubadhetti yoo ta e lafaa fi qabeenya koon dhaba sodaa jedhu qabda. Kana yoon dhabe immoo maaliinan jiraadha kan jedhudha sodaan kee.

Jaarsichi /qara Caalchisaatti naanna ee/: Caalchisaa mukichi maangoo sun mallattoo atii fi maatiin kee as jiraachuu fi qabeenya keessanii akka ta e yeroo dubbatu dhaga eera. Akkasumas Murteessaa atis jireenyi koo kan hundaa e muka kanaan walqabateeti yeroo jettu dhaga eera maatii kee nyaachisuu mukicha maangoo barbaadda. Siif gaaffii tokkon qaba. Murteessaan yeroo kana hundumaa bishaan obaasuu isaaf maaltu sitti dhaga ama?

Caalchisaa: Eyyee maangichi akka quddatuuf qumaacha quddaa taasiseera.

Murteessaa: Anis mukicha maangootti fayyadamuun barbaada. Yoo addaan hiranne natti tola. Muka kana waan dhaabdeef anis sin galateeffadha.

Caalchisaa: Hoomaa miti. Mukicha bishaan waan obaasteef baay een si galateeffadha. Anis waanan muka maangoo kanaaf qodhe amma waan naaf fudhatte natti fakkataa. Mirqa abbummaa koo fudhattee naaf mirkaneessiteelta. Kanaaf sababoota kee irraa deebe ee qo achuun qaba. Waan ani muka kanaaf qodhe akka ati naaf beektuun fedha.

III.3.6

Gocha: Xafxficha²⁸

Kaayyoo	Hirmaattonni gaaffiilee walii galtee ijoo qopheessanii dhiheessuu irratti dandeettii qaban guddisuf akkasumas akkasumas barbaachisummaa gaaffiilee sanaa gad fageenyaan akka hubatan taasisuu.	
Yeroo kenname	Daqiqaa 30	—
Meeshaalee gargaarsaa	Kaardiwwan hallu qabeeyyii boca adda addaa qaban, maarkeroota	—
Duraa fi duuba	<p>Sadarkaa 1: Kaardota sanatti fayyadamuudhaan lafa irratti fakkii "xafkafoo" kaasuudhaan /fakkicha ilaali/ fiixee xafxficha gamtokkoo irra "iddoo olka'aa jaarsummaa" fiixee isa kaan irratti immoo "lafa waloo" kan bakka bu'u fakkii yokaan kaarsii itti godhi.</p> <p>Sadarkaa 2: Daqiqaa 5f hirmaattonni "gara iddo ol-ka'aa jaarsummaa" akka dhufan afeeri. Kana jechuunis namoonni walitti bu'an yeroo itti walitti bu'iinsi isaanii cimetti kan beekan yokaan seenaa ofii qooddatan hubadhaa. Namoonni kun fiixee mukichaatti ba'anii haala itti awwaaltan yaadadhaa.</p> <p>Sadarkaa 3: Seenicha akka hiran hirmaattota gaafadhu. Nama seenicha dhi'eessuuf heyyamamaa ta'e lafa kutichaa irra kan jiru fakkii xafkafoo dhuma irra ta'uudhaan iddo jaarsummichaa ol-aanaa irra dhaabachuudhaan ejjennoo qaamota walitti bu'anii dhi'eessa.</p> <p>Sadarkaa 4: Hirmaattonni biroon nama seenaa kana dubbatuuf akka jaarsaa ta'uudhaan gaaffiilee walii galtee ijoo fayyadamuudhaan akka gaafatan taasisi.</p> <p>Sadarkaa 5: Gaaffii namni seenaa sana nutti himu gaafatamaa jiru gara fedhii isaa isa dhugaa (gara lafa) kan geessu yoo ta'e xafxficha irraa sadarkaa tokko gad bu'a. Garuu gaaffiileen sun gara ejjennoo isaa (gara iddo ol ka'aa jaarsummaa) kan geessan yoo ta'e sadarkaa tokko ammas ol deebi'a. Gaaffiilee walii galtee ijoo sana hamma lafa ga'anitti itti fufuu.</p> <p>Sadarkaa 6: Shaakala gocha kana irraa argatan gaafathee waan isaan hoijetan madaaluudhaan deebiwwan isaanii waraqicha irratti barreessi.</p> <p>Sadarkaa 7: Gaaffiilee walii galtee ijoo waraqicha irratti tarreeffaman ammas keessa deebi'uudhaan gaaffiileen kun amala akkamii akka qaban hirmaattonni akka irra deddeebi'an taasisi. Amaloota kana irraas iftoomina isaanii, miira kan tuqan ta'uunisaanii fi kan kana fakkaatanidha. Kanaan dura yeroo walitti bu'iinsi uumame gaaffiilee akkanaa fayyadamaniiru yoo ta'e muuxannoo isaanii akka qoodan gaafadhu.</p>	—

Lafa waloo

²⁸ Gilqaalli shakkallii kun obbo Atikitii Daani'eel kan dhiyaateedha.

III.3.7 Fakkeenya Akaayii²⁹

Fakkeenya akaayii (sochii sagalee hin qabne) haala ittiin adeemsa jaarsummichaa hubannudha. Kunis karaa ittiin garaagarummaa ejjennoo fi faayidaa gidduu jiru barrudha. Yeroo baay'ee haasaa /ejjennoo/ hamaa dudduuba faayidaawwanii fi sodaawwan dhokatoon adda addaa jiraachuu isaanii argisiisa.

Haalli ejjennoo hamaa qaamota walitti bu'anii argisiisu harka wal qabatedha. Abbootii lolaa fakkeessa. Garuu harko wal qabate sun yeroo diriiru ijawwan akaakii lakkooftsa adda addaa qabantu keessaa argamu. Fakkeenyi kunis kan argisiisu ejjennoo dhokataa "keessa" fedhiwwan, miirawwanii fi sodaawwan adda addaa akka argamanidha.

Adeemsa jaarsummaa keessatti qaamonni walitti bu'an jalqabatti fedhii isaanii ifa taasisu. Jaarsichis gaaffiilee filannoo fayyadamuudhaan isaan hubachuu danda'a. Itti fufuudhaanis qaamonni kun yaada isaanii sassaabbatanii dhimmicha irratti mari'atu. Sadarkaa sadaffaa irratti qaamonni kun (isa duraan dhokatee ture) fedhiwwan isaanii ibsu. Jaarsichi lamaan isaanii gidduutti wal hubannaan akka uumamuuf isaan gargaaraa qaamni lachuu inni tokko fedha qaama isa kaanii hubachuuf yoo xiqlaatee xiqlaate gorsuuf yaala. Dhuma irrattis hubannoo waliiin uuman irraa kan ka'e furmaata barbaaduuf fedhiwwan isaanii tokko tokko akkasumas fedhiwwan qaama bira a sanaa tokko tokko gudunfuu (cuunfuu) jalqabu.



Fakkii 1

Gareen "A" fi "B" fuula walii dura taa'aniiru. Fuulli isaanii kan gudufamee fi barruuwan harka isaanii wal qabatanii jiran ol kaasanii argisiisu.

Kun maal jechuudha?

Namoota kana gidduutti walitti bu'iinsa miti jechuudha. Yeroo wal argan ejjennoo isaanii cimaa fi arraba ibsatu. Harki isaanii wal qabate ejjennoo isaan qaban argisiisa. Ejjennoo qaama isa bira ailaaluu haa turuu miira, sodaa fi abdii mataa isaanii illee ilaaluu dadhabaniiru.

²⁹ Wüstehebe, L (2009)



2



3



4



5



6

Fakkoo 2 fi 3

Jaarsichi qaamota walitti bu'an sana haasofsiisa. Harka isaanii walqabate sana yeroo banan akaayii (ija akaayii) argu. Jaarsummaan sadarkaa kanarra jiru qofaatti taasifamuu danda'a.

Kun maal jechuudha?

Jaarsichi gaaffilee walii galtee ijoo yokaan dandeettiwwan walii galtee isaan kaan fayyadamuudhaan ifa akka ta'aniif (barruu karka isaanii akka banan) gidduu seena.

Jaarsichis ejennoo isaanii fi waan isaan gaafatan caalaa faayidaawwan, fedhiwwanii fi sodaawwan (ija akaayii) irratti akka xiyyeefatan isaan gargaara. Amma tokkoo tokkoon qaama walitti bu'ee faayidaa kan mataa isaa ta'e arguuf carraa argata. Kunis qaama isa kaan hubachuuf sadarkaa jalqabaati. Mataa ofif ifa taasisuu (self-clarification) sadarkaa isa lammafaaf haal-duree mijeessa. Kunis ilaalcha jijiiruudha.

Fakkii 4 fi 5

Namoonni sadanuu teessuma cinaacha sadii taa'aniiru. Yeroo kana jaarsichi qaamota lachuu gidduutti argama. Amma namoonni lachuu wal argu. Amma fuulli isaanii ifeera ijaa fi ijattis wal argu. Darbees amalaaf seequ. Barruuwwan isaaniitti ija akaayii qabatanii inni tokko kaanitti argisiisee waa'ee akaayii qabatanii ibsu. Fakkii 5 irratti immoo akaayii hamma ta'e waliif laatu.

Kun maal jechuudha?

Namoonni kun amma waa'ee faayidaa, miira, fedhii fi sodaa isaanii isa dhokataa (ijawwan akaayii adda addaa) haasa'uuf heyyamoodha. Itti dabalaanis qaama isa biraaxiyyeefannoodhaan dhaggeeffachuuf, hubachuuf akkasumas simachuuf qophaa'aniiru. Jijiirraan ilaalchaa amma dhufuu danda'a.

Fakkii 6

Namoonni lachuu wal haammatu.

Kun maal jechuudha?

Qaamonnii kun erga walii galanii fi ilaalcha isaanii jijiiranii booda kan isaan fayyadu /lachuu isaanii fayyadamoo kan taasisu/ furmaata argachuuf qophaa'aniiru. Garuu wanti hubachuu qabnu waliif galuu jechuun yaada walii fudhachuu jechuu miti. Walii galuu jechuun yaada namicha biraaxiyyeefannoodhaan dhaggeeffachuuf "amala" hamaafis sababoonni dhibbi jiraachuuf danda'u. Dhuma

adeemsa jaarsummichaa irratti qaamoni kun furmaatawwan itti fufiinsa qaban irratti walii galuudhaan hariiroo isaanii fooyessu yokaan haaressi. Walitti bu'iinsichi balleeffameera.

Hamma ammaatti akkuma ilaalle ejennoo, faayidaa fi fedhiqaamota walitti bu'anii hubachuun baay'ee barbaachisaadha. Kanas dhiibbaa keessoo walitti bu'iinsaaf isaan saaxile ittiin hubachuun dandeenya. Kanaaf kana beekanii deebisanii mataa isaaniitti argisiisuu fi furmaatawwan addaa rakkolee isaaniif ta'an akka argataniif gargaaruun baay'ee barbaachisaadha. Garuu jaarsoliin dhimma jara walitti bu'anii barbaadanii argatanii akkasumas qaamoni walitti bu'an miira isaanii calaqqisiisuu qofti ga'aa miti. Jaarsoliin qaamoni kun wal deggersaa fi miira wal deggeruuf qophaa'aa ta'een waliin ta'anii rakkinoota isaanii irratti akka hojjetanii fi ilaalcha isaanii akka jijjiiran adeemsicha qindeessuun irraa eegama. Kutaa itti aanu keessatti tooftaa ittiin kana hojjetan ilaalla.



**“Yoo waligalaan alaa galaan.”
(Mammaaksa Oromoo)**



Kaayyoo Dhuma leenjichaa irratti jijiirama ilaalchaa qaamota walitti bu'an gidduutti mul'atu qindeessuuf beekumsa isaan barbaachisu argatu.

Yeroo kenname Daqiqaa 170

Beekumsa ka'umsaa III.3 3 Ejjennoo, faayidaa fi fedhii

Meeshaalee gargaarsaa Gabatee waraqaan itti maxxanfamu, waraqaan irraa barsiisan kan galagalu, kaardiwwan hallu qabeeyyii

Duraa fi duuba Sadarkaa 1: Gochii hojii isa [namaa fi hantuuta jedhamu dhiheessuu](#) (III.4.2).

Sadarkaa 2: Balballoomin [ilaalcha walitti bu'iinsaa beeksisuu](#) (III.7).

Sadarkaa 3: Barbaachisummaa gilgaalichaa muuxannoo jireenyaa namoota isaan kaanii wajjin walitti firoomsii ibsi.

Sadarkaa 4: [Misooma qonaa](#) (III.7) fakkeenya walitti bu'iinsaa fayyadamuudhaan shaakalawwan hojiin mul'atan dhiheessuu.

Shaakala ilaalcha walitti bu'iinsaaf qabnu jedhu keessatti /III 1.2/ akkuma ilaalle namoonni walitti bu'iinsa sababoota adda addaaf bifa garaagaraan hubatu. Adeemsa jaarsummaa keessatti qaamonni walitti bu'an inni tokko isa kaanif ilaalcha /hubannoo/ akkamii akka qabu akka ibsu gargaaruun baay'ee barbaachisaadha. Shaakalawwanii fi mareewwan walitti fufiinsaan kana booda dhihaatan qaamonni walitti bu'an ilaalcha walii isaaniif qaban akka jijiiraniif akkamitti gargaaruu akka dandeenyu irratti xiyyeffata.

Kaayyoo

Yeroo jaarsummaa dhaggeeffachuu baay'ee barbaachisaa akka ta'ee fi muuxannoo dammaqinaan hordofuu akka qabaatan gochuuf, yeroo haasaa afaan qaamaa, mallattoo kennuu akkasumas haalli fuula keenya hammam gumaacha akka taasisu hubatu.

Yeroo kennname**Meeshaalee
gargaarsaa****Duraa fi duuba**

Daqiqaa 20

Waraqaa irraa barsiisan kan galagalu, kaardiwwan hallu qabeeyyi, maarkeroota

Sadarkaa 1: Hirmaattota bakka sadiitti quodi. Namni tokko akka taajjabduu ta'uudhaan achi fagaatee taa'a. Gareen lachuu fuulaa fi fuulaan wal ilaalaat taa'u. Tokko seenessaa yoo tahu kaan immoo dhaggeefataa ta'a. Tokkoo tokkoon taphichaa marsaa sadii kan daqiqaa sadii fudhatu qabaata.

Sadarkaa 2: Seenessichi seenaa dhuunfaa isaa (waan ittiin boonu tokko) dhaggeeffataatti hima. Marsaa jalqabaatti dhaggeeffatichi waan nuffe fakkaatee dhihaachuu qaba. Yeroo kana godhu jechoota kamuu fayyadamuu hin dandahu. Garuu sochuu qaamaan, mallatoodhaan yokaan fakkeessuudhaan ibsa. Taajjabichi gocha /sochii/arge ni barreessa.



Sadarkaa 3: Marsaa lammaffaa irratti seenessichi seenaa bira /waan isa aarse tokko/ dhaggeeffataatti hima. Yeroo kana dhaggeeffatichi baay'ee xiyyeefannoodhaan garuu haala wanti adda ta'e keessa hin jirreen jechuunis sochii akaakku kamuu utuu hin taasisiin dhaggeeffata. Ammas jechoota kamuu fayyadamuu hin danda'u. Miira kamuu hin argisiisu. Ammas taajjabichi waan hubate ni barreessa.



Sadarkaa 4: Marsaa dhuma irrattis seenessichi seenaa isa jalqabaa fi lammaffaa sana irra deebihee yeroo itti himu miira addaa fi dammaqinaan dhaggeeffata. Ammas taajjabichi waan hubatu barreessa.

Sadarkaa 5: Shaakala hirmaattota sanaa madaali. Jalqaba taajjabdooni sun waan hubatan waraqaa irratti haa barreessan. Lammaffaa miira seenessitonni seenaa sun akkasumas yeroo seenichi dubbatamu miira dhaggeeffatichi qaba ture waraqicha irratti haa barressan.

Sadarkaa 6: Sanatti fufuudhaan barumsa jaarsicha irraa argame irratti mari'adhaa. Dhuma irrattis barumsa shaakala gocha kanaa irraa argame keessa deebi'aa.

Hubachiisa

Dhaggeeffatichi mallattoo kamuu utuu hin argisiisiin yoo hafe yokaan fakkeessee yommuu dhiheessu haasaan isaanii baay'ee utuu hin turiin dhaabata. Yokaan immoo namni seenicha dhaggeeffatu kan biraan isa bira akka jiru ilaalee namichi biraan sunis miira kan isaan wal fakkaatu keessa akka seenetti ilaala.

Walii galtee (communication) dubbiidhaanis ta'e dubbii malee karaawwan ittiin dhaggeeffatamu qaba. Isaan kun adeemsa jaarsummaa keessatti baay'ee barbaachisoodha. Kanaaf karaa barbaachisaa fi sirrii ta'een dubbachuu fi dhagahuu dandahuun jaarsoliif dandeettii bu'uraa fi barbaachisaadha. Dandeettiin kun jaarsummichi haala gaariin akka raawwatamu gumaacha guddaa kan taasisan waan ta'aniif boqonnaan kanatti fufhee argannu dandeetliiwan barbaachisoo jaarsoliin qabaachuu qabanii fi yeroo akkamii akka itti fayyadamaniiif xiyyeefannoo kennee nuuf dhiheessa.

III.4.2

Gocha: Namaa fi Hantuuta³⁰

Kaayyoo

Ilaalcha namootaan keessumaa yeroo walitti bu'iinsaa dhugaa guutuu wanti jedhamu akka hin jirre ilalu. Tokkoo tokkoon mudannoo ilaalcha keenyatti hirkatee jira. Ilaalchi keenya seenaa qabnuu fi muuxannoo arganneen murtaa'a. Itti dabalees qaamni tokko akka tasaa yaadni isa tokkoo yeroo isaa galu yokiis miirichi itti dhagahamee amma naaf galeera jechuudhaan yeroon itti hubatu maal akka ta'e hirmaattonni ni shaakalu. Jijjiiramni ilaalchaa yokiis hubannoo kun sadarkaa itti tokkoo jaarsummaa haala-mijeessuu fi walitti dhiheessuu keessatti jijjiirama murteessaa fidudha.

Daqiqaa 30

Yeroo kenname

Waraqa galagalu, gabatee waraqaan itti maxxanfamu, ispiillii, kaardiwwan, maarkeroota hallu qabeeyyi, fakkii namaa fi hantuutaan kan duraan kaafame /Fakkichi roora A irratti argama/

Duraa fi duuba

Sadarkaa 1: Hirmaattonni toora lamaan teessumawwan isaanii dugdaan walitti galagalchanii lama lamaan taa'u.



Sadarkaa 2: Toora lamaanuu fakkii isa jalqabaa ibsa malee itti argisiisi isa booda kana kanan isiniti argisiise qophii shaakala keenyaa akka nuuf ta'uuf jedhii itti himi. Sanatti fufuudhaan toora jalqabaatti fakkii hantuutaan argisiisi tooricha erga argisiistee booda gara toora isa itti aanuutti yeroo naannoftu hirmaattonni utuu si hin argiin /hin hubatiin fakkii isaanitti argisiistu jijjiirtee fakkii fuulli namaan irra jiru itti argisiisi. Tarii toora jalqabaa keessaa hirmaataan tokko naanna'ee akka hin ilaalle eeggannooodhaan fakkicha gad qabii itti argisiisi.

Sadarkaa 3: Toora lachuutti iyuu fakkii wal fakkaatu argisiisi. Kan itti argisiistu fakkii fuula namaa fi hantuutaan kan irra jiru haa ta'u.

Sadarkaa 4: Hirmaattooni dugda dugdaan taa'an lamaan waliin kobbee tokko qabachuudhaan daqiqaa shaniif fakkii argan akka kaasan taasisi. Kana yeroo hojjetanis walitti dubbachuuun akka hin danda'amne ibsiif.

Sadarkaa 5: Hirmaattonni fakkii isaanii akka dhiheessanii fi miiraa yeroo fakkicha kaasan itti dhaga'amee fi waan shaakalan akka ibsan gaafadhu.



³⁰ Burqaan isaa hin beekamu Splinter, D & Wüstehube, L kan walitti qabamame.

Hubachiisa

Hirmaattonni tarii yeroo fakkicha kaasan rakkatanii ta'uu malu. Namni isaan waliin kaasu waan hin taane maaliif akka kaasu bitaa itti galeera ta'a. Tokkoo tokkoon cimdi sun yaada isaaniitti fakkii wal fakkaatu waan kaasan itti fakkaateera. Kanarraa kan ka'e obsa kan dhaban, bitaa itti galuu yokaan miiroi arii itti dhaga'amuu danda'a. Wanti isaanitti ulfaate maal akka ta'e gaafadhu. Hirmaataan tokko hirmaataan inni biraan fakkii biraa kaasuu waan barbaadu fakkaata jechuu danda'a. Fakkilee sana irra deebitee itti argisiisudhaan fakkilee akkamii akka ta'an gaafadhu. Jalqaba hirmaattonni deebiwwan garaagaraa siif kennuu danda'u. Garuu fakkichi fula namaas fakkii hantuutaas ta'uu akka danda'u akka isaan hubatan ni argita. Yeroo isaan kana hubatan bu'aa "amma naaf galee" jedhama.



Akka tasaa namni isaan waliin jiru muuxannoo duraan qabu irraa kan ka'e wanta raawwatee adda ta'e akka arge hubatu. Kanaaf fakkii adda ta'e kaasuu yaaluun isaanii amansiisa akka tahe hubatu. Yeroo kana ejjennoo nama biroo sana hubatanii mataa isaanii bakka isaatti ilaaluudhaan jjijiirraa ilaalachaa (hubannoo) fidu. Kunis mataa ofii bakka nama biraa kaa'anii hubachuu akka jechuuti.

Amma maricha fakkii irraa gara walitti bu'iinsa dhugaatti jjijiiri. Akkana jettee gaafachuu dandeessa: Gaaffiin keessa keenya jiruakkana ta'ee dhihaachuu danda'aa? Dhugaan isaa maali? Nama moo hantuuta moo lachuu isaanii? Yokiis hirmaataa tokko fakkicha akka hantuutaatti inni kaan immoo akka namaatti akkamitti hubachuu danda'an.

Fakkii jalqabaa fi isa lammaffaa yeroo itti argisiistu yeroo walitti bu'iinsa dhugaa amansiisa wanti jedhamu akka hin jirre isaanii gala. Yeroo kana muuxannoon keenya duraanii fi odeeefanno qabnu ilaalcha keenya akka jjijiiran irratti mari'adhaa. Jaarsoliin kana beekanii seen-duubee qaamoni walitti bu'an qaban akka hubatan taasisuun baay'ee barbaachisaa ta'uu isaa cimsii itti himi.

Sanatti aansuudhaan yeroo itti isaan amma naaf galeera jedhan mijeesuu fi adeemsa jarsummaa walitti dhiheessuu keessatti baay'ee barbaachisaa fi yeroo murteessaa ilaalcha namaajjijiiru ta'uu isaa ibsiif. Kana booda furmaata fiduun ni danda'ama.

Sadarkaa 6: Hirmaattonni yaadni kun isaanii galeera yoo ta'e muuxannoo jirenya isaanii dhugaa waliin akka walitti firoomsan gaafadhu. Haalaakkanaas eessatti akka hubatan, tariis jaarsummaatti yoo hirmaatan, yokaan immoo ofii isaanii walitti bu'iinsa keessa seenaniiru yoo ta'e gaafadhu. Muuxannoo argataniin amma naaf galeera kan itti jedhanii fi haallit hubannoo isaanii jjijiiran yoo jiraate haa qoodan.

Sadarkaa 7: Akka mata dureetti "Shaakala kana irraa maal baranna?" kan jedhu yaada hirmaattotaa waraqaa galagalu irratti tarreessi. Adeemsa madaallii keessatti ga'een jaarsolii inni guddaan ilaalcha qaamota hirmaattota walitti bu'iinsichaa ta'an beekuu akka sumas madaallii isaa eeguu akka ta'e xiyyeffannoo kennii ibsiif.

Jaarsummicha duras ta'e adeemsa isaa keessatti muuxannoo jaarsoliin seenaa qaamota lachuu irratti qaban gaafachuu baay'ee barbaachisaadha.



III.5 ADEEMSA JAARSUMMAA

“Jaarsii waan sadii: Jaarsii Ifa, Jaarsii karaa Jaarsii bishaan.” (Mammaaksa Oromoo)

III.5.1 Qajeelfamoota Namuusaa Jaarsummaa Haala-Mijeessuu

Jaasrummaan hojji araarsuu eeggannoona guutamedha. Kana jechuun sirriitti hojjetamuu yoo baate jirenya namoota walitti bu'anii fi qaamota dhimmichi ilaallatuu irratti miidhaa guddaa qaqqabsiisuu danda'a. Jaarsummaan eeggannoodhaan guutame qajeelfamoonni namuusaa hordofuu qabu ni jiru. Deevid A Huufmaanii/ David A Hoffman fi Adeemsi qajeelfamoota namuusaa jaarsummaa akka kaa'anitti armaan gaditti qajeelfamoonni barbaachisoon kudhan tarreffamaniiru.³¹

1. Fedhiin wal simuu dhabuu

Jaarsoliin sababa uumama walitti bu'iinsaaf kallattiidhaan faayidaa dhuunfaa, odummaas ta'e qabeenyaa argamu dhabamsiisuu qabu.

2. Ga'umsa/guddina

Jaarsoliin ga'umsa isaanii beekuun irraa eegama. Dhimmoota humna isaanii ol ta'an irratti jaarsummaa taa'uu hin qaban. Qaamota walitti bu'anif waa'ee dhaddachaa fi shaakala isaanii beeksisuu qabu.

3. Al-loogummaa (Dhimmichaa ala ta'uu)

Adeemsi jaarsummaa of kennuu gaafata. Qaamota walitti bu'anif miira keessaa yokaan gadda uumuun yoo hin danda'amne adeemsi jaarsummichaa rakkisaa ta'a. Miirri akkanaa itti dhaga'amuu irraa kan ka'e madaalamummaa isaa sodaachuudhaan adeemsa jaarsummichaa addaan kutanii ba'uun hin barbaachisu. Ittumaayyuu miirrawwan sana qaamota walitti bu'an sanaaf dhiisuu barbaachisa. Qaamni inni tokko gaddi guddaa yommuu itti dhaga'amu jaarsoliin qaamni sun akkanatti akka gaddu kan taasise maal akka ta'e hubachuuf hojji guddaa akkamii hojjechuu akka qaban kan argisiisudha.

Adeemsi jaarsummaa akka abbaa seerummaa qaama tokko qofa gargaaruu utuu hin taane qaamonni lachuu yaada isaan yaadchisu ibsuudhaan akkasumas wantota hunda isaanii waliif galchan barbaaduudhaan qaamota walitti bu'an fayyadamoo taasisuudha.

4. Tola-ooltummaa

Yeroo tokko jaarsummaawwan ajaja mana murtiin yokaan dhaabbiilee walitti bu'iinsa furaniin kan raawwataman ta'an illee adeemsa jaarsummichaa keessatti itti gaafatamummaa isaanitti kennname addaan kutuu yoo barbaadan mirgi isaanii kun isaanif eegamuu qaba. Adeemsi jaarsummaa akkanaa kun jaarsummaa tola-ooltummaa irratti hundaa'e jedhama.

5. Icciummaa

Qajeelfamni icciitummaa bifaa lama qaba. Tokkoffaan, qaamni walitti bu'e inni tokko jaarsicha dhuunfaadhaan yeroo argatutti icciitiidhaan waan itti himame sana namicha walitti bu'e isa biraatti akka hin himamne wantota inni barbaadu icciitiidhaan eeguu qaba. Lammafaan, jaarsichi namoota qaama sadaffaa jaarsummichaa isaan hin ilaallanne icciitummaa adeemsa jaarsummichaa eeguu qaba.

³¹ Hoffman, D.A. (2003) |

6. Hin Miidhiin (Do No Harm)

Qajeelfamni Hin Miidhiin jedhu jaarsoliin yeroo haalli hirmaattota miidhu yokaan walitti bu'iinsicha itti caalchisu uumamu jaarsummicha akka addaan kutan hubachiisa. Namoonni walitti bu'iinsicha irraa kan ka'e balaa guddaan isaan irra ga'ee yokaan miirri isaanii miidhameera yoo ta'e adeemsa jaarsummichaa eegaluun mataan isaa gumaacha waan dabaluuf yeroo tokko tokko qaamонни walitti bu'an adeemsa jaarsummaa waloo sana irratti hirmaachuuf yokaan adeemsicha itti fufuu akka hin dandeenye jaarsoliin hubachuu qabu.

7. Gahumsa Cimsuu

Namoonni walitti bu'an of danda'uun isaanii fi bilisa ta'uun isaanii qajeelfama duree /yaada ijoo/ ta'uun qaba. Qaamонни walitti bu'an walitti bu'iinsa isaanii furuuf jaarsichi yokaan qaamонни biroon yaada murtoo kennuu (dhuunfaanis ta'e waloodhaan) mannaa ofii isaanii murtoo irra akka ga'an hubachuu fi jajjabeessuun bu'uura jaarsummichaati.

8. Walii galtee murtoo

Walitti bu'iinsa furuun heyyamummaa irratti hundaa'ee fi ka'umsa mataa ofiin taasifamu fedhii qaamota walitti bu'anii kabajchiisuu kan danda'u murtoon murteeffamu wanta inni fidu amananii fudhachuudhaan. Jaarsoliin qaamolee lachuuf madda odeeffannoo tahuu akka hin qabne beekamullee namoonni walitti bu'an sun jaarsummichaaf filannoolee adda addaa argachuu wal-jijiirraa odeeffannoo gahaa argachuu fi argachuu dhabuu isaanii mirkanoeffachuu qabu. Namoonni walitti bu'an hir'inni odeeffannoo yoo isaan mudate jaarsoliin akkamitt argachuu akka danda'an irratti mari'achuu qabu.

9. Itti gaafatamummaa

Jaarsoliin namoonni walitti bu'an akka hin miidhamne taasisuuf itti gaafatamaakkuma qaban walii galteen murtoo isaanii namoota jaarsummichatti hin hirmaatiin akka hin miines eeggannoo taasisuu qabu. Bu'aan jaarsummichaa irraa argamu ijoolee yokaan qaamolee sadaffaa isaan kaan akka hin miineef eeggannoo barbaachisaan fudhatamuu qaba.

10. Amanamummaa

Ga'ee jaarsolii amanamaa wanti jechisiisu wantota itti aanan kana ifatti yeroo kaa'anidha.

- Sadarkaa barnoota isaanii fi muuxannoo duraan qaban
- Yeroo jaarsummichaa namoonni walitti bu'an baasiin adeemsa jaarsummichaaf kaffaluu qaban yoo jiraate
- Dhimma hirmaanna jaasrolii miidhuu danda'u kamuu

Amanamummaan walga'ii qofa qofaa kan qaamota walitti bu'an waliin taasifamu hunda keessatti dhugaa ta'anii argamuus ni gaafata. Fakkeenyaaaf, Qaanmi tokko ejjennoon koo inni dhumaan kanadha jedhee icciitiidhaan waan inni kaa'e qaamni lammafaan yoo gaafate jaarsichi hin ta'u jedhee deebisuufii qaba. Ta'us mareen akka taasifame ibsamuu qaba. Itti dabalees tarreeffama yaadotaa fi odeeffannoowwan qaama lammaffaa hunda icciitii akka ta'e hubachiisuun barbaachisaadha.

**“Jaarsii kan mataan harrii otoo hin ta’in kan garaan
harriiti.”**
(Mammaaksa Oromoo)

Kaayoo	Dhuma leenjicha irratti hirmaattonni adeemsa jaarsummaa fi sadarkaalee isaa adda addaa ni hubatu.
Yeroo kenname	Daqiiqaa 45
Beekumsa Ka’umsaa	Boqonnaalee duraanii hunda
Meeshaalee gargaarsaa	Gabatee waraqaa, maarkeroota, kaardiiwan hallu-qabeeyyii
Duraa fi duuba	Sadarkaa 1: Boqonnicha beeksisi. Sadarkaa 2: Yaadannoo Sadarkaalee Jaarsummaa irratti barreeffame hirmaattotaaf hiruudhaan daqiiqaa 10f akka dubbisaniif yeroo kenniif. Tokkoo tokkoo sadarkaalee sanaa ibsuu fi gaaffiilee hirmaattotaa deebisuudhaan hirmaattonni akka irratti mari’atan taasi.

III.5.3 Sadarkaalee Jaarsummaa

Jaarsummaa milkaa'aan sadarkaalee adda addaa keessa darba. Sadarkaaleen kun meeshaalee barbaachisoo furmaata itti fufiinsaa fi milkaa'aa fidanidha.³²

1. Qaamolee walitti bu'an kan dhimmicha waliin hariiroo kallattii qaban adda baasuu, Jaarsummichaaf heyyama isaanii argachuu fi akka amanan taasisuu

Kun yeroo baay'ee kan raawwatamu jaarsummaa qofa qofaatti taasifamuun yoo ta'u, karaa jaarsummaa haala-mijeessuu jaarsoliin hamma qaamonni walitti bu'an gaaffii isaaniif dhi'eessanitti kan eegan yoo ta'u jaarsummaa aaddaa keessatti garuu jaarsoliin ofuma isaanii jaarsummicha eegaluu. Akka amanan taasisuun keessummaa jaarsummaa haal-mijeessuu keessatti baay'ee barbaachisaadha. Sababni isaasn gara jaarsummaatti akka seenan qaamota walitti bu'an biraa heyyamani waan isaan barbaachisuuf. Jaarsummaa aaddaa keessatti qaamonni walitti bu'an yaada jaarsolii fudhachuu dhiisuuf hagas mara ija hin jabaatan.

2. Sadarkaa baniinsa jaarsummichaa

Yeroo kana namoonni walitti bu'an qaamaan bakka tokkotti argamuudhaan gaaddisa jalatti yokaan bakka jaarsoliin filatanitti kan raawwatamudha. Namoonni kun dubbii kamuu eegaluu isaanii durajaarsichi adeemsaa jaarsummichaa, ga'ee qaban, seera jaarsummichaa fi walumaa galatti qajeelfama jaarsummichaa qaamota walitti bu'aniif ifa taasisa. Kanaaf jaarsichi bakka nageenyi isaa eegamee fi bakka mijataa qopheessuu qaba. Kana gochuun adeemsichi gafuu malee akka raawwatamu dandeessisa. Karaa kanaan namoonni walitti bu'an yaada adeemsaa jaarsummichaa irratti qaban akka itti dabalan ni gaafatamu. Adeemsaa jaarsummaa haala-mijeessuu keessatti jaarsummichi fedha irratti kan bu'uureffame, ga'en jaarsoliimmoo qorachuuf yokaan murteessuuf utuu hin taane namoonni walitti bu'an yaada walitti fidaa mataa isaanii akka fidan gargaaruu akka tahe haalaan ibsamuu qaba. Kun jaarsummaa aaddaa keessatti hin eegamu sababni isaas murtoo isa dhumaa kan kennan jaarsolii mataa isaanii waan ta'eeef. Itti dabalees jaarsummaa haala-mijeessuu keessatti jaarsichi waan hunduu icciitiin isaa kan eegame akka tahe mirkaneeessuudhaan gaaffilee icciitiit ta'e irratti maal gochuu akka qaban abbootiin dhimmaa ofii isaanii akka murteessan dhiisuuf qabu. Jaarsummaan aaddaa eebaan yokaan kadhannaan eegaluu baay'ee barbaachisaadha. Haala kanaan jaarsummaawwan lachuu walitti hidhuudhaan karaalee adda addaa uumuun ni dandahama. Keessumaa Itoophiyaa keessatti eebaan eegaluu amaleeffatamaa ta'ullee, adeemsicha beeksisuu fi heyyama waamota walitti bu'anii gaafachuunis hamma tokko hojiitti hiikamuu danda'a.

3. Maalummaa dhimmichaa adda baasanii beekuu fi seenicha dubbachuu

Akka aaddaa Itoophiyaatti jaarsichi warra walitti bu'an keessaa inni tokko sababa walitti bu'iinsichaa akka ibsu taasifama. Kanas kan murteessu Aadicha hordofee jechuunis akka umurii isaa fi fudhatama hawaasa keessatti qabuutti. Jaarsummaa haala-mijeessuu keessatti garuu jaarsichi (loogummaa irraa bilisa ta'u agarsisuuf) lachuu isaanii keessaa tokko akka eegaluu lachuu isaaniif gaaffii dhiheessa.

Jaarsummaa akaakuu kamuu yoo fayyadamne warri walitti bu'an dhimmicha keessa akka hin jirre beekuu qabu. Inni tokko waa'ee dhimmichaa ibsee yommuu xumuru jaarsichi yaada isa dubbate sanaa afaan ifa ta'een gudunfee erga dhiheessee booda warri walitti bu'an walif galuu fi dhiisuuf isaanii mirkaneeffachuu qaba. Seenichi dheeraa yoo ta'e (miirri hin taane itti dhagahamuu yoo baate) yaadichi ifa akka ta'uuf seenicha yeroo dhiheessu gidduu gidduu seenee gudunfaa dubatame kennaa darba. Jaarsoliin

³² Barreessitoolni tokko tokko afuurii hanga kudha lamaatti moggaasa kulaa Jaarsummaa keenaniifi qoodu. Ta u iijjuu yaadni adeemsichaa karaa hundumaanuu walfakkatu. Karaa dhuma kanaan moodeeloota qaraa qaraati fayadamuu yaalameera.

qaamni dubbachaa jiru sun itti fufee akka dubbatu jajjabeessanii dammaqinsaan eeguu qabu. Kunis akka aadichaatti jechaan yok jecha utuu hin fayyadamiin ibsamuu danda'a.³³

4. Gad fageenyaan hubachuu fi ilaalcha qooddachuu

Sadarkaa kanatti jaarsichi wanta walitti bu'iinsichaaf sababa ta'e hundee isaa, faayidaawwan isaanii fi fedhiwwan isaanii akka beeksisan jara lachuu gaafachuu qaba. Akka gaaffiilee walii galtee ijotti wantota fakkaatan fayyadamuudhaan faayidaa gad fagoo,³⁴ fedhii fi sodaa warra walitti bu'an sanaa gaafachuu qaba. Itti fufees jaarsichi warra walitti bu'an sanaan "Tokko bakka isa kaanii utuu ta'ee" (ilaalcha qooddachuu³⁵) akkamitti hubachuu akka dandahan taasisuuf isaan jajjabeessa. Yeroo kana godhan hubannoo fi wal amantaa waloo akka qabaatan taasisa. Jaarsummaa aadaa fi jaarsolii keessatti faayidaa warra walitti buhee utuu hin taane dhugaa isaa baasisuuf gaaffiileen gaafatamu. Garuu adeemsa hubannoo waloo kana keessatti akka seenan fedhiwwanii fi miirawanisaanii beekuuf gaaffiilee dandeessisan dhiheessuuf haalli mijataan ni jira.

Jaarsummaa haala-mijeessuu keessatti heyyamni qaamota walitti buhanii murtoo akka fiduuf filannoo tokkicha yoo qabaatu adeemsa jaarsummaa aadaa keessatti immoo muuxannicha irra deebi'anii fiduu (ijaaru) barbaachisa. Haalota tokko tokkoon warri walitti bu'an sun furmaata isaan argatan caalaa kun tahuun qofti barbaachisaa tahee argu. Garuu jaarsichi gaaffiilee walii galtee ijoo fayyadamuudhaan miirawan, sodaawwanii fi fedhiwwanisaanii beekuuf yeroo kan fudhatu yoo tahe warri walitti bu'an yaada furmaataa sanatti gadduun isaanii hir'isa.

5. Yaadota filannoo maddisiisu

Sadarkaan kun garaagarummaa jaarsummaa aadaa fi jaarsummaa haala-mijeessuu gidduu jiru haalaan argisiisa. Jaarsummaa haala-mijeessuu keessatti warri walitti bu'an mataan isaanii yaadota furmaataa maddisiisu. Jaarsichi yaadni furmaataa jarri lachuu maddisiisan lachuu isaanii fayyadamoo kan taasisu akka tahe qofa hordofa. Jaarsummaa aadaa keessatti garuu jaarsoliin yaadota furmaataa jarri itti waliif galu jedhanii yaadan warra walitti buhanii dhiheessu.

Warri walitti bu'an sun yaada fooyaa'aa akka fidan gaaffiileen taasisan Itoophiyaa keessatti hojji irra kan hin oolle fakkaatus dhugaawwan leenjii jaarsummaa irratti argaman akka mirkaneessanitti kallattiidhaanis ta'e al-kallattiidhaan warra walitti buhan sana waa'ee faayidaawwanii fi fedhiwwanisaanii gaafachuun gaafachuun mataan isaa jarri ofuma isaanii yaada furmaataa akka barbaadan isaan afeera. Itti dabalaanis gaaffii yoota'ee gaafachuudhaan (Qaamni tokko yooakkana ta'eakkana gochuuf ni heyyamtaa?) jaarsoliin yada furmaataa argachuu carraa bal'aa argatu. Akkasumas karaa al-kallatiin warri walitti buhan sun yaada furmaataa sana irratti walii galuu isaanii karaa itti beekan uum jechuudha. Ammas yoo tahe garuu jaarsolii yaada furmaataa sana ni dhiheessu.

6. Walii galtee irra ga'u

Karaa ittiin walii galtichi uumamu akka akka aadaatti adda adda ta'u danda'a. Waliigalticha barreeffamaan kaa'uudhaan yokaan immoo karaawwan aadaa amaleeffamoo tahan hordofuudhaan raawwatamuu danda'a. Karaa kanaan jaarsummaaleen lachuu wal deggeru. Keessummaa jaarsummaan haala-mijeessuu fuula duratti walii galtee dhabuun biroo uumamee walitti bu'iinsi akka hin uumamne walii galtichi ifa akka ta'uuf yaalii taasisa.

³³ Kulaa III.6.3 Wajita jaarsumm

³⁴ Kulaa III.3.4 Gaaffiileel(qrounding questions) marii fiixee muka jaarsummaa jedhu fuula 39 irra ilaalaa.

³⁵ Kulaa III.4 Ilaalcha jijjiiruu kan jedhu fuula 48 irra isa jiru ilaalaa.

“Afaan Gaariin Hafaa Gaarii Caala.” (Mammaaksa Oromoo)

Kaayyoo Dhuma jaarsummaa irratti hirmaattonni waliin dubbiin jaarsummaa keessatti hammam barbaachisaa akka tahe ni hubatu akkasumas dandeettiwwan waliin dubbii bu'uuraa ni baratu.

Yeroo kennaame Daqiiqaa 240

Meeshaalee gargaarsaa Waraqaa barumsaa galagalu, maarkeroota, kaardocha maree halluuwwan adda addaa qaban, gabateewwan waraqaan itti maxxanfam

Duraa fi duuba Sadarkaa 1: Hirmaattotaaf barbaachisummaa waliin dubbii erga ibsitee booda mata duree III.6.1 jala kan jiru moodeelii Shuulsi Voon Suun/ Schulz von Thun kan ergaa roga afur qabu dhiheessi.

Sadarkaa 2: Gilgaala waliin **dubbii sanaa kka hojjetan taasisi** (III.6.2)

Sadarkaa 3: Barbaachisummaa gilgaalichaa muuxannoolee jireenyaa biroo waliin wal bira qabii ibsi.

Sadarkaa 4: Waliin dubbii sagalee hin qabnee fi afaan qaamaa beeksisi (III.6.3).

III.6.1 Waliin dubbi fi Moodelii Shuulzi Voon Zuun/ Schulz von Thun kan ergaa roga afurii qabu³⁶

Waliin dubbiin wal xaxaadha. Yeroo dubbi hiikawanii fi hubachii sawwan irra kan darbe waan hedduu qaba. Kanaaf haalaan hubachuu dhabuu fi walii galtee dhabuuuf karra saaqa. Jirenya keenya idilee kan guyuu keessatti, mudannoowwan jiruu keenya fi hariiroowwan keenya keessatti kan amaleeffatame yoo ta'e waliin dubbiin walitti bu'iinsa keessattis ta'e yeroo jaarsummaa baay'ee rakkisaa ta'a. Bu'aan jaarsummaa kan ittiin murtaa'u egaa dandeettii waliin dubbi walitti buutota gidduu jiruu fikan jaarsolii irratti bu'uureffama. Wantota jaarsa tokko irraa eegaman keessaa:

- ⦿ Haalaan dhaggeeffachuu
- ⦿ Fedhii fi miira warra walitti buhanii ibsuu
- ⦿ Warra walitti buhan giddutti humnaa fi dubbiidhaan wal madaaluun yoo dhibu wal madaalaa taasisuu
- ⦿ Dammaqiinsaan dhaggeeffachuudhaan senaa fi adeemsicha guutuu hoogganuu

Waliin dubbiin wal jijiiraa ergaa jedhamee hiikamuu danda'a. Ergaawwan qaqqabsiisuu fi erguudhaan walii galteen akka uumamu kan taasisu daandii kan qulqulleessudha, Adeemsi walxaxaan kun eeggannoo fi dandeettiidhaan qabamuu qaba. Waliin dubbi milkaa'an egaa tokkoo tokkoon walii galtee akkamitti akka hiikamee fi tarkaanfiin akkamii akka murtaa'e kan of keessatti qabatudha.³⁷ Moodeloota waliin dubbi baay'ee beekamoo keessaa kan Shuulzi Voon Zuun/ Schulz von Thun isa tokkodha. Moodeliin ergaa roga afurii qabu kun kaaree waliin dubbi yokaan moodelii cinaacha afur qabu jedhamee beekama. voon Zuun / Schulz von Thun akkaataa hojji ergaa yeroo balballoomsu qaamolee lama gidduu tokkoo tokkoon wal jijiiraa ergaa taasifamuu sadarkaa afuritti ramaduudha. Isaanis::

Sadarkaa haqaa

Dabarsituun ergaa kamuu dhugaa /haqa/ akka dabarsu barbaadame of keessatti qabatee jira.

Of ibsuu

Namichi ergaa dabarsu ergicha keessatti mataa isaa arga. Mataa isaa akkamitti akka ilaaluu fi isaan kaan akkamitti akka isa ilaalan akka fedhi dabarsa. Kanaafis mataa ofii ibsuun namni tokko beekees haa ta'u utuu hin beekin mataa isaa kan itti argisiisuu fi wantota mataa isaa itti saaxilu of keessatti haammata.

Hariiroo

Namni ergaa dabarsu tokkoo fi inni fudhatu hariiroo akkamii akka qaban saaxila. Cinaacha ergaa kanaan yeroo baay'ee sagalee, ibsa qaamaa fi mallattoolee sagalee hin qabne biroo akkasumas galcha jechootaan ibsama.

Komii


Ergaan tokko isa dabaru irraa isa fudhatutti yommuu darbu komii kan haammate tahuu danda'a.

Waliin dubbi keenya guyuu keessatti bifawwan kana arfan karaa ifa hin taaneen dabarsina. Kanaaf dhaggeefataan haala isaaaf mijateen akka hiiku banaa isa dandeessisu ni dhiisna. Kunis yeroo hedduu walii galtee dhabuu akkasumas walitti bu'iinsi akka uumamu karra bana.

³⁶ Schulz von Thun, F (2012)

³⁷ Dura Schulz von Thun, F (1981) maxxanfame

Rogawwan arfan ergaa



Mataa ofii ibsuu	Haqa
"Ariifadheera; obsa hin qabu."	"Ibsaan tiraafika aa inni magarisi ifeera."
"Ibsaan tiraafikaa inni magarisi ifeera."	

Komii	Hariiroo
"Oofi"	"Ani hooggantuu keeti ati immoo konkolaachisaa kooti. Maal gochuu akka qabduu fi hin qabnen sitti hima."

Fakkeenya armaan gadii fayyadamuu dandeessa:
Hawwi fi Boonaan konkolaataa keessa taa'anii jiru. Karaa qaxxaamuruuf utuu eegaa jiranii ibsaan tiraafikaa diimaan dhaamee inni magarisi ife.

Boonaa: "Ibsaan tiraafikaa inni magarisi ifeera."

Hawwi: "Akkana obsa kee hin fixiin."—isa boodas atakaroo eegalan. Rakkoon maal sitti fakkaata?

Qabiyyee ergaa yoo ilaalte, himawwan akaakuu arfan adda baasuu dandeessa; "Ibsaan tiraafikaa inni magarisi ifeera." Ergicha keessatti wanti **haqa** tahe ibsaan tiraafikaa isa magariisadha. Boonaa akka Hawwi konkolaaticha oofu **komii** dhiheessiteef. Boonaa kan dubbatte waan garaa ishee (**of ibsuu**) dha; ariifatteetti obsas hin qabdu. Ergaan ishee **hariiroo** Hawwi fi Boonaa gidduu jiruuf fulchaa kenna; isheen hooggantuudha inni konkolaachisaadha. Hojjechuu waan inni dandahuu fi hin dandeenyne itti himuu dandeessi.

Tarii Boonaa Hawwiin komachuu barbaaddee miti. Walii galuu dhabuun hunda keenya gidduutuu uumamuu danda'a. Sababni isaas namoonni karaan ittiin ergaa dhagahan hubatan adda adda tahuu isaati. Kun immoo waliigaltee dhabuu fiu walitti bu'iinsaaf kahumsa tahuu dandaha. Gilgaalli itti aanu kun hirmaattonni moodelli roga afur qabu sana akka fayyadamanii fi waliin dubbiin hammam walxaxaa akka tahe hubachiisa.

Kaayyoo	Yaadota waliin dubbii wal-xaxoo ta'an akkamitti addunyaa mul'atu keessatti akka uumaman argisiisuuufi hubannoo hirmaattonni moodelii Shuulzi Voon Zuuniif/ Schulz von Thun qaban bal'isuu.
Yeroo kennname	Daqiqaa 30
Meeshaalee gargaarsaa	Gabateewwan waraqaa lama, waraqaa barumsaa galagalu, fakkii cinaacha afur qabu kan ergaawwan of keessatti qabate, kaardota halluu qaban adda addaa, maarkeroota
Duraa fi duuba	<p>Sadarkaa 1: Fakkiilee lachuu qofa qofaatti gabatee irratti kaasi. Ergaa gabaticha keessa jiru waraqaa bifaa bunaan yokaan waraqaa biraan haguugi. Inni tokko ergaa cinaacha afurii kan mul'isu yoo ta'u fakkicha giddius kaareen ni jira. Fakkii inni biraan namoonni atoobusii keessa ta'anii kan argisiisudha. Dubartiin toko atoobusicha keessaa gulantaa irra dhaabathee gurbaa karaa gamaa qaxxaamura hoteelaa irra dhaabathee jiru waamti.</p> <p>Sadarkaa 2: Fakkeenyi kun waliin dubbii barattoota bashannana irraa deebihan gidduutti tahe akka tahe ibsiif. Barattoonni atoobusicha keessa jiran hundi deemsaaq qophaa'aniiru. Garuu warra bashannanicha qopheessan keessaa tokko Toleeraan ammallee karaa hoteelichaa irra dhaabathee nama tokko waliin haasawaa jira. Balbala atoobusichaa irra kan dhaabattee Sannaayit "Toleeraan si eegaa jirraa bar" jettee waamti.</p> <p>Sadarkaa 3: Amma ergaa Sannaayit moodela Voon Zuun/ von Thun isa roga afur qaba fayyadamuun barreessi; "Si eegaa jirraa bar." Hirmaattotaan "Sannaayit maal gochuu barbaaddeetu, Toleeraanhoo maal hubate?" jettee gaafachuudhaan roga ergaa arfan irratti yaada akka kennan taasisi.</p> <p>Sadarkaa 4: Yaadni hirmaattota hedduu deebii wal irraa fagaate tahullee barreessuuf yaali. Kunis tarii qabiyee haqaa, hundi isaanii atoobusii keessa ta'anii deemsaaq qophaa'aniiru.</p> <p>Of ibsuu: "Waa'ee kee ni dhiphanna."; "Waa'een kee nu yaachisa.", "Obsa keenya dhabneerra, aarreerra."; "Akka hin barfanne ni sodaanna."</p> <p>Hariiroo: "Si amanuu hin dandeenyu." "Ati nu barbaachista."</p> <p>Komii: "Hin dhiphatiin." "Si dhiisnee deemuuf jenna nutti hin barfachiisiin dafi." Hirmaattonni waan jedhan yoo hin qabaanne timaama mataa keetii itti dabali.</p> <p>Sadarkaa 5: Gilgaalicha moodelicha akkamitti akka isaniif ibse hirmaattota irraa duub-deebii (feedback) fudhadhu. Karaa ittiin namicha ergaa sana erge itti ergee sun itti hubate yeroo adda adda tahu walii galtee dhabuun akkamitti akka uumamu irratti xiyyeffadhu. Warra walitti bu'an keessaa tokko yaada mataa isaa haala ga'aadhaan yoo hin ibsine ergaawwan afraniin hiika sirrii barbaaduuf jaarsoliin gaaffiilee gaafachuu akka qaban ta'u baannaan garuu waan inni fidu ibsiif. Itti dabaltees ibsitoota itti dabaluudhaan hirmaattota wajjin hojjechuuf yokaan fakkeenyi hirmaattota irraa dhufu gareewwan xixiqqotti qoodamuun gilgaalicha irra deebihuun dandeessa.</p>



Mataa ofii ibsuu

"Waa'ee kee ni dhiphanna;"
"Waa'een kee nu yaachisa." "Obsa
keenya dhabneerra, aarreerra."
"Akka hin barfanne ni sodaanna."

**"Si eegaa
jirra."**

Komii


"Hin dhiphatin."
"Si dhiisnee deemuuf jenna."
"Ariifadhu."
"Nuttu hin barfachiisiin."

Haqa

"Toleeraaniin ala hundi
isaanii atoobusii keessa
seenaniiru."

Hariiroo

"Barfachiisteetta."
"Si amanuu hin dandeenyu."
"Ati nu barbaachista."



III.6.3 Adeemsa jaarsummaa keessatti barbaachisummaa afaan sochii qaamaa³⁸

Kaayoo	Dhuma leenjichaa irratti hirmaattonni jaarsummaa keessatti barbaachisummaa afaan qaamaa ilaalchisee beekumsa haaraa ni qabaatu. Itti dabalees afaan qaamaa jaarsummaa keessatti fayyadamuuf meeshaalee hojii sadii fayyadamu.
Yeroo kenname	Daqiqaa 120
Meeshaalee gargaarsaa	Gabatee waraqaa itti maxxansan, waraqaa barumsaa galagalu, maarkeroota, kaardota maree halluu adda addaa qaban, teessumawwan sadii

Duraa fi duuba

Sadarkaa 1: Barbaachisummaa afaan qaamaa jaarsummaa keessatti qabu ibsi.

Sadarkaa 2: Gilgaala faayidaa afaan qaamaa hojjechiisi.

Afaan qaamaa adeemsa jaarsummaa keessatti maaliif ga'ee murteessaa qabaate?

Afaan sochii qaamaa jechi tokko afaan keenya keessaa utuu hin ba'iin namoota waliin rakkoo malee kan ittiin walii gallu afaan jalqabaati. Afaan keenya keessaa jechi ba'uu baatuyyuu sagaleen keenya dhagahamuu baatus namoota lama gidduutti kan dubbatamudha. Yeroo fuulaa fi fulattu waliin mari'annu utuu walirraa hin kutiin mallattoolee sagalee hin qabne walijjiirra. Waan dubbanneef galataa fi deebii ta'u. Qorannooleen akka argisiisanitti yoo tahe afaan nuti mallattoo fayyadamnee dubbanneef yeroo mutoo kenniuu namni tokko amanamaa, naam amantaan irra kaa'amuu fi jaallatamaa tahuu isaa murteessuuf gahee guddaa qaba.³⁹ Yeroo dubbii keenyaa jechoota eeggannoodhaan filachuu dandeenya. Wanta qaama keenyaan ibsinu garuu to'achuu kan dandeenyu hamma sadarkaa murtaa'eetti qofa. Fedhii fi miira keessa keenyaa dubbiidhaan dhoksuu yoo yaalle illee afaan qaamaa garuu yeroo mara miira keenya nurratti ibsa.

Waliin dubbiin sagalee hin qabne kallattii, tilmaamamaa yokaan murtaa'aadha jechuu hin dandeenyu. Muraasni isaanii akka aarii, sodaa, jibba, gammachu, gadda. ajaa'ibsifannaafaa fuula irratti ibsamuudhaan idil-addunyaawoodha.⁴⁰ Ta'ulee haalli itti uumamanii fi gad fageenyi ibsawan sanaa aadaa irraa aadaatti adda addummaa qabaachuu danda'a. Seen-duubee aadaa, shaakala fi seerri qabnu afaan qaamaa keenya irratti dhiibbaa qaba. Fakkeenyaaaf, Ijaal fi ijaan wal arguu, dhiheenya fi fageenya qaamaa yokaan akkaataan buhiinsa sagalee keenyaa aadaa irraa aadaatti garaagarummaa qaba. Itti dabalees tokkoo tokkoon nama dhuunfaa boca fuluu kan mataa isaa ta'e yokaan kan isa irraa madde tahuu dhabuun walitti bu'iinsicha bal'isuu danda'a. Jaarsoliin adeemsa jaarsummichaa gidduutti afaan qaamaa warra walitti buhanii xiyyeffannoodhaan ilaaluudhaan miira isaanii keessaa, ibsa, yaadaa fi hawwii isaanii hubatanii haala of eeggannoon guuteen gidduu seenanii tarkaanfii fudhachuuf gahee guddaa qabaatu. Ta'ulee waan argineet atattamaan hiikurra akkasumas dubbiowan sagalee hin qabne dabalataa fi hiikawanisaaniif banaa ta'urraa of eeggachuu qabna. Kanaaf aadaawan faallaa keessattillee yoo ta'e afaan qaamaa dubbi keessa jiru ijoon isaa kanadha jechuuf ofii isaatii mirkaneessa miti.

Jaarsoliin dubbiowan sagalee hin qabne kan isaan kaanii hubachuu fi madaaluut irra qofa utuu hin taane kan mataa isaanii dammaqinaan hubachuu qabu. Jaarsoliin dandeettii dubbi qabaachuu fi afaan qaamaa isaanii to'achuu danda'uun amala, tasgabbii fi ilaalcha isaanii cimsuu akkasumas mataa isaanii fi walitti buutota gidduu amantaa fi hariiroo gaarii uumuuf akka meeshaatti tajaajila.

³⁸ Barreeffamni kun kan inni bu urreeffate Wüstehube, L. (2005). Wüstehube, L & Specht, H., Knapp, P (Ed) (2013) irra isa jiruudha.

³⁹ Mehrabian, A (1981) Burgoon, JK & Birk, T & Pfau, M (1990)

⁴⁰ Ekman, P., Friesen, WV & Ellsworth, P (1972)

Meeshaagam-sadee: Hubadhu-balballooms-jaarsomi (araarsi)

Jaarsoliin namoota walitti bu'an hubachuu fi haala gaddi keessa guuteen yaadota ijaarsaa akka maddisiisan dandeessisuun barbaadu. Meeshaaleen kun yeroo jaarsummaa murtoo walilgalaa ariifannaan taasifame irra akka hin geenyne isaan oolchu. Itti dabalees jaarsoliin akka ta'utii fi ga'umsi keessa guuteen akka hoijetan gargaara. Akkasumas walitti buutonni muddama furmaata hin qabne keessa akka hin buunee fi rakkoo hubannoo irraa kan ka'e al-loogummaan jaarsolii gaaffii keessa akka hin seenne gargaara. Jaarsummaan akka malee murtteesu walitti buutotas ta'an warra walitti bu'iinsa sanaan miidhaman balaarra buusa. Kanaaf araarsuuf jaarsummaa utuu hin seeniin dura wantonni uumaman yoo jiraatan dandeettiin hubannoo keenyaa ol-ka'aa ta'u qaba. Mallattoolee sagalee hin qabne yeroo hubannu qabxiilee itti aananii jiran sadii akka fayyadamuuf gorfamu.

1. Itti dhiheenyaan warra walitti bu'an hubadhu
2. Tooftaalee adda addaa gabbifadhu
3. Jaarsummaa

Qabxiilee armaan olitti ibsaman kanneen hordofuudhaan jaarsichi hubannaa fi hiika waliin makuun balaa inni qabu hubatu hiikawan dabalataafis banaa ta'a.

Ibsa: Obbo Tigistuu—garee walitti buutotaa keessaa tokko—ija isaan gara cinaachaa ilaa, dheeresee hafuruse, hidhii isaa arraabe, akkasumas quba harka isaa wal keessa baasee abbudduu bitaa fi mirgaa isaa naannessa. Kanarraa ka'uudhaan isaan kaan kan tilmaaman, “Obbo Tigistuu obsa kan hin qabnee fi jeeqamaadha” kan jedhu ta'a. As irratti sadarkaaleen hubannoo fi hiikawan (balballoomina) utuu hin hubatamiin walitti dabalamani bakka tokkotti argamaniiru. Jaarsichi mataan isaayyu utuu hin hubatin afaanota qaamaa argisiiseera ta'a. Yeroo kana amala isaa sababa biraan qabaatullee obbo Tigistuu obsa-dhabbeessa ta'uun isaa akka dhugaatti lakkaa'ama.

Akka filannootti meeshaa gam-sadee sana tartiibaan fayyadamuuf jalqaba jaarsichi callisee hubachuu fi jijiirama jiru ibsuu danda'a. “Obbo Tigistuu fuula isaa naanneffate ; harka isaa marate;...” Yeroo kana jaarsichi sochii isaa hiikaa fi gudunfaa kennaa hin jiru. Kana gochuudhaan mataa isaa argamichi jalaa naannessuudhaan sochicha hubachuuf yeroo fi bakki ni argama.

Sadarkaa lammaffaa irratti yaada dhiibbaa irraa bilisa ta'e tooftaalee adda addaa gabbifachuu ni danda'ama. “Obbo Tigistuu mataa isaa waliin gadda, hin tasgabboofne, jeeqameera, dheekkameera, waan tahe tokkoon liqimfameera, deebii kennuuf heyyamamaa miti, of tasgabbeessaa jira, dubbachuu barbaada...” kkf. Amma jaarsichi hafuura tasgabbaa'aadhaan tooftaa gabbifate madaaluu waan danda'uuf yaadni bilisaa kun ilaalcha irratti dhiibbaa taasisa.

Sadarkaa sadaffaa irratti hamma danda'ametti hiikawan fooyya'oo qoruuf carraa qabaata. Gaaffilee gaafachuudhaan tooftaalee adda addaa gabbifatta. “Yaada haaraa yoo qabaatte baay'een gammada” yokaan “Ariitiin itti fufuuf fedha qabdaa?” Yeroo tokko tokko waan argine bifaa gaaffiin dubbachuu gaarii ta'a. “Fuula kee irratti seeqa xiqqoo argeera?” Jaarsichi waa'ee amaloota dammaqoo hin taane (unconscious) yeroo dubbatu eeggannooguddaa taasisuu qaba. Qaama walitti buhe sana gara miira nan qabame jedhutti geessuu danda'a. Namicha yaaddessuu dhiisuuf jecha waan argine hunda ifatti dubbachuu dhiisuuf dandeenyaa. Gaaffichi obbo Tigistuu mataa isaa irratti yaada akka kenu yokaan miira isaa akka ibsatu kan afeeru ta'u danda'u qaba. Jaarsichis tooftaalee adda addaa miira mataa isaan kan qindaa'an tahuu hubachuu qaba.

Meeshaa gam-sadee

Sadarkaa 1: Hubachuu

Gudunfaas hiikas hin qabaatu



Sadarkaa 2: Toofaa balballoomsuu

Hubannicha looftaalee adda addaan hiikuu



Sadarkaa 3: Dhugummaa

Tooftaalee fi hiikawanii wal biraa qabii



Hojii keessoo:

of bituu



Hojii alaa:

Fakkeenyaa. jechootaan ibsuu/wal
dubbisuu

Of Bituu

Jaarsoliin qabeenya isaanii kamuu haalaan akka itti fayyadaman isaan gargaara. Meeshaan kun waan dhufu/waan ta'u dursanii hamma dubbachuutti haala dandeessisuun adeemsa jaarsummichaa fi fooyya'insa isaa haalaan mul'isuu danda'a.

Yaada garaa keenyaa fi afaanota qaamaa keenya gidduu firooma kallattitu jira. Akkataan taa'umsaa (posture) yokaan amalli (behavior) ibsa namummaa keenya isa keessaa ta'ee tajaajila. Gama biraan immoo akkaataan taa'umsa keenyaa eenyummaa keenya isa keessaa irratti dhiibbaa fiduu kan danda'u yoo ta'u sanarraa kan ka'e hariiroo mataa keenya waliin qabnu irratti dhiibbaa qaba. Jaarsoliin yeroo jaarsummaa beekumsa kana ta'e jedhanii dammaqinaan itti fayyadamuu danda'u. Yeroowwan rakkisottii fi humna jaarsolii ol yommuu ta'utti jjijiiramni xiqqoo isaan akkaataa taa'umsa isaanii irratti argisiisan gara "ajaa'iba" xiqqotti geessuu danda'a. Yeroo baay'ee hiikamanii iftoominaa fi miira ofitti amanuun yoo taa'ame miirawan keenyaa keessaa irratti dhiibbaa gaarii fida. "Taa'umsa humnawaa" mataa keenyaa isa filannoowwanii fi humnaan guutame garaa keenya keessatti yaadachuu qabna. Teessuma humnawaa kana argachuuf jaarsichi qabxiilee armaan gaditti tarreeffaman haalaan shaakaluu qaba.

1. Himoota armaan gaditti tarreeffaman haal-sima sirii ta'e keessa of kaa'i:

"Humnaan akkan guutame natti dhaga'ama."

"Nageenyi natti dhaga'ama."

"Naannoo koo waliin hidhannoo akkan qabu natti dhaga'ama."

"To'annoo keessadha."

2. Amma miira kee dhaggeeffadhu, hubadhus:

"Akkamittin taa'e?"

"Akkamittin miiilaan dhaabadhe? Karaa kami miilli koo lafa waliin kan wal arge?"

"Qaan ni koo fuula duraa fi boodatti ni socho'aa? Kutaa duduubaa teessuma kootii tuquu nan danda'aa?"

"Taa'umsi harka koo akkami? Mataan koohoo?"

"Akkamittin hafuura baafadha?"

"Muddamni qaama koo akkami?

Haala muddamaan guute keessatis yoo ta'e yaadachuun akka siif salphatuuf akkaataa taa'umsaa kana yaadadhu.

3. Teessuma haala si jalaa bade hunda si yaadachiisu taa'i.

Itti aansunis "teessuma mo'amaa" irraa gara "teessuma mo'ataa"tti kan si ceesuu sadarkaa sadarkaadhaan tartiiba isaa hordofi. Tartiibni kun kan uumamaa hamma fakkaatutti shaakali. Warri walitti bu'anis kun kan uumamaa itti fakkaata. Yeroo heduu fi guyyoota baay'eef yoo shaakalte bu'aa gaarii argatta. Jijjiirraan akkaataa taahumsaa kun jaarsoliin yeroo adeemsa jaarsummaa muddamaan guutee itti fayyadamuuf akkaataa taa'umsaa kaa'an ta'ee tajaajiluu danda'a. Itti dabalees abdiidhaan kan guutaman akka tahu isaan gargaara. Yeroo hedduus gara warra walitti bu'aniitti darbee isaaniinis abdiidhaan guuta.

Miila koon falmisiisuu

Toofaan kun jaarsichaa fi warra walitti bu'an gidduutti walamantaan akka dagaagu taasisa. Kunis jaarsichi miira qaamota walitti bu'anii hubachuuf isaan gargaara. Miilli jaarsichi hariiroo/ haasaa akka uumu, itti fufuu fi addaan kutu isa gargaara. Kunis kan ta'u miila gara kallattii qaama barbaadaniitti naannessuu yokaan deebisuudhaan. Itti dabalees namoota lachuu gidduu haasaan taasifamu jajjabeessuuf yokaan al-loogummaa (all-partisanship) gargaara.

Ruqoleen bu'uraa afaan qaamaa jechuunis fakkeessuu, bifa fulaa fi taa'uma hamma murtaa'e to'achuu ni dandeenyaa. Fakkeenyaa haala (mudannoo) miira namaa miidhuun seeqa maxxansaa (itti fakkeessaa) argisiisuuudhaan bifa fula keenyaa to'achuu waan dandeenyu nutti fakkatullee yeroo hedduu baay'ee ulfaataa ta'ee argina. Miila keenya kallattii murtaa'e tokkoon beekaa keenyullee xiyyeffannoon keenya waan biraarra yoo ta'e deebi'ee bakka duraatti deebi'ee argina. Haala nama ajaa'ibuun salphaatti to'achuu kan dandeenyu miillan keenya ta'anillee amanamummaa keenya irratti dhiibbaa guddaa kan fidanis kutaama qaamaa keenya kanadha. Kana jechuunis wanti jechoota keenyaan dubbannuu fi yaadni keenya walitti firoomuu dhabuun miila keenyaan ifatti mul'ata. Namoonni dhimma kana akka tasaa illee ni beeku.

Adeemsa jaarsummaa keessatti akkaataan taa'umsa miila walitti buutotaa walitti bu'aa isa biraa wajjin mari'achiuf heyyemamaa ta'uu fi ta'uu dhiisuu isaa fulcha kenna. Jaarsoliin itti yaadanii miillan isaanii fayyadamuu fi ergaa qaama isaanii dabarsuu fedhan bu'uureffachuun kaa'uu qabu. Kana gochuudhaan meedhaa of bituu fayyadamuudhaan utuu wal irraa hin kutiin akkaataa taa'umsa isaanii argisiisuu (calaqqisiisuu) qabu.

A. Walitti buutota waliin wal arguuf:

1. Fiixee quba miila keetii gara walitti bu'ootaatti naannessi.
2. Walitti bu'oota lachuu waliin yeroo wal fakkaatutti wal arguuf akkasumas lachuu isaanii waliin turuuf miila kee isa tokko gara walitti bu'aa tokko miila isaan kaan immoo gara walitti bu'aa

isa kaaniitti naannessii kaa'i. Ijaa fi ijatti yeroo haasoftu miillan kee akkuma jiranitti ta'anii harka kee tokko gara walitti bu'aa haasofsiisa jirtuutti naannessi. Fakkiin armaan gaditti argitu miila kee akkamitti fayyadamuu akka qabdu si argisiisa.

Namoonni walitti bu'an gara mareetti akka seenan akkamitti kakaasuun danda'ama:

3. Walitti bu'oota lachuu waliin miilaa fi miilaan wal argee uumi.
4. Suuta jedhii walitti bu'aa isa tokko irraa miila kee naannessi. Sanatti aansuudhaan walitti bu'aa isa lammaffaa irraa miila kee naannessi. Yeroo kana gootu harka keen argisiisuuudhaan "Kallattiidhaan isa mataa isaatti himuu ni dandeessa" jedhi.
5. Walitti buutonni a mmayyuu walii isaanii dubbachuu dhiisanii siin kan haasofsiisan yoo ta'e garee si haasofsiisu utuu hin taane isa si dhaggeeffatu ilaala hojji miilicha garee tokkoffaa irraa ammas eegali

Jaarsummaa keessatti nama si gargaaru wajjin akka-mitti hariiroo uumuu yokaan cimsachuu dandeessa:

6. Quba miila kee gara gargaaraa jaarsaatti akeeki.
7. Akkasumas ilaala xiqqoo turi.



Hojii: Faayidaa afaan sochii qaamaa

- Kaayoo** Hirmaattonni adeemsa waliin dubbi keessatti gumaacha afaan qaamaa qabu akka shaakalan carraa kennaaf.
- Yeroo Kenname** Daqiqaa 30
- Duraa fi duuba** Sadarkaa 1: Hirmaattonni kee garee sadiiitti qoodamanii mari'achaa meeshaa "of bituu" fi "miilaan falmisiisuu" akka fayyadaman taasisi.
Sadarkaa 2: Afaan qaamaa hirmaattonni fayyadamanii fi hubatan ilaachisee duub-deebii akka kennan taasisi.



Kaayoo

Dhuma leenjichaa irratti hirmaattonni faayidaa dandeettii dammaqinaan dhaggeeffachuu ni hubatu.

Yeroo Kenname

Daqiqaa 30

**Beekumsa
ka'umsaa**

II.3 Walitti firooma jaarsummaa aadaa fi jaarsummaa haala-mjeessuu

**Meeshaalee
gargaarsaa**

Gabatee waraqaa, waraqaa barumsaa galagalu, maarkeroota, kaardota maree hallu qabeeyyi

Duraa fi duuba

Sadarkaa 1: Mata duricha erga beeksistee booda faayidaa dandeettii fi amala dammaqinaan dhaggeeffachuu argisiisi.

Sadarkaa 2: Gilgaala yeroo sadii dhaggeeffachuu dhi'eessiif (III. 4. 1).

Qaamota walitti bu'an araarsuufi rakkoo uumame furuu isaanii dura jaarsoliin sababa walitti bu'iinsichaan ejjennoo qabatan jechunis, sodaa, faayidaa fi fedhii isaanii hubachuun barbaachisaadha. Kana gochuuf immoo jaarsoliin dhaggeeffatoota dammaqoo tahuu qabu. Dammaqinaan dhaggeeffachuu dubbataaf deebii kamuu utuu hin kenniin qaamaanis hafuuraanis dhaggeeffachuudha. (Boqonnaa jalqabaa isa afaan qaamaa ibsu ilaali.) Rakkoo warra walitti bu'anii sana akka rakkoo mataa ofiitti ilaaluun akkasumas murtoo tokkollee utuu hin kenniin wanticha haalaan dhaggeeffachuu yaaluun jaarsi tokko raawwachuu kan qabu dandeettiwwan jaarsummaati.

Faayidaa dammaqinaan dhaggeeffachuu:

- ➲ **Haala gaarii fi mijataa uuma.** Warri walitti bu'an yaada, miiraa fi shaakala isaanii ibsuuf bakka, yeroo fi xiyyeffannoo ga'aa argatu. Kun immoo kanaan dura kan hin amaleeffatamnee fi shaakala ga'aa kan itti argatan ta'u danda'u. Kun yeroo ta'u jajjabeeffamuu fi bilisummaan itti dhaga'amuu qabu
- ➲ **Iftoomina uuma.** Walitti buutonni jaarsichi rakkoo isaanii dhaggeeffachuu fi hubachuuf fedhii garaarraa ta'e akka qabu yeroo hubatan rakkoo isaanii furuuf kaka;umsa argatu. Akkasumas warra kaan dhaggeeffachuu fi hubachuuf qophaa;ina gonfatu.
- ➲ **Dubbatichi akka dhaggeeffatame, sirriitti akka isa hubatan, akka simatanii fi akka kabajametti itti dhaga'ama.**
- ➲ **Jaarsichaaf ilaalcha gaarii akka qabaatanii fi akka isa amanan taasisa.**
- ➲ **Muddamaa fi dhiphina qabbaneessa.** Walitti buutonni miira isaanii ho'ee fi aarii isaanii akka qabbaneesson taasisa.
- ➲ **Carraa ittiin of ilaalaniif fi ifa ta'an kennaaf.** Haalaan rakkoo isaanii ibsuu akka danda'aniif lola uumame sirriitti hubachuu yaalu. Kun immoo tokkoo tokkoo miira isaanii akka ilaalaniif fi yaada isaanii fi haala wanticha haalaan akka qindeessan taasisa.

Adeemsawwan dammaqinaan dhaggeeffachuu:

Dammaqinaan dhaggeeffachuuuf wanti guddaan jaarsichi yaadaa fi ergaa walitti buutotaa dubbiidhaanis ta'e dubbiin ala dhaggeeffachaa jiraachuu isaa ibsuu isaati.

Karaawwan dubbii ittiin dubbataa dhaggeeffachaa jiraachuu keenya beeksisu:

- ⦿ **Himoota hirkisoo fi jajjabeessoo fayyadamuudhaan:** “itti fufi, eyyee naaf galeera, kan biraahoo, maaltu akka uumame naaf ibsuu dandeessaa” fi kkf.
- ⦿ **Akka hubanne ibsuu:** “hubadheera, ahaa, tolri”
- ⦿ **Ergicha hubachaa jiraachuu kee beeksisu:** “li, ahaa, gaarii”
- ⦿ **Qabiyyeewan isaa mirkaneessuu:** “Inni atiakkana jette sirriidha, dhimma kana irratti waan arte fakkaatta”
- ⦿ **Ibsa gaafachuu:** “waan naaf gale natti hin fakkaatu, akkanaa kan jette, fakkeenya naaf kennuu dandeessaa”

Akkana garuu hin taasisiin:

- ⦿ **Yaada mataa keetii yokaan hiika kamuu, hubannoos ta'e gorsa mataa keetii hin kenniin.** Dammaqinaan dhaggeeffachuu jechuun dhaggeeffachuu qofadha
- ⦿ **Murtoowwan hin fayyadamiin:** “Hamma sana badaa waan jedhamu miti, hin aarin, waan xiqqoo guddiste, bayyaanadhu malee.” Ibsawwan kun hubannoo kee utuu hin taane murtoof ariifachuu kee argisiisu.
- ⦿ **Miirawaa hin ta'iin, hin aariin, hin dheekkamiin yokiis hin falmiin.**
- ⦿ **waan dhaggeeffatte irratti duudhaa fi hiika mataa keetii hin dabaliin.** Sammuu kee bantee hubachuu yaali.

Dubbaticha dhaggeffataa jiraachuu kee sagalee malee akkaataa itti ibsitu:⁴¹

- ⦿ **Qaama keenya gara dubbatichaatti dhiheessuun namicha biraa utuu hin irraanfatiin haala iftoomina argisiisuun taa'i.**
- ⦿ **Ibsa qaamaa barbaachisaa taasisuu /mataa raasuu/**
- ⦿ **Ija fi ijaan wal ilaalu.**
- ⦿ **Baasa sagalee ba'eessa fayyadamuu.**

Walumaa galatti dammaqinaan dhaggeeffachuuuf fedhii namoota isaan kaan hubachuu qabaachuu qabna. Dubbaticha kabajuu fi simachuu akkasumas miira garaa irraa maddeen rakkoo sana rakkoo mataa ofii taasisanii ilaaluu gaafata. Jaarsoliin yaada mataa isaanii, ajandaa akkasumas murtoo mataa isaanii dhiisanii qabxiilee, miira ho'aa fi ilaalcha dubbataa dhaggeeffachuu qabu. Kun hojii rakkisaa fi shaakalamuu qabudha.⁴²

⁴¹ Kutaa III.6.3. Wajita jaarsummaa barbaachisummaa faaydaa afaan sochii qaamaa isa jedhu fuula 64 irraa ilaala.

⁴² Kutan kun Iloophiyaatti keessatti bara 2010 GIZ CPS EMDO/ inmedio dhaan leenjii fi qajeelfama waa ee Jaarsummaa irratti qopha eef kan jedhu irraa kan fudhalameedha. Muraasni isas Niederberger von Wyl. J (2009) irraa fudhalameera. Burgess, G & Burgess, H (2003) waliin walitti firoomsa.

III.6.5 Erqaawan rakkisoo wallaansoo qabuu: Dubbii ibsa mataa ofiin dhiheessuu fi quduunfuu

Walitti bu'iinsa cimaa keessatti yokaan walitti buutonni adeemsa jaarsummaa keessatti miirawoo ta'anii yommuu dhihaatan jaarsichi miirawan kanneen qabatee dhugaa jira caalaa miira isaa irratti xiyeefachuu qaba. Jaarsichi deebisee walitti buutota of argisiisuf dubbii jechootaan fayyadamu ibsa mataa isaaniin dhiheessuu yokiis gudunfuu qaba. Marii fi hojii inni hordofus kan argisiisu tooftaama jaarsummaa barbaachisaa kanadha

Hojii: Ibsa mataa ofiin dhiheessuu fi quduunfuu

Kaayoo Ibsa mataa ofiin dhiheessuu fi quduunfuu.

Yeroo kennname Daqiqaa 30

**Meeshaalee
barbaachisoo** Waraqaa barumsaa galagalu, maarkeroota

Duraa fi duuba Sadarkaa 1: Yeroo haasawa gabaabaa fakkeenyota "raawwadhuu" fi "hin raawwatiini" kenni.⁴³

Sadarkaa 2: Hirmaattonni lama lama ta'anii akka haasa'an taasisuun fuula dura ta'anii mataduree falmisiisa irratti mari'adhaa.

Hirmaattota lachuu keessaa tokko haasawa taasisa. Isa booda hirmaataa lammaaan haasawa dhaga'e sana ibsa mataa isaan dhiheessuut irraa eegama. Hirmaataa inni duraa ibsi yokaan gudunfaan hirmaataa biraa sanaan dhihaate sun sirrii ta'uusaa mallattoo yeroo kenuu qofahirmaataa lammaaan haasawa haaraa kan dhiheessa.

Hirmaattonni wanta miiraa fi qalbii isaanii bite irratti mari'achuu jalqabuu isaanii dura daqiqaa 5-10tti yeroo shaakalaan kenniif.

Yeroo isaan shaakalan ilaalcha mataa keen yaada kenniif. Ariitiidhaan wantota ibsa mataa keen dhiheessuun miidhaa inni yeroo haasawaan qabu gaafachuun madaali. Hirmaattonni qabxii gaarummaa tooftaa kanaa akka ibsan afeeri. Sanatti fufuudhaan walitti buutota gidduuti gumaacha tooftaan kun qabu mari'adhaa.

"Raawwadhuu" jechootaan ibsaman

"Sirriitti si hubadhee yoon jiraadhe wanti ati jette..."

"Akkanatti waan sitti dhagahame natti fakkaata..."

"Miira akkanaan qaba..."

"Hin raawwatiini"
jechootaan mul'atan

"Akkanaa fi akkasitti yaadiidha kan ati jette."

"...kan jette sun dhugaadha."

"Tooftaa....warra kaan ittiin hubatte dogoggoradha."

"Nama isa kaan hin hubanne. Sitti kan fakkaate..."



⁴³ Kulaa III.6.4 Yeroo jaarsummaa sirriitti dhaggeefachuu issa jedhu fuula 69 irra jiru ilaalaan.

Sadarkaa 3: Wantota daran rakkisoo irratti gilgaala hojjedhaa.

Gabaabsitee yaada hordofuu fi wal dubbisuu (mirroring) yaada jedhu erga ibsitee booda qabxiilee waliin dubbii sagalee hin qabnee beeksisi.⁴⁴ Hordofuu fi waldubbisuu (mirroring) jechuun mijuu walitti buutotaa eeguuf jecha sochii taasisan hordofuu jechuudha. Hirmaattotaaf tartiiba itti aanu dhiheessuudhaan “hordofuu” itti argisiisuu dandeessa.

“Raawwadhuu” sagalee malee mul’atan

Yeroo hundaa miila kee isa tokko nama dhaggeeffachaa
jirtu sanatti dhiheessuu.

“Hin raawwatiinii” sagalee malee mul’atan

Qaama kee walitti bu’oota keessaa tokkotti dhiheessuu.
Walitti bu’aan tokko isa kaan yero arrabsu mataa raasuu.
Qilleensa duwwaa yokaan qeensa quba kee haalaan ilaaluu.

Hirmaattonni waldubbisuu (mirroring) fi hordofuu fayyadamuudhaan shaakalicha akka eegalan gaafadhu. Waan isaan booji’e yokaan miira isaanii irratti mari’achuu dura daqiqaa 5-10 kenniif. Yeroo shaakalichaa gareewwan sana haalaan ilaali, waan argites hirmaattotaaf qoodi.

Sadarkaa 4: Barumsa isaan baratan waraqaa barumsaa irratti barreessi.



Kan nuuf kadhatu

**Maal, akkas
osoo jettuun
dhaga’e ...**

**Akkan sii
hubadhetti,
yaadni kee ...**

⁴⁴ Kutaa III.6.3. Wayita jaarsummaa barbaachisummaa faaydaa afaan sochii qaamaa isa jedhu fuula 64 irraa ilaalaan.

III.7 BALBALLOOMINA XIINXALA WALITTI BU'IINSAA (Conflict Perspective Analysis)

Balballoominni xiinxala walitti bu'iinsaa kan gabbate Anmiidiyuu Berliniin yoo ta'u gama taatota adda addaan dhimmoota gad fagoo hubachuufi sakatta'uu akka dandeenyu nu taasisa. Itti dabalaanis namoonni walitti bu'an namni biraan maaltu akka itti dhagahamuu fi akka yaadu akka yaadan taasisa. Balballoominni xiinxala walitti bu'iinsaa jaarsoliin waltajii jaarsummichaa haalaan akka qopheessan, hundee rakkinchaa haala fooyya;aan akka hubatanii fi wanta yeroo jaarsummaa gochuu qaban kaka'umsaan akka raawwatan isaan gargaara.

Jaarsummaan eegalamuu isaa dura jaarsoliin tokkoo tokkoo walitti buutotaa ilaachisee hawwi. sodaa fi miira isaanii kan argisiisu "Maappii walitti bu'iinsaa (conflict map) qopheessu. Walitti dabalamicha gidduutti "tooftaa tuqamuu (emphaty hypothesis)" kan jennu ni argama. Walitti daballii kun jaarsa yokaan nama waliin hojji hoijjetan waliin akka hoijjetamu gorfama. "Tooftaan tuqamuu" kan qophaa'u bakka tokkoo tokkoo walitti buutotaa mataa ofii kaa'udhaan. Tooftaan kun rakkoo jaarsoliin furan hammam walxaxaa akka ta'e hubachuu dandeessisa. Jaarsoliin yeroo jaarsummaa walitti dabalamha balballoominna ilaalcha walitti bu'iinsaa fayyadamuudhaan hubannoo waloo walitti buutotaa hubachuuf tooftaa tarreessu. Tarreeffamni kenis miira, sodaa fi hawwi walitti buutotaa hubachiisuuuf fayyada.

Hojii: Balballoominni ilaalcha walitti bu'iinsaa akkamitti qophaa'a: Dhimma abbaa qabeenya qonaa

Kaayoo	Hirmaattonni seenaa qeenxee tokko fudhatanii damdeettii balballoominna ilaalcha walitti bu'iinsaa akka gabbifatan gargaaruu.
Yeroo kennname	Daqiqaa 120
Meeshaalee gargaarsaa	Waraqaa barumsaa galagalu, maarkeroota, gabatee waraqaan itti maxxanfamu, ispiili
Duraa fi duuba	<p>Sadarkaa 1: Sadarkaawan ilaalcha walitti bu'iinsaa arfan beeksisi:</p> <ol style="list-style-type: none">1. Namoota gahee qabani fi abbootii dhimmaa adda baasuu2. Dhimmicha irratti tokkoo tokkoon walitti bu'aa ejjeennoo fi dhugaa inni kaa'e walitti qabuu.3. Sodaa, miiraa fi hawwi qaamota walitti bu'iinsicha keessatti hirmaatanii adda baasuu.4. Furmaata jabaa hunda fayyadamoo taasisu kaa'uuf fedhiwwan, adda addummaawwanii fi riqicha waliigaltee adda baafachuu. <p>Sadarkaa 2: Barreeffama seenaa qeenxee sana irratti qophaa'e kenniif; dubbisuu fi gaaffilee adda baafachuuf daqiqaa 15 heyyamiif.</p> <p>Sadarkaa 3: Seenaa qeenxee sana karaalee ilaalcha walitti bu'iinsaa arfan fayyadamuudhaan ibsi. Gareewan bakka walqixaa lamatti qoodaman ijaari. Tokkoo tokkoon garee walitti bu'aa tokko kan ejjennoo mataasaa qabu bakka bu'a.</p> <ol style="list-style-type: none">1. Gareewan walitti bu'an adda baasi. <p>Garee 1 abbaa qabeenya.</p> <p>Garee 2 hawaasa naannoo.</p>

2. Qabxiilee (eijennoo, dhugaa) gareelee walitti bu'aniin kaa'ame tarreessi.

Dhugaawwan waa'ee abbaa qabeenyaaaf jiru /garee 1/ fi dhimmoota dhiheesse

- ⦿ Abbaan qabeenyichaa laficha argachuuf ulaagaalee seeraa hunda guuteera.
- ⦿ Abbaan qabeenyichaa humna namaa fi meeshaalee oomishaaf barbaachisan bakkichatti bobbaaseera.
- ⦿ Abbaan qabeenyaa sun hawaasa naannoonaan miidhameera.
- ⦿ Abbaan qabeenyaa sun miidhama isa irraa gaheef beenyaan akka isaaq kaffalamu mootummaa fi hawaasa naannoonaan gaafateera.
- ⦿ Abbaan qabeenyaa sun guddina naannichaaf gumaacha taasisuuf fedha ol-aanaa qaba.

3. Soda, miiraa fi hawwi tokko tokko garee adda baasii kaa'i/

Waa'ee gareewwan walitti bu'ani argisiisuu utuu hin taane gama walitti buutotaan himoora jee akkana jettee kaa'uu ni dandeessa,
Akkanan sodaadha/ sodaanna Akkanatti natti dhagahama/nutti dhagahama akkanan hawwa/hawwina

GAREE 1 ABBAQABEENYAA

Nan Sodadha

- ⦿ Hawaana naannoonaan miidhamni narra gaha jedheen sodaadha.
- ⦿ Hawaasichaan doorsisi narra gaha jedheen sodaadha.
- ⦿ Fudhataman qabuu fi gatii hojii koo nan dhaba jedheen sodaadha.
- ⦿ Qabeenyi koo ni miidhama jedheen sodaadha.
- ⦿ Karoora misooma naannichaai irratti hirmaannaan ani qabu ni gufata jedheen sodaadha.
- ⦿ Hawaasa naannoonaan fi namoota kaaniin miidhamni narra gaha jedheen sodaadha.

Natti Dhaga'ama

- ⦿ Mootummaa fi hawaasa naannoonaan akkan gowwomfame natti dhagahama.
- ⦿ Naannichatti misoomaa fi nageenya jabaadhee hojjechuun koo rakkoo biroo akka natti fide natti dhagahama.
- ⦿ Callisuu mootummaaf komadheera.
- ⦿ Abdii akkan kutadhe natti dhaga'ama.
- ⦿ Gareewwan fedhii biroo qaban akka gidduu seenan natti dhagahama.
- ⦿ Namoonni investeroota biroon dhiibamaa akka jiran natti dhagahama.

Nan Hawwa

- ⦿ Mootummaan rakkinchaa akka furu nan hawwa.
- ⦿ Dargaggeessi investimentii kanarraa bu'aa hedduu akka argatu nan hawwa.
- ⦿ Sadarkaan jireenya hawaasaa akka fooyya'u nan hawwa.
- ⦿ Naannoonaan kana nageenyii fi badhaadhummaan akka guutu nan hawwa.

GAREE2: BAKKA BU'AA HAWAASA NAANNICHAA

Nan sodaadha

- ⦿ Fedhii abbaa qabeenyaay guutuuf jecha nuti akka hin gurguramne nan sodaadha.
- ⦿ Ijoollee keenya nyaachisuu akka hin dadhabne nan sodaadha.
- ⦿ Ijoolleen ijoollee keenyaay akka hin gidirfamne nan sodaadha.
- ⦿ Akka bakka buhumsa keenyaatti fudhatama hawaasa keessatti qabnu akka hin dhabne nan sodaadha.
- ⦿ Enyummamaa keenya dhabna jedheen nan sodaadha.

Natti dhaga'ama

- ⦿ Kun karaa gabroomfannaay isa tokko akka ta'e natti dhaga'ama.
- ⦿ Akka gurguramne natti dhaga'ama.
- ⦿ Aanga'oonni mootummaa malaammaltummaa akka nyaatan natti dhaga'ama.
- ⦿ Dhalooni dhufu weerara aadaan akka miidhamu natti dhaga'ama.
- ⦿ Lafa keenya eeguu akka qabnu natti dhaga'ama.
- ⦿ Akka weeraramne natti dhaga'ama.

Nan hawwa

- ⦿ Abbaan qabeenyaay sun lafa keenya gad dhiisuutuu utuu deemee nan hawwa
- ⦿ Mootummaan gidduu seenee wanta nuuf ga'aa ta'e akka nuuf kenuu nan hawwa
- ⦿ Lafa keenyaay fi uummata keenya weerara aadaa irraa dhorkuu nan hawwa

4. Gaaffiilee maree ijoo fayyadamuudhaan fedhii, adda addummaa fi riqichawan walii galtee warra walitti bu'anii adda baasii kaa'i.

Fedhii walitti buutotaa keessaa kamtu wal fakkaatu? Isaan kamtu immoo adda addadha? Miirawan, faayudaawwan (hawwiwwan) fi sodaawwan riqichawan walii galtee wal fakkaatan jennu garuu hundaa yokaan galma adda addaa qabanidha. Fakkeenyaaaf, walitti bu'aan kamuu gowwomfamuu (ridiculed) hin fedhu. Garuu walitti bu'aa lammaffaan sana gochuu dandaha jedhee sodaata. Sodaan kun qaamonni walitti bu'an lamaanuu kan qooddatanidha. Maddi sodaa keenyaay yoo adda adda ta'elgee sodaan kun lachuun isaanii kan itti walii galanidha.

Sadarkaa 4: Hirmaattonni akka mari'atan taasisuudhaan deebii isaaniis waraqaa galagalu irratti tarreessi. Gaaffiilee walii galtee ijoo deebii hawaasichaa yokaan bakka bu'aa hawaasichaa

GAAFFIILEE WALII GALTEE IJOO	DEEBII ABBAQABEENYICHAA	DEEBII BAKKA BU'AA HAWAASICHAA
Walitti bu'iinsa keessatti hirmaachuun siin maal si fayyada?		
Walitti bu'iinsa kana keessaa yoo baate maal miidhamta?		
Nageenyi utuu jiraatee ati waan fooyya'aa akkamii argatta?		

Haala fakkeenya kanaan bu'aan eegamu warra armaan gaditti tarreeffaman fakkaachuu danda'a.

GAAFFIILEE WALII GALTEE IJOO	DEEBII ABBAQABEENYICHAA	DEEBII BAKKA BU'AA HAWAASICHAA
Walitti bu'iinsa keessatti hirmaachuun siin maal si fayyada?	<p>Qabeenya koo dhabeera. Mirga hojjechuu koo dhabeera. Qabeenya baay'ee ergan dhangalaasee booda dhuma irratti harka duwwaa hafeera. Seera hordofeen hojjechaa jira. Seeronni idil-addunyaa kennamaniiru. Amantaan mootummaa irratti qabu gad bu'eera. Hojichi bu'a-qabeessa ta'ee argeera. Jirenya hiyyeessotaa jijjiiruuf fedha guddaan qaba.</p>	<p>Aadaa fi eenyummaan keenya salphateera. Lafti keenya nuuf eegamuu qaba. Hojji amantaan irratti gatamu miti. Humni ijoollee keenyaa akka qisaasamu taasisa. Amantaa mootummaa irratti qabnu dhabneerra. Lafa keenya eggachuu qabna. Aadaa fi lafa keenya eegnee dhaloota dhufuuf tursuu qabna. Abbaan qabeenyichaa lammii alaa waan ta'eeq qabeenyicha hunda biyya isaatti ceesisa.</p>
Walitti bu'iinsa kana keessaa yoo baate maal miidhamta?	<p>Hojji kanarra turuuf ofitti amanamummaa koon dhaba. Maqaan koo baduu danda'a. Qabeenya najalaa manca'eef beenyaa hin argadhu. Kufaatiin hamilees ta'e xiin-sammuu na mudata.</p>	<p>Dargaggoonni abboota isaanii irraa amantaa dhabu. Lafti keenya nurraa fudhatama, aadaan keenya kan biraan makama. Lolli dhuunfaa ka'u danda'a. Mootummaan waan hawasa keenya miidhu kan biraan gochuu danda'a.</p>
Nageenyi utuu jiraatee ati waan fooyya'aa akkamii argatta?	<p>Hawaasi naannoo misoomicha irraa fayyadamaa akka ta'u jabaadheen hojchedha. Hojji koo itti fufiinsaan hojjechuuf nageenyi akka jiraatum dhamaha.</p>	<p>Mootummaa fi qaamolee hunda giddutti walii galteen waloo ni uumama. Misoomicha irraa hawaasi naannoo qabata-maadhaan fayyadama.</p>

Sadarkaa 5: Filannoo furmaata nama hunda fayyadamaa taasisuu barbaaduu. Fedhiwwan, adda addummaawwanii fi riqichawwan walii galtee gareewan walitti bu'iinsaa gjidduutti nageenyi itti fufiinsa qabu akka jiraatu jaarsoliin furmaata jara hunda fayyadamoo taasisan kan itti calaqqisiisanidha. Hirmaattota waliin filatamoo fi hojiin kan mul'achuu kan danda'an furmaataawwan hunda fayyadamoo taasisan irratti mari'adhaa.

GAAFFIILEE	ABBAQABEENYAA	DEEBII BAKKA BU'AA HAWAASICHAAN
Filannoowwan keessaa hojiitti hiikamu jedhamanii kan yaadaman duraaduubawwan kamtu fudhatamuu qabu?		
Duraa duuba kanneeniif maal gumaachuu dandeessa?		
Waa'ee walitti bu'iinsichaa waan haaraa maal hubatte?		
Faayidaa keef jedhamee maaltu siif jijjiirame?		
Adeemsicha irraa gudunfaa akkamii irra geesse?		

Kutaa kanaa fi itti aanan keessatti dandeettiwwanii fi meedhaalee jaarsummaa ilaachisee qabxiilee barbaachisoo ilaalleerra. Itti dabalees waliin dubbiin baay'ee wal-xaxaa qofa utuu hin taane rakkisaa ta'uu isaas ilaalleerra. Garuu jaarsummaan ba'eessi yeroo adeemsa jaarsummichaa bu'aan akka argamu gumaacha ol-aanaa taasisa. Walitti buutonni ilaalcha isaanii akka jijjiiranii fi dhuma irrattis gara furmaata waloo fudhataniitti akka dhufan; gareen lachuu akka walii galanii fi kan caalu immoo inni tokko inni kaan na hubateera hubannoo jedhu keessa galuu qabu. Kana gochuun immoo hojii jaarsichaati. Boqonnaan itti aanu isa kana akkamitti milkeessuu akka dandeenyu nutti argisiisa.

III.8 Jabina walitti bu'lisawwanii keessattii fi sadarkaalee jalqabaa irratti faajidaa jaarsummaa qofa qofaatti taasifamuu

Walumaa galatti adeemsa jaarsummaa qofa qofaa jechuun jaarsichi akka "kolloo" waya dhoofuu garee tokkoo isa biraatti naanna'ee yeroo tokko tokko immoo odeeaffannoo garee lachuu gidduu jira qabaa hujeta jechuudha. Jaarsoliin marii qofa qofaatti taasifamuu jalqaba jaarsummichaa irratti haalota mijatoo uumuu fi warra walitti bu'e gidduu heyyamummaan maree jiraachuu isaa mirkanoeffachuuf itti fayyadamu. Kaka'umsa garee tokkoon jaarsoliin yommuu afeeraman jara kaanitti dhi'aatanii jaarsummaan akka adeemsifamu heyyamamoo ta'u isaanii mirkanoeffachuu qabu. Jaarsummaan qofa qofaa walitti buutonni sun walitti bu'iinsicha irratti yaada mataa isaanii biisaan akka kenneen carraa kennaaf. Jaarsoliinis walitti bu'iinsicha gad fageenyaa qorachuuuf, seen-duubee ka'umsichaa, hundee isaa adda baasuu fi sababa walitti bu'iinsicha haalaan hubachuuuf carraa kennaaf. Kun immoo tooftaa adeemsichaa barbaachisaa akka qopheeffatan isaan gargaara.

Yeroo jaarsummaa duraa

Jaarsummaan qofa qofaatti ta'u amala jaarsummaa aadaa ltoophiyaati. Kutaalee biyya keenyaa adda addaa keessatti yeroo walitti bu'iinsa maatii fi hawaasaa jaarsoliin yeroo baay'ee araarsuun kaka'umsa mataa isaanii fudhatu; yokaan rakkoo uumame furuuf warra kaaniin afeeramu. Jaarsoliin adeemsa jaarsummichaa eegaluu isaanii dura warra walitti bu'an gidduuutti fudhatama argachuuf itti fayyadamu. Achumaanis waa'ee walitti bu'iinsicha beekumsa argatu. Yoom akka wal arganis wal beellamu. Yeroo itti wal argan wal beellamu qofa utuu hin taane haal-sima sadarkaa walitti bu'iinsicha, akkasumas ejjennoo walitti buutotaa hubachuuuf kun carraa gaarii isaaniif ta'a.

Maree qofa qofaatti taasifamu (Caucus Group Discussions)

Jaarsummaan qofa qofaa yeroo baay'ee kan fayyadamu yeroo walitti bu'iinschi hammaatuu fi walitti buutonni walii dubbachuuufi ta'e ijan wal arguufuu yeroo fedha dhabanidha. Akkasumas walitti buutonni maree isaanii itti fufuuf yeroo itti muddama keessa seenan fayyada. Yeroo kana jaarsoliin maree waloo sana addaan kutanii tokkoo tokkoo garee walitti bu'ee sana waliin tokko tokkoon maree taasisuu barbaachisa. Kana gochuudhaan gareewwan mareef yeroo argatu; jaarsoliin gidduuutti ilaalcha haaraa akka argatanii fi gara maree waloo dhufuun dura ejjennoo isaanii akka sakatta'an isaan gargaara. Yerooma wal fakkaatutti jaarsoliin dubbiilee hedduu bira ga'uu danda'u. Yokaan barbaachisaa yoo ta'e adeemsa itti aanu keessa deebi'uun danda'u. Mareen gam-lamee kun jaarsoliin fi walitti buutota gidduu wal amantaan akka jiraatu taasisa. Jaarsummaan qofa qofaa yeroo adeemsifamu ragaaleen icciitii ifa yoo ta'an jaarsoliin qormaata keessa galchuu danda'a. Kanaaf yeroo jaarsummaa heyyama yoo argatan malee icciitii kana fayyadamuu hin danda'an. Yeroo tokko tokkos odeeaffannoowwan icciitii kun walitti bu'iinsicha qabbaneessuuf ga'ee murteessaa qabaatu. Jaarsoliin gochuu kan danda'an walitti buutonni gara walitti bu'iinsichaatti yommuu deebi'an waa'ee dhugichaa ifatti akka mari'atan jajjabeessuun qofadha. Yeroo tokko warri walitti bu'an jaarsoliin odeeaffannoowwan icciitii ifatti akka baasan dhiibbaa irratti taasisu. Ogeessi jaarsummaa dhugaan yeroo akkanaattis dhimmicha keessaa ala ta'u qajeelfama jedhu hordofa.

Jaarsummaa qofa qofaatti taasifamu keessatti namni tokko jaarsichatti icciitii yoo hime dhimmicha akkamitti ilaaluu qaba?

- **Kana maaliif natti himte?**
 - **Maal akkan godhu eegda?**
 - **Sababni sodaatteef maali?**
 - **Adeemsa jaarsummichaa keessatti bifaa kamin mari'achuu dandeenya?**
 - **Dhugaa kana qabachuudhaan adeemsa jaarsummichaa irratti akkamitti dhiibbaa taasisuu yaadda?**
 - **Qaamonni sun yaada furmaataa fiduuf ni dirqisiifamu.**
1. **Ajandaa dhokataa?**
 2. **Yaada irratti walii galan argachuun akkamitti odeeaffannoo dabarsuun danda'ama.**

“ኩይቃጠል በቅጠል!” “Otoo hin gubatin baalaan” (Mammaaksa Amaaraa)

Kaayoo	Dhuma leenjichaa irratti hirmaatotni gulantaa walitti bu'insaa Fireedirik/ Friedrich Glasl salgan ni hubatu
Yeroo kenname	Daqiqaa 150
Beekumsa ka'umsaa	III.1 Walitti bu'insa hubachuu
Meeshaalee gargaarsaa	Kaardi halluwwanii garagaraa , Markaroota
Duraa fi duuba	<p>Sadarkaa 1: Moodelota Gulantaa walitti bu'insaa Fireedirik/ Friedrich Glasl salgan beksisi. Mata duree kana irratti hirmaattotaaf yaadannoo kenni</p> <p>Sadarkaa 2: Moodelota gara hojiitti jjjjiri.</p> <p>Sadarkaa 3: hirmaatotni akka waliin maryatan taasisi</p>

Akkuma gilgaala irratti agarre gulantaan jaarsummaa giddu galummaan jaarsolii⁴⁶ cimee gara qaamni sadaffaan akka giddu seene ta'u isaati. Jechi "cimuu" jedhu yeroo hiikamu kan ittiin wal qabatu miidhaa qaama irra gahu dabalateeti. Fireedirik GilaaZil/ Friedrich Glasl walitti bu'insa⁴⁷ dura dhaabbachu kitaaba isaa jedhu keessatti laphe jabina gulantaalee sagalitti qoqquodeera.Qabxilleen ka'umsaa Jaarsoliin hubachuu qaban akka qophaa'anii fi shoora jaarsummaa yeroo fudhatan tooftaa barbaachisaa akka ka'an waan gargaaruufiidha.

⁴⁶ Kuttaa III.3.4 Gilgaala fiixee Muka Jaarsummaa jedhu fuula 39 ilaalaa.

⁴⁷ Glasl, F (1999)

III.9.1 Gulantaalee cimina walitti bu'insaa Fireedirik Gilaazil/ Friedrich Glasl salgan beeksisuu⁴⁸

1
2
3
4
5
6
7
8
9


1. Mata jabeenyummaa /yaada nama biraa fudhachuu diduu/
Walitti bu'nsii kan inni eegaluu osoo hin hubatiin yaadni walitti bu'uun gara dubbii cimaatti wayita seenuudha. Sadarkaa kanatti gareewaan lameenii maryachuun furmaata fiduun nidanda'ama
2. Morkii/Mormii fi fallaa adeemuu
Ilaalchonni adda addaa gara walitti bu'insaatti nama geessu gareen inni tokko isa biraa irratti dhiibbaa geessisu barbaada.
3. Dubbii dhiisanii gara hgochaatti cee'u
Gareen walitti bu'an yaadni isaanii fudhatamummaa akka argatu waan barbaadaniiif dhiibbaa uumu boodas marichi kallattiisa gad dhiisa. Isa boodas walitti galteen adeemsifamu hin jiraatu.Walitti bu'nsi haala yaaddessa keessa galuun gara sadarkaa hin barbaachifneetti gala.
4. Murtee fi qindoomina
Walmorkii sana waliin walitti dhufeneenya kan hin qabne fakkii addatu uumama. Gareewwanis haalicha fedhuun jechoota hin mallee jechuu eegalu.
5. Nama duratti simboo dhabsiisuu
Maalummaan garee mormitoota sanaa ni bada. Nama duratti simboo dhabu yoo jennu miira olaantummaa dhabu jechuu keenya.
6. Tarkaanfii sodaachisuu agarsiisu
Gareewan walitti bu'an haalicha to'achuudhaaf kan yaalan sodaachisudhaani. Waan gareen inni tokko barbaadu gareen biraamimmoo battaluma sanatti gatii dhabsiisa.
7. Badii muraasa uumuu
Gareen faallaa jiru akka namaatti hin lakkaa'amu, karaa kamiinu yoo ta'e ni sobu, miidhaati isaan irra gaha,xicqaatusqabeenya nama dhuunfaa barbadeessun fudhatamummaa qaba. Qabeenyi Garee faallaa hanga miidhametti garagaluun fudhatamummaa qaba.
8. Gargar wal quodu/ baasuu
Kaayyoonsaas garee faallaa ta'an gargar baasuudha.Caasaa miseensota murteessoo ta'anii gara qaama to'annoona ala ta'etti yookaan gara xiinsammuu fi hawaasaatti adeema.
9. Walii wajjin halayyaa lixuu
Duubatti osoo hin jedhin hunduma fuul-dura dhaabbachuu.Garee faalla injifachuuf qabeenyuma dhuunfaa ofillee barbadeessun ilaalcha keessa gala.Fudhatamummaa argata.Tarii warra biraa balleessun haala ittisuun hin dandeenye keessa galus gammachuu namaaf kenna.

⁴⁸ Glasl, F (1998)

III.9.2

Gulantaalee salqan akka agarsiiftuutti itti qargaaramun qara hojiitti hiikuu

Kaayoo	Moodelicha walitti bu'insa kam keessatti iyyuu maatii,hawaasa,sadarkaa biyaaf addunyaatti itti gargaaramu dandeessa. Hubannoo hirmaatotaa babal'isuuf moodelicha itti fufiinsaan agarsiiftuu itti aanu irratti ni gargaaramna. hirmaatotni cimina walitti bu'insaa waan qabaniif human isaanii guutuu hubachuun bal'isu
Yeroo kenname Meeshaalee gargaarsaa	Daqiqaa 60 waraqaa dadachaa'u ittiin barsiisan, maarkeroota
Duraa fi duuba	<p>Sadarkaa 1: Dhimmi ijoo beeksisi. Seenicha karaa armaan gadiitiin dhiheessuu ni dandeessa.</p> <p>Hawaasni gosa lama naannoo riqicha lageen lama wal qunnamsiisu bira obbolummaan jiraachaa turan. Fuudhaaf heerumaan walitti hidhamuun kan baratame ture. Daldalli waliinis gaarii ture.Kutaan hawaasa lakkofsaan gad aanaa ta'es kabajaan jiraataa ture. Gaggeessitootni hawaasa kana lamaanii waliin ta'uudhaan yaada piroojeektiin mana barumsa haaraa wixinessaa turan.</p> <p>Manni barumsichaa garammitti akka hoijetamuu malu mурteessuu irraa kan hafeeqabxilee hundarratti waliif galaniiru.Gaggeessitootni hawaasa lamaanii manni barumsichaa laga isaanii biratti akka jaaramu barbaadu.</p> <p>Sadarkaa 2: Fakkeenyi kun dhimmichi gulantaalee salganiin yeroo ilaalamu akkamitti akka fudhatamu agarsiisa</p>
Gulantaa 1: Mata jabeenyummaa	<p>Walitti bu'insi kan eegaluu yaada walitti bu'uinsaaf yaadame irraa kan maddu miti. Namoonni yaada adda addaa iftoominaan kan wal jijiiraa turan wayita ta'u sadarkaa kanatti garuu fedhiin isaanii ni hir'ata. Yoo xiqaate gareen inni tokko mormuu eegala. Miirri isaanii ni bokoka al tokko tokko miseensi hawaasaa aariidhaan dubbachuu ni danda'u. Haata'u malee, gareen inni tooko isa biraa amansiisuuudhaan furmaata argamsiisuuf abdiif godhatu.</p>
Agarsiiftuu:	<p>Hawaasni halluu Burtukaanaa (gara bitaatin): "Iddoon kun gaariidha riqichattis dhihoodha kanaafuu namni kamu rakkoo malee mana barumsaa gaha"</p> <p>Hawaasni magariisaa (gara mirgaatin): "Dhugumaan namoonni hedduun naannoo nuti jiraannu jiraatu. Kanaafuu manni barumsichaa nu biratti ijaaramuu qaba".</p> <p>Hawaasni halluu Burtukaanaa: "Karaa keessan namni akkam yoo baay'ate iyyuu rakkoon hin uumamu". Hanga kana barbaachisummaa hin qabu.Jaarsoliif namoota naannoo waliin maryadhee rakkoo kanaaf furmaata kennuuf deebi'een dhufa.</p>



Gulantaa 2: Mormii fi fallaa

Gareen lamaanu wal amansiisuuudhaaf yaalii godhanu irratti ofitti amanamummaa isaanii ni dhabu. Garee biraam ammas ni dubbisu. Haata'u malee yeroo haasaa isaanii kaayyoonaanisaanii garee faallaa sanarra garee isaaniirraa deeggarsa argachuuf garee faallaa amansiisuuudha. Dubbiifafaanitiin kan caalan ta'u agarsiisuuuf ni yaalu. Kanaafuu haasichi kan malli itti baay'ate ta'a. Ergaan dhoksa haasaawa isaanii kan garee biraam ceepha'u ta'a.

Agarsiiftuu: Marii Bilbilaan Raadiyoo buufata naannoo isaaniirraa kallattiin darbu.

Gareen hawaasa haallu Burtaakaanaa "dhimma kana itti gaafatamaan kana dura ture waliin maryachuu dadhabuu kootiif baay'een gadda amma biiroo keessaa argachuuf hin dandeenyu. Inni yeroo hundumaa marii gaariidhaaf of kennaa ture.

Hawaasni garee halluu magariisaa: Kuna kan baratameedha, Miseensota mana maree keessanii irraa osoo hin haafin, nama dhaggeeffachuu irra nama ceepha'uun akka isiniif mijatu dhaaga'eera.

Hawaasni garee halluu Burtaakaanaa "wal haa amannu malee dhimmicha irratti gadi fageenyaan akka irratti hin yaadne yoo amantaa gaariidha. Isiniif iyyuu yoo ta'e manni barumsichaa gama keenya yoo ijaarame ifin fayyada. Faayidaa hawaasa keessanii eegsisuuuf hin carraqxanu.

Hawaasni garee halluu magariisaa: "Hojji akkamii hojeettaa? Kanaan dura yaada keenya fudhattanii turtan. Maaloo hin yaadatanu? Dandeettiin waa yaadachuu keetii jirrenyuma dhuunfaa keetirrattu akkasuma laafaadhaa?"

Gulantaa 3: Gocha oduurra darbe

Bu'aa tokko malee erga waliin maryatanii booda waliigalteerra gahuu hin dandeenyu jechuudhaan abdii kutu. Halota gara fuula duraatti dabarsuuf fedhii qaban irraa ka'un gareen inni tokko garee kaan otoo hin maryachiisin dhuunfaatti tarkaanfii fudhachuu eegala. Yeroo baay'ee kan kana godhu garee tuffiidihaan hirmaanna taasisuu dha. Gareen inni biraagaruu akka waan mo'ametti akka waan gowwofameetti yookaan akka waan gurgurametti waan of ilaaluuf in aara. Al tokko yoo sarara kana irra tarkaanfatan jaarsummaa qaama sadaffaa malee gara mariitti dhufuu rakkisaa dha. Sababni isaa wal shakkiin hundeeerraa waan jiruufiidha.

Gareen tokko yoo tarkaanfii fudhate gareen biraas tarkaanfidhuma sana fudhata, waliin maryachuu rakkinicha furuuraa amantii waan hin qabneef. Irra deddeebiidhaan waliin maryatu ta'us yaadaan wal amanurra tokko gochaa isa tokkoof hiika kennuu filateera. Hiikoon hin barbaachifne suuta suuta iddo olaanaa argachaa deema.

Agarsiiftuu: Yeroon murtaa'e erga darbee booda gaggeessitootni garee lamaanii deebi'anii wal argan.


Hawaasni halluu Burtukaanaa: "Beektaa abbaa aangoo tokko haasofsiisee pilaanii ijaarsaa galcheera. Kunooti pilaanii ijaarsa mana barumsaa ilala. Yaada kootti baay'ee gammaduudhaan battalumatti waliigale".

Hawaasni magariisni: "Akkamittii akkas goota? Jalqabatti hawaasa keenya haasofsiifna waan waliin jennee turre natti fakkaate, na gowwoomsiteetta".

Hawaasni garee Burtukaanaa: "Gowwaa hin ta'in, barabaraan akka waliin maryachaa hin jiraanneni beektaBakka bu'unnoo yeroo dhufanan carraa koo yaale.

Ammas yeroo murtaa'eetu darbe amma immoo hawaasni magariisni darabeesaa tarkaanfi fudhate.

Hawaasni magariisni: "Dhimma kanatti baay'ee akka gammaddu nan beeka. Hawaasa keenya maryachiise manni barumsichaa bakka ani barbaadutti akka ijaaramuuf dhaabbata tola oltummaan argadhe. Kun oduu gammachiisaa dha nama hin dhibu? Kanarratti immoo situ akkan ariifadhu natti hime. Nan amana yaadni kun si gammachiisera.



Gulantaa 4: Firdii fi qindoomina

Walitti bu'insichi itti aansuudhaan maal hoijetu? Jabina argachuuf waan deeggarsa guurrataniif namoonni baay'een irratti hirmaatu. Midyaalee hawaasaattis ni gargaaramu, xalayyaa ni barreessu, toora websaayitii irratti odeeffannoo ni baasu. Yookaan fira koo yookaan lammii koo gargar ba'umsa jedhu keessa galu. Diinni diina kooti fira kooti yookaan firri diinni kooti diina kooti jechuu ni dabalata. Gareewwan tokkummaa uumuuf ni socho'u. Qindoominichis yaada ofii qofaa duukaa kan luucca'eefi gareesarraa ceephoo kan hin fudhannee ta'a. Yaada kennuun mataansaa akka diinatti akka ilaalamana taasisa/Ati nu waliin moo diina keenya/. Garee sana keessatti yaadni deeggarsaa hanqina qaba.


Walitti murteessuuf fudhatamummaa dhabsiisu eegala, kana booda rakkiniyi yaada tokko qofa irratti walii galuu dadhabu jedhamee hin fudhatamu. Gareen tokko walii galatti akka rakkotti ilaalaama. Isaanis kan boodatti hafan, ofitto, warra human hin qabne kkf ta'u. Dhoksaatti kakaasuu eegala. "Kunis kanan barbaadu fudhadheera/sadarkaa sadaffarra akka jirutti jecharra kan darbe"/ yaada jedhu qabachuu qofaa osoo hin taane faayidaa irraa hin argatin iyuu malee kaayyoo garee isa tokkotti cilee dibu, nyaachu baadhus nan garagalcha yookaan balleessuudhaaf ilaalchi hunduma miidhu ni mo'a. Yoona gochichi akka tasaa uumamusaa ni haalu. Haata'umalee, garee biraakka sumatti akka uumamee yoo dhaga'ame itti caala.

Agarsiiftuu:

Hawaasni garee Burtukaanaa miseensa gareesanaatiif: "Guyaa Roobii bakka bu'oonee tola ooltotaa bahanii iddo manni barumsaa itti ijaaramu dhagaa bu'uuraa bakka fedhanitti waan ka'an otoo dubbatamu dhaga'eera. Kan dhufanis daandii keenyarran waan ta'ef riqicha keenyattis in gargaaramu. Kanaafuu karaa cuuuudhaan guyichi akka hin ayyaneffatamnetti ni gufachiifna. Boodas ayanichi kan hafeef waan isaan akka gaariitti itti hin qophoofneef jennee gabaasa dhiheessina. Waa'ee cufamu daandii yoo nu gaafatanis sababa balaa akka cufame deebifnaaf" jedhuun.

Hawaasni garee magariisa: "Erga kun ta'e booda uummataa isaanitiif kun kan ta'e sababa balaakan uumame miti. Nuti mana ijaaruuf karoorfachuu fi ijaaruuf muuxxannoo gaha qabna. Isaan muuxxannoo hin qaban. Boodatti hafoofi kanneen hin baranneedha kanaaf nuti gara qaama mootummaa kan beeknu hunda bira deemne mana ijaaruu kan hin dandeenyefi kan hin baranne akka ta'an amansiifna.

Hawaasni halluu burtukaanaa: "hawaasa keenyaaf maal goona gareen hawaasa magariisa dhaabbata tola ooltummaa kan argate biyya alaa irraa akka ta'e itti himnee keessoo keenyatti immoo qaamni alaa akka nu keessa hin galleetti itti himna. Ibsa Gaazexaa irratti kennamuuf mata duree isaa" Miseensi garee magariisa jireenya ilmaan keenya gara fuuladuraa abbootii qabeenyaa biyya alaatti gurguruuf" jennee barreessina. Hiriira nagaas ni qindeessina. Dargaggooni keenya goota ta'an gara miseensonni garee magariisa itti mana barumsaa ijaaruuf qophaa'an deemanii balleessuu danda'u. Kanas kan godhan ajaja keenyaan miti. Kunis kan ta'u danda'uf dhiphina uumamee fi sababa namootni dubbii barbaadan garee hawaasa magariisa keessa jiranifi.



Gulantaa 5: Simboo Dhabu


Hanga ammaatti miidhaan kan gaha ture dandeettii faallaa irratti kan bu'ureeffate ture /kan hin baratin kan boodatti hafe, kan hin yaadneefi kkf/ itti fufuu gareewwan waa'ee dandeetti isaanii wal gaafatu. Gareen faallaa kan gahumsa hin qabne yoo ta'e qofaa osoo hin taane akka yakkamtootaatti akka waan sammun isaanii dhukkub-sateetti sobdoota warra nama haalan akka ta'anitti yaadu. Mirga namummaa isaanii irraa fuudhu. Gareen gochaa kana yaade immoo ragaa argachuuf fiiga. Altokko argannaan battalumatti hawaasa biraan gahu. Yeroo kana gareen miidhame deebiin inni kennu ulfaataa ta'a deebicharrattis gareen biraan yakkamaaf sobduu akka ta'e mirkaneessuuf yaala. Kanaaf dubbicha qabbaneessuuf tarkaanfii fudhachuu eegalu. Waliigaluu diduuf sababni tasuma hirraanfata-ma. Amma dhimma kabajaa ta'a.nuti dhimma lubbuu irratti gargaarsa akka hin goone keessaa baafna.

Agarsiiftuu:

Miseensi garee hawaasa magariisa: mana barumsaa ijaaruu eegalan. Galgala tokko akka tasaa ibiddi ka'un muka mana barumsaa ijaarsaaf dhufe gube. Baay'ee aaraniiru. "Garee warra burtukaanatu haa ta'u jedhee ibidda itti qabsiise. Jarri hidhattoota yakka dalaganiidha, nama aijeessanii kan dhimma hin qabne. Kun immoo hangam hamoota akka isaan ta'an agarsiisa."

Miseensi garee burtukaanaa darabeesaa: "Isaan sobdoota nuun yakkamtoota nu gochuudhaaf ibiddicha cal jedhanii qabsiisan. J'i a tokko dura dubartiin isaaniin gudeedamte nu gidduu jirti. Namoonni kun nu yaaddessu. Namoota hamoo akka ta'an hanga har'atti arguu dadhabne? Kana waliin kana booda firoomuun hin barbaachisu.

Duraan dursa gareen hawaasa magariisa fi burtukaanaa bakka bu'an waliin ta'udhaan kutatoo yookaan yakkuma meesha baatee yakka hojete miseensa garee kam iyuu haata'u qabanii adabuuf waliin hojjechaa turan. Waqtii dhiphinaa kanatti taatee kana garee tokko "eenyummaa dhugaa" akka ta'e lallabuudhaan hawaasichi haaloo bahan-naaf akka dadammaqaniif itti fayyadama.




Gulantaa 6: Tooftaa Doorsisuu

Yeroo baay'ee gulantaa kanarratti haalonni gara sadarkaa gadheetti deemu. Walitti bu'insichis jecha arrabaan waldoorsisuu irratti xiyyeffata.Ta'us akka sadarkaa lammaffaa jecha haxxummaan osoo hin taane doorsisa cimaadhaani. Fedhii cimaa yeroo murtaa'eef kaahachuun kan raawwatamu ta'a. doorsisawwan kunneen cimoo dha. Haata'umalee, gareen faallaa fedhasaa guutatta jechuun waan hin yaadamne ta'u arguu dhabu.

Agarsiiftuu:

Hawaasa magariisa: yakkamtootaaf ajajaa poolisii dabalatee akka nuuf gadhiiftan isin gaafanna sababni isaa akka ragaan isaan qaqqabe beekna. Kanaafuu, dhiifama gaafadhaa. Kun ta'u kan danda'u immoo saati 48 keessatti kana ta'u baannaan riqicha keenya cufna.

Gareen hawaasa burtukaanaa: eenyunuu dabarsinee hin kenninu sababni isaa waan goone waan hin qabneef. Yakkamaa nu gochuu keessan dhaabaa, ajajaan keessan dhimma kanarratti akka sobe beekna.Kanaafuu hojisaad gadhiisu qaba.Ta'u baannan human annisaa keenyaa isa isintitti gurgurre gargar kutna.Kana booda namoota soban faana hojii hojjennu tokko hin qabnu.




Gulantaa 7: Badii muraasa

Gareen lamaanuu waan gaafataniif gaafataman guutuuf dhiisuun isaanii shakkisaa waan ta'eef sodaachisisun fiixaan bahu waan qabuuf gareen tokko garee biraan irratti badii gad aanaa geessisa. Muraasas sababni isaa qajeelfamaan qaama irratti kan miidhaa geessisan miti. Gareen biraan akka moo'ametti harkasaa akka kennuf. Altokko tokko gareen abdii kutannaadhaan kana gochuun keenya nu hin gammachiisu ta'u iyuu hanga hin moo'ametti filannoo hin qabnu yoo jedhan ni dhagahama. Gareen lamaanuu badii irra gaheen miidhamaniiru. Haata'umalee, miidhamni garee biraan guddaa yoo itti fakkaate miira injifannootu itti dhagahama, badiin inni biraan immoo ifumatti maqaa balleessuu dha. Garee faallaa akka dinaatti akka bineensaatti lakkaa'uf kkf tti fakkeessuudhaan xureessu. Deebii kennun kun hawaasa keessatti akka tarkaanfii barbaachisaa ta'etti ilaalamu. Fakkeenyaaaf kan ija jaamse ijjiisaa haa jaamu namni nama ajeesse loowwan soddoma haa kennu, namni nama tokko ajeesse maatiin isaa hundumtuu haa ajeeefaman. Du'u nama tokkoof rukuttaan helekooptaraa fi kkf.

Agarsiiftuu:

Riqichiwwan cufamaniiru. Daldallis dhibbaa dhibbaatti dhaabbachaa jira. Humni annisaa guutummaatti citeera. Hawaasni gara magariisaa qarshii isaanii jeneretaraaf baasutti dirqamaniiru. Namoonni garee warra biraan keessa jiraatan baqachaa jiru otoo baqatanii yoo argaman in reebamu ni hidhamu yookaan ni haryatamu. Qarshiin isaanii irraa fuudhama yookaan manni isaanii ni gubata.



Gulantaa 8: Diina gargar hiru

Badiin sasalpaan akka gareen bira harka kenu hin taasisu taanan gareewwan tarkaanfiin isaan fuuladuratti fudhatan caasaa mormituu akka diiganitti yaadu. Akkaataa walitti bu'insaa eegsisuuf jennee nama dhuunfaa, maatii, hawaasa, dhaabbataa fi kfk jechuu ta'u danda'a. Diddiguu jechuun ajeesuu jechuu ta'u dhiisuu danda'a. Maatiin ajeefamuu danda'a. Kun immoo badii hawaasarra gahuu dha dinagdeen dhaabbatas diigamuu danda'a. Akka jecha loltuutti kana jechuun /akkuma sadarkaa 7/ boombii dhaabbataa irratti darbachuu qofaa osoo hin taane giddu gala humna diinaa to'achuu jechuu dha.


Agarsiiftuu:

Gareen haalluu burtukaanaa dhaabbilee misoomaa barbadeesse, dhiheessa nyaataa dhaabsisuuf daandileen gara hawaasa magariisaatti geessan ni cufaman. Hawaasa nu bira jiran ofiti fudhachuu hin dandeenyu. Soda nageenya keenyaati. Lagnumti addaan nu quodu illee nageenya keenyaaf amansiisa miti. To'annoo keenya jala galuu qabu. Lammileen lamaanuu namoota siyaasaa ajeesaniiru. Gargaartota jedhamanii kanneen shakkamanis maatii isaanii waliin yeroo lolaa du'aniiru. Gareen lamaanuu kufaati gaggeessaa isa tokkoo arguuf ariifata dandeetti humna waraanaa waan hin qabneef booji'u dhiisan.

Gulantaa 9: Walii wajjin halayyaatti

Gareen inni tokko (lamaanuu) isa tokko injifachuu akka hin dandeenyeye yeroo hubatanitti waan hundumaa akka dhaba jiran yeroo galuuf ammas garee bira balleessuuf karaan biraan akka jiru hubatu. Kunis ofii isaanii balleessuu yookaan akka jecha yeroo ammaatti balleessanii baduu jedhamuu danda'a.

Sadarkaa 3: Yaada hirmaatotaa waliigalatti dhiheessi



Gochaa Tokkoffaa: Muuxxannoo beekamaa ta'e

Kaayoo

Hirmaatotni sadarkaalee walitti bu'insaa salgan irratti beekumsi isaan qaban ni bal'ata.

Yeroo kenname Daqiqaa 60

Meeshaalee gargaarsaa Waraqaa garagalu kan ittiin barsiisan, markeroota, gabatee waraqaa, kaardilee halluwani

Duraa fi duuba Sadarkaa 1: sadarkaalee walitti bu'insaa sadi hanga shanii ta'an amala jaraa yaadadhu. Isaan yaadatte kaadirratti barreessi gabatee irratti yookaan keenyaan irratti maxxansi.

Sadarkaa 2: Walitti bu'insa hirmaatotni kee amaleeffachuu danda'an seenaa tokko akka agarsiiftutti agar-siisi. Marii hiika qabu gaggeessuuf gareewan walitti bu'an gargar hiri.

Gahee dura bu'ummaa fudhachuudhaan itti aansinee maal haa goonu jedhii gaafadhu. Yaada isaan kennan moodela Gilaazil/ Glasl irraa sadarkaalee itti fufan waliin wal qabsiisi. Yoo gareen sun yaada hin kennine ati akkaataa moodeelichaatti kenni.

Sadarkaa 3: Sadarkaalee adda addaa erga tuttuqxee booda yoo isaaniif gale akka yaada itti kennan gaafadhu.



	Gochaa lammaaffaa: Tooftaalee walitti bu “insaa cimaa ta” e
Kaayoo	Hirmaatonni gulantaalee walitti bu’insaa salgan irratti beekumsi isaan qaban ni bal’ata.
Yeroo kennname	Daqiqaa 15 /gabaabaan/Daqiqaa 60 /dheeraa hojilee garee dabalatee/
Meeshaalee gargaarsaa	Waraqaa garagalu kan ittiin barsiisan,maarkeroota,gabatee waraqaa, kaardota halluwani
Duraa fi duuba	<p>Sadarkaa 1: Kana dura leenjiirratti tapha murteessaa itti gargaaraman yookaan walitti bu’insa yaadachiisi ta’u baannan hirmaatotni waan beekan seenaa walitti bu’insaatti gargaarami</p> <p>Sadarkaa 2: Hirmaatota walitti bu’insi kam sadarkaa cimaarra akka gahe gaafachaa deebilee garagaraa fudhadhu. Sadarkaa kanarra jiru maaliif as irra akka jiran gaafachuudhaan wanti bitaa isaanitti gale yoo jiraate sirreessi. Hirmaatota gara garee xixiqaatti hiruudhaan dhimmoota adda addaa irratti akka hoijetan godhi. Seenaa dhugaa hirmaatotni beekanitti gargaaramuu gaariidha.Namni tokko dhimmicha miseensota gareechaatti haa himu miseensi gareechaa cimina walitti bu’insichaad sadarkaa maalirra akka gahe ha sakkattaa’an.</p> <p>Sadarkaa 3: Gareen tokko tokkoon haalli kam sadarkaa cimaan kam akka ta’e adda haa baafatan. Yeroo baay’ee walitti bu’insi sadarkaalee darbuu qaban qabu.Kanaafuu fakkeenyaaaf si’uma tokkoon sadarkaa tokkoffarraa gara ha’ffaatti akka utaalaniif hin eeyyamin.Yeroo jaarsummaan adeemsifamu qaamni walitti bu’e walitti bu’insi akkamitti akka uumame suutaan yeroo hubachaa dhufanitti walitti bu’insi cimaan qabbanaa’aa dhufa.Sababni isaa waliti bu’insa cime kanaaf shoora maali akka bahan hubatu.Walitti bu’insa cimee keessatti qofa qofaatti garee waliin hoijedhu.Sadarkaa moodelichi dursu adda baasuu akka dandeessuuf gaaffilee keetiif ka’umsa kenna.</p>
Fakkeenyaaaf:	<ul style="list-style-type: none"> ▶ Dhiphinni Yeroo jalqabaatiif yoom sitti dhagahame? (Gulantaa 1) ▶ Yoom warri faallaa keessanii isiniin gorfamu osoo qabanii otoo isin hin maryachiisin kana dalagan? (Gulantaa 3) ▶ Balaa hanga ammaatti gahee keessaa inni cimaan isa kami? (Ammawoo sadarkaa maaliirra jira)
Gareewan itti fufuun maal akka hoijechuu yaadan dhuunfaadhaan sitti himuu ni danda’u. Kanas moodelicha waliin wal qabsiisuun gareen biraa maal hoijechuu akka danda’u xiinxaluu dandeessa. Kunis altokko tokko gareewan of duwaa dhagahu akka dhaaban amansiisaa ta’a. Yaada ofii qofaa deeggaruun adeemsaa sadarkaadha sadarkaatti karaan inni ittiin qabbanaa’us akkasuma sadarkaa sadarkaadhaan ta’a. Kanaafuu, jaarsoliidhaanis ta’e qaama sadaffaadhaan kan (dhaabbata miti mootummaatiin) tarkaanfii kam irratti iyyuu sadarkaa amma ciminni walitti bu’insaa irra gahe irratti hoijechuu qaba.	
Filannon Warri araarsan sadarkaa sadarkaadhaan isaan gidduu galuuf taasisan yookaan qabxilee galumsaa boqonnaa itti aanu irratti ilaalla.	

III.10 GULANTAALEE WALITTI BU'INSA ADDA ADDAATTIIF WALIIGALTEE CAASEFFAME⁴⁹

Gulantaa 9 : Walii wajjin halayyaatti

Jeequmsicha poolisii fi humna waraanaan yoo ta'e malee qaama alaatiiin dhaabuun waan yaadamu miti

Gulaantaa 8: Diina gargar hiru

Gareewwan giddu galummaa tarkaanfii poolisiif yookaan humna waraanaatiif deebii ni kenu yookaan ni waliitti bu'insa sana keessatti ofuma isaaniiti ni nuffu.

Agarsiiftuu:

Filannoo 1: Mootummaan Giddu galeessaa jeequmsa jiru dhaabsisuuf poolisiin akka gidduu seenu godha
Filannoo 2: Yaaliin hangam yoo taasifame illee gareen tokko isa biraatin hin moo'amu. Human waraanaa wajjinu waliif hin galan. Kanaafuu moo'ichi waan ta'u hin fakkaatu. Gareen sun sababa walitti bu'insaa baay'ee miidhamaniiru nuffaniirus. Miidhaa guddaa geessisus dhaabaniiru. Kunis kan ta'eef waan humni isaanii dhumee fi waan hin dandeenyefi. Kanaafuu miidhaa gad aanaa geessisuu fi of oolchuu irratti xiyeefatu. Kanaafuu, gara gulantaa 7 tti gad deebi'u.

Gulantaa 7: Badii muraassa

Gulaantaa 7 gara 6 tti gadi bu'uuf waliigaltee taasifamu jechuu dha. Sababni isaa immoo gareen lamaanuu waraana dhaabuuf soda dhaabbattaa keessa kan ittiin turaniif yeroo ittiin bitatanii dha. Yeroo humargatannittis gara gulantaa isa ol aanaatti yeroo barbaachisaa ta'etti deebi'uun ni danda'u (gulantaa 6). Walitti bu'insa hedduu keessatti hawaasni nagaan marii dhaabbataa hin taane irratti kan hirmaatan yoo ta'u karaalee ittiin waliif galuun dandaa'amu umuu fi karaa hin beekamneen garee sana waliin wal arguun gargaaru. Waliif galteen lola dhaabuu karaa qaama sadaffatiin yoo ta'e kan waliitti araarse deeggarsa xiqqoo jechuunis oonnachiiftuu fayyadamuu qaba. Kunis yeroo baay'ee ulee yookaan kaarootii jedhamuun beekama. Sadarkaa kanarratti jaarsummaan walitti hin makamne hin jiru garuu human dirqamsiisutti yookaan dhiibbaa geessisutti hin gargaaraman.

Agarsiiftuu:

Filannoo 1: Mootummooni giddu galeessaa irraa bakka bu'anii dhufan hawaasa qaama lamaanuu adda addatti maryachiis. Boodas lamaanuu waliin taa'uudhaan waliin maryatu. Qaamonni kun dhiibbaa murtaa'e akka fudhataniiif ni dirqamu. Haata'u malee, looguun hin barbaachisu. Gareen lameen qaamota dhufanitti gargaaramuu walitti bu'insa kanaaf falli ce'umsa akkamitti akka argamu danda'u ta'a.

Filannoo 2: Karaa seera qabeessa hin taaneen gareen sun dhoksaadhaan lammilee ala jiran qaamonni haasofsiisan (fakkeenyaaaf kabajamoo dura bu'oota amantii, namoota siyaasaa duraanii, dhaabbilee tola ooltummaa addunyaawaa) ni basaasu. Marii dhuunfaan taasifamutti gargaaramuudhaan baay'ee kan kabajaman dura bu'oota amantii fi ogessota walitti bu'insa furan gareen qabate waliigaltee akka raawwatuu fi walitti bu'insi akka dhaabbatu tarkaanfiwan adda addaa fudhachuudhaan waliif galchu.

⁴⁹ inmedio Berlin. Fuula 112 irra jiru ilaala

Gulantaa 6: Tooftaa Doorsisaa

Dhaabbileen haawaasaa marii fi tarkaanfiwwan ifa hin taane kan shakkii nama keessatti uuman fudhatu. Haasawaa kan taasisanu qaamoolee hawaasicha walitti bu'ee bakka bu'an ta'uun hin qabanu. Daandilee wal isaaan amansiisan ijaaruuf ni yaadu. Iddoowwan sakatta'insaa dhaabuudhaan, hidhamtoota wal jijiiruuf kan kana fakkaatan. Kun immoo kan raawwatan dura buutota isaanii waliin maryachuudhaani. Maricha kan gaggesanu tooftaalee jaarsummaatti fayyadamu. Kaayyoon isaa amanammummaa walgiduutti ijaaruu waan ta'eef, walitti bu'unisi yeroo baayyee gaaffii keessatti ka'u kallatiidhaan ilaalamuu dhiisuu mala. Haa ta'u malee rakkowwan walfakkaataan darban akka fakkeenyatti gargaaruu ni danda'u.

Dhimma kana irratti namoonni dhuunfaa biyya biraan kan jiraatanuuf muuxannoo walitti bu'insa furuu kan qaban afferamu ni danda'u. Amantii qindeessuun cinatti soda fi walitti bu'insa biro wantoota kakaasuu danda'an hir'isuuf hojjetu.

- Agarsiiftuu:** Qaamonni mootummaa fi uummataa harka walqabtanii waliin hojjetu. Ciminni isaaniis kan ittiin mul'atu woorkishooppota qopheessuu fi walii isaanii gidduutti wal amanuun akka jiraatuuf hawaasa garagaraa gidduutti haasan akka taafisamu godhu. Gareen tokko hangama cimina isaa yoo agarsiise illee sodaa akka of keessaa qabu hubachuudhaan jijiirama ilaalchaa akka fidaniif yaali godhu.

Gulantaa 5: Simboo Dhabsiisuu

Gareewan lamaanuu yeroo dhihoo keessa walitti bu'insi akka hin uumameef amantii godhatu. Ammas yakkam-tooni garee biraan fi lubbuu kan baasan akka ta'an amanu. Ilaalchi mootummaa olaantummaa seeraa kabachiisuu fi ergama dhugaa faana dhahu sadarkaa walitti bu'insa "hin qabbanofne" kana irratti yakki dalagameera yoo ta'e qorachuu yaalii godhu. Yeroo baay'ee daandileen cee'umsaa hojirra oolu. Tooftaan kun yeroo murtaa'eef araara kennuudhaan ulaagaalee muraasaan loltoota warra duraanii lafaa wal quunnamsiisuuf hojirra oola. Ruwaandaa keessatti aadaan dhaddachaa hojirra oolee jira. Afrikaan Kibbaa immoo koomishinii dhugaa fi araaraa qabdi.

Dhaabbileen hawaasaa ifumatti gaaffii dhiifamaa gaafachuuf shoora olaanaa qabu. Gareewan maryatan gidduutti caasaa gaariitu barbaachisa. Namoonni gara duubaatti deebi'anii rakkoo isaan gidduutti uumameef itti gaafata-mummaa fudhachuu jalqabu. Abbootiin taaytaa, dhifaman gaafachuuf kan gara boodaatti harkifatanu yoo ta'e iyuu namooniin dhunfaa fi dhaabbileen miidiyaa garagaraa dhiifama gaafachuuf dursuun dhibbaa uumuu eegalu. dhumma irrattis aaraarf daandiin furmaata qabeessi dhiifama gaafachuuf qofa. Kunis kan inni hubatamu, dhugu-maan gaabbiin nutti dhaga'amme, yoo dhifama gaafanne malee, gowwomsaan ta'uun hin qabu. Fakkeenyatta gaarii kan nuuf ta'u, chaansilara Biyya Jarman Wilii Birandiidha/ Willy Brand. Yaadanno kabaja walitti bu'insa biyya Poolaandii keessatti geggeeffame irratti agarsiisa, jilbeenfachuun agarsiisa dhiyaateedha. Kunis prootokoliif kan dhiyaate osoo hin taanee, akka tasaa mirrii keessoo isaatii itti dhaga'amuun kan rawwatameedha. Dhimmoota hedduu kees-satti keennawwan jiraachuu qabu. Akkasumas kana kan suphoo adeemsii aadaadhaan deeggaramuu qaba. Dhimma kana irratti kutaleen haawaasaa tokko addeemsa jaarsummaa keessatti gammaduu dhisuu ni danda'au. Yoo itti hirmaatan malee ammas balaan uumamu ni danda'a.

Agarsiiftuu: Dhaabbileen hawaasaa laga ce'udhaan garee biraa waliin hawaasa isaan ilaallatu waliin mariin akka jiraatu jajjabeessu. Pirojektoota muraasa kana keessatti namoonni miidhama isaanii qofaa osoo hin taane itti gaafatamummaa isaanii fi miidhama kannen biro kan ittiin ilaalan hojji haaraa kalaqu. Agarsiisa, sagantaalee raadiyoo fi dookmanterii ni dhiyaatu. Mootummaan giddu galeessaa bakka bu'oota lammilee walitti bu'anii waliin yakkamtoota gargar baasuuf waliigalu. Namoota walitti bu'insaan midhaman waan irra gahe iftoominaan dubbatu. Bu'an qorannoo uumatatti dhiyaatee dhhifamni godhamee, akkasumas garee lammeen keessaa kan balleessan adabudhaaf walii galteen ni taasifama. Garee midhameef beenyaan ni kaffalama. Waggoottan muraasa booda, siidaan oggeeyyi waliin fo'amaniin ni dhabbata. Bakka bu'oowwan haawasichaa haasa'a baniihsaa godhanu irratti gadda itti dhaga'ame ni ibsu. Jaarsooliin haawaasichaa addemsa miira midhame deebisee ijaaruu danda'u ni gaggeessu. Taateen kun arriitiidhaan daldalaafi walitti dhufenyaa haawaasichaa, battalumatti ni guddisa.

Gulantaa 4: Firdii fi qindoomina

Walii isaaniiin erga dhiifama wal gaafatnii booda gareewan sun lafaa akka namaatti ilaalamu eegalu. Ta'u iyuu ammas wal shakkii hedduu fi aariitii jira. Sababni isaa immoo miidhaa inni tokko isa biraa irraan gaheefi. Rakkinaaf walitti bu'insa ta'u iyuu miirri kun haluma sana ija baasee mul'ata. Fakkeenyaaaf daa'imni tokko akka tasaa hawaasa birootin lubbuun isaa balaa konkolaataatiin yoo darbe miidiyaaleen hawaasaa battalumatti namoota hunda biraan gahu boodas hiriira mormiitui gaggeeffama. Dhimmoota xixiqqoof wal dhabuun yeroo uumamu "isaan duruma iyuu faallaa keenya dhaabbatanii jiru" gara murtii jedhuutti ariifatanii deemu. Boodas taatee dur darbe eeruudhaan wal salphisuu eegalu.

Qaanmi araarsu kun yeroo kanatti kan inni irratti xiyyeffachuu qabu dhima walitti bu'insaa harkaa irratti ta'a. lammii ofii qofa waliin hojjechuu osoo hin taane lammii biraa waliin hojjechuun baay'ee barbaachisaa dha. Sababni isaa dhimma eejjennoo gareen isaanii qabate irratti akka luucca'aniif dhiibbaatu jira. Uummatri bal'aan osoo irratti hirmaate (gulantaa walitti bu'insaa babal'ate kanarratti kun waanuma baratameedha) jaarsoliin kallattiidhaan garee lola kaasan waliin qofaa osoo hin taane uummatas hirmaachisuu qabu (midiyalee hawaasaa, qooda fudhattoota murteessoo fi kkf).

Agarsiiftuu: Mootummaaniif dhaabbileen hawaasaa miira namoonni qaban soda isaanii mul'isuu akka danda'aniif leenjii fi workshoppota bal'aa isaan gargaaru ni gaggeessu. Akka ajajatti araarri gubbaadha gara gadiitti gad bu'u hin qabu. Keessumaa immoo namoonni murteessoo ta'an dhaggeeffatamuu qabu.

Gulantaa 3: Dubpii dhiisanii gara hojiitti seenu

Sadarkaa kana irratti gareewan lameen gidduutti walitti bu'insi yeroo uumamu ammas walitti bu'insi kun hawaasa gidduutti akka uumametti osoo hin taane sababa rakkolee muraasaatti akka uumametti ilaalamu. Ammas rakkoleen walii galuu dadhabuu shoora olaanoo taphatu. Gareen inni biraa furmaata waliif galuu barbaaduu dhiisanii faayidaa

ofii qofa eegsisuuf akka tattaafatu akka yaadu taasisa. Kanaafuu jaarsoliin yeroo araaraaf mijataa ta'e haala kabaja warra walitti bu'ee eegsiisuu danda'un akkamitti ummun akka dandaa'amu gaaffi dhiheessu qabu. Jaarsummaan eegalamuu isaa dura kan dhuunfaadhaan raawwatame yoo jiraate (agarsiisaf akka tolutti) karaa kabaja isaanii eegsisuuf danda'un irra deebidhaan dhimmicha ilaaluu barbaachisa. Sadarkaa kanarratti haalli jaarsummaa adeemsa fayyadama tooftaa qabatamaa taasisa. Araarsaan sun kan irratti xiyyeefachuu qabu faayidaa/fedhii/, soda fi walitti dhufeenyaa isaanii irratti yeroo ta'u jijjiirama ilaalchaa akka fidaniif ifaajuutu irraa eegama.

Agarsiiftuu: Pirojektonni gamtaa fi daldalaan kanneen beekamanii dha. Gaa'eelaan walitti hidhamuun darbee darbee jiraatus amma immoo dabalaan jira. Walitti bu'insi eenyuun gidduutti iyuu yoo uumame akka gochaa amaleeffatameetti lakkaa'ama. Araarri yeroodhaa gara yerootti taasifamaa jiraatus hawaasicha kan yaaddessu miti.

Gulantaa 2: Falmii fi fallaa

Mormiini fi mariin qabatama hin qabne namoota hedduu biratti akka rakkoo olaanaatti hin ilaalamani. Amma har'atti dubbi mi'eessanii araarsuun inuma mul'ata. Haalicha fooyyeessuuf gargaarsi jaarsoliin jiraatus jiraachuu baatus walii walii keenyaan akkamitti akka waliif galuu qabnu daandii murteessaa dha. Akka Marshal B fi Rozinborg/ Marshal B. Rosenberg Kan jeequmsarraa walaba⁵¹ ta'e ergaa roga arfee dhimma kanarratti meeshaalee barbaachisoo dha.⁵¹ Wantootni akkamitti dogoggoraan akka hiikamaniifi kannenn biro osoo hin miidhin bilisummaan yaada ofii ibsachuun akka dandaa'amu gad fageenyaan ilaaluun barbaachisaa dha.

Agarsiiftuu: Waggoottan darban booda garee warra magariisaatiin manni barumsaa haaraan ni ijaarama. Garee warra Burtukaanaatiin immoo waliin ta'uun Hospitaala ijaaruuf karoratu qabama. Seenichis asumarratti dhaabbata.

Gulantaa 1: Mata jabeenyuummaa

Gareewwan kanneen gargaaruuf namni dhuunfaa tokko akka araarsaatti osoo hin taane akka maryachisaatti akka isaan gargaaruu gaafatama. Sadarkaa kana irratti dhimmoota ijoo irratti maryachuuf salphaadha. Sababni isaa walitti dhufeenyi isaani kan tasgabbaa'ee fi gaariidha.

so <http://www.cnvc.org/>

51 Kutaa III.6.1 Walii qaltee fi Shulzii Voon Zuunii/ Schulz von Thun qam-afuree kan jedhamu moodela ergaa fuula 59 irraa ilaala.

Hojii: Walitti bu“insa ol ka“e qabaneessuuf tooftaatti fayyadamuu

Kaayoo	Walitti bu’insa ol ka’e qabaneessuuf tooftaatti fayyadamuu akkasumas michummaa cimsachuuf tooftaalee isaan gargaaru qopheeffachuuf beekumsa bu’uraa ni argatu.
Yeroo kenname	Daqiiqaa 180
Meeshaalee gargaarsaa	Waraqaa ittiin barsiisan, Markeerota, gabatee waraqaan irratti dhoobamu, kaardiwwan halluu duraa duubaan Gulantaa 1: Muuxannoo isaaniirraa ka’anii ulfaatinni walitti bu’insaa eessarra akka gahe garee qoratan ramadi
Duraa fi duuba	Gulantaa 2: Sadarkaan Ulfaatinni walitti bu’insaa irra gahe erga addaan baasanii booda gareen sun barbaachisaadha kan jedhan tooftaalee furmaataatti akka fayyadaman godhi (daqiiqaa 45). Gulantaa 3: Gareen hundumtuu tooftaalee bakka hirmaatootni hundi argamanitti akka dhiheessu godhi (daqiiqaa 45). Gulantaa 4 (Akka filannootti): gareen kam iyuu shoora isaa qaama sadaffaa waliin si’a tokko yookaan sanaa ol firoottan walitti bu’an waliin wal arguudhaan tooftaalee barbaachisoo akka hubachuu danda’anitti walgahii haa godhu (daqiiqaa 90). Waliitti bu’insi karaa yaadamuu danda’un babal’achuun giddu galummaa otoo hin argatin yoo hafe akka ta’e hubanneerra. Waliitti bu’insa hambisuuf tooftaa barbaachisaa yeroo barbaachisaatti fayyadamuu akka qabnu ilaalleerra. Jaarsummaan yeroo walitti bu’insi eegaluurraa qabee tooftaa nuti akka furtuutti itti gargaaramnuu dha. Kutaa itti aanutti garee jaarsummaa hundeessuu fi itti gargaaramuu akka dandeenyu ilaalla.

“Fara abbatu fale olaan gumaata naqaa.” (Mammaaksa Oromoo)

Kaayoo Dhuma leenjichaatti hirmaattonni qaama fudhattootti gargaaramuu gareen jaarsummaa akkamitti hojjechuu akka qabu ni hubatu.

Yeroo kenname Daqiiqaa 60

Beekumsa

Ka’umsaa Boqqoonnawwan darban hundda

**Meeshaalee
gargaarsaa** Waraqaa ittiin barsiisan, Markeerota, gabatee waraqaan irratti dhoobamu, kaardiwwan halluu garagraa qaban.

Duraa fi duuba Sadarkaa 1: Mata duree garee Jaarsummaa jedhu beeksiisi. Maricha cimsuuf akka armaan gaditti fayyadamuu ni dandeessa.

Jaarsuma akkataa qajelefama kanaatin yeroo hiikamu “qamoonii waliitii bu’insaa kana keessa qooda qaban gargsaasa isaan qaama sadaffaraa fudhaatan” jechuudha. As irratii arara dhugaa ilalchiisee gaaflee nuti gafachuu qabnu Eenyutii ararsa? kan jedhuudha haala mijeesuun jaarsuma kara keessatti jaarsuole akkuma baratama ta’e kan isaan hoijetanif dhaabafi dabalaatanis ofisaani dhabu. Al tokko tokko eenyumaa isaani walitti dhufeenyaa dhaba caalaa yeroo itti barbachisaa ta’e qaba. Jarsuman aadaa ta’uu kaneen aarsaa kabajamoo fi kanneen Hawaasaa keessa bahanidha.

Dhimooni walitii bu’insaa adda adda haa ta’u malee akkata amla waliti bu’insasanaatin jaarsaa tokko ol ta’an ni barbachisan Akka fakkeenyatta fudhaane matadureen nutti irratii maryanuu “Garee amntaa lama gidutti walitti bu’insi uumamaedha” yoo ta’n kunis garee jarsaa araaraa kan barbaduu ta’a garee arara kana keesati kan hamaataman keessaa tokko qamaa walitii bu’insaa kanaa waan ta’aniif “karaa dhimichaa” ti jenna tokko immoo qamaa amanta walittii bu’ee waaliin walitti dhufeenyaa kalaatti waan qabaanif kan biro immo dhimma nagenyaa naannoo qoondaala hojетaa (Ogeeyyi ijarsaa nageenyaa) ta’udhan hojeeta kanaraa ka’udhaan missensii garee jarsumaaa malumma walitti bu’insaa sanaa ni hubataa jechuudha. Namooni kuneen kan filaatamans garee kun walitti bu’insichaa hiikuf kakaa’umsaa kan fudhatee ya’ii yeroof barbachisaa ta’us faayidaaf midhaa mataasa qaba. Isaan keessas tokko tokko asii gaditti tarefamaniruu.

Fay'idalee garee jarsuuma

- ⦿ Qaamooni waalitti bu'an adda ta'u garee jaarsummaa kanaa ni fudhatuu .
- ⦿ Miseensaa gareen jaarsummaa tokkoon tokkoon isaanii adeemsaa ciminafi laafina isaanii ni sakatt'u kunis hojii jaarsumma ni cimsa
- ⦿ Miseennsi garee sanaa walii isaani dhagahu ni amaleefata
- ⦿ Jaarsonnii kun walii walii isaaniif gorsa ni kenu
- ⦿ Miseensii garichaa taokko tokkorra barachuu danda'a

Midhaa garee jarsuuma

- ⦿ Adeemsi araaraa kun yeroo dherra fudhachuu waan danda'uf qaamoota walitti bu'insifi garee jaarsumma giddun nuffiin Uumamu danda'a.
- ⦿ Miseensii garichaa hundumtuu adeemsaa jarsuuma irratti hirmaana wal qixa ta'e tasisuun waan danda'anif adeemsichaa harfachiisuu danda'a
- ⦿ Lakkofsi missensaa garee jarsuuma irra ka'udhaan akka waan mana murtii adda keesa jirraniti itti dhagaahamuu danda'a
- ⦿ Qaamoon waalitti bu'an missensootaa jarsumaa keessa tokko tokko waan laafan itti fakkachu danda'a kunis adeemsichaa balleesuu danda'a.

Sadarkaa 2: "Garee Amanta lameen gidduuti waliitti bu'insi Uumame" agarsifituu jedhu beeksiisi .

Dhiimi kun kan ganda tokko tokko keessa walii wajjin kan jiraataan wantoota wali isaan fakkeessan baay'ee kan qabanifi waan baay'e waalin kan guudata garee amanta lama gidduu walittii bu'insi jiru yoo ta'u akka mitti gara furmaataatti akka dhufan nu agarsiisa walitti bu'insii kun kan eegale gareen amantolee gargsaas akkamitti lafa isaanitii akka fayyadaman irratti Abba lafa saana ta'udhaan garee lamaan akka itti fayadamanif kan kenneef mootummadha itti fayadmani lafa kan hundeefatamee yeroo bay'ee waalif yaduun ta'us yeroo kanatii garee gareen lamaanu seraa Amantaa isaani qopheefachuuf Eeyamaa guyya wal fakataa irratti gaafatuu ta'uu gareen tokko bakka birraa jijjirani itti fayyadamuu ni dandanya. Kana irra kan ka'es walitii bu'insii Uumamaudhan dura fa'aana ganda jaarsolii gandaa qopphestitoota Amantaa qondaala ijarsaa nagenyaa fi Abbotti angoo motumma furmaata walitti bu'insaa Uumamae barbaduuf walitti qaba

Bakka bu'a garee jarsoole ganda keessi dhimma nagenyaaфи Abooti angoo motummaa walitti dhuufun garee Amantaa hunddeesuu tokkon tokkon garee amantaa gidduu dhimoona walitti nama busaan waan jiraanif garee sana hundeessuf garee Amantaa keessa bakka bu'a argachuu rakkisaa ta'e argamee. Jaarsuman qaamoota walitti bu'anif gaddii guddaan akka itti dhagahmee amanammumaa isaani haqaaratii hojaachisaani suma waan hunduuma dura kan loogi hin qabnee ta'uu isaani agarsiisuu qabu. Kana argachuuuf immoo daandiin gaariin dhimma qaamota walitti bu'aniif gaddi guddaan akka itti dhagahame, amanammumaa isaanii, haqaaf hojjechuu isaanii akkasumas waan hundumaa dura kan loogii hin qabne ta'u isaanii agarsiisuu qabu. Qaama kam irraa iyuu bilisa ta'u isaanii mirkaneessuuf Miseensonni gareechaa gaaffilee isaan of gaafachuu qaban keessaa:

- ⦿ Qaama walitti bu'e keessaa nu dhuguma jaarsummaa taa'uf nu dhuguma adda baaneerraa?
- ⦿ Dhuguma jaarsoliin walitti bu'an akka nuti jaarsolii adda bahan taanetti lakkaa'u?
- ⦿ Nu keessaa tokko kaka'umsa gareechaaq qaban irraa ka'uun yookaan firummaan loogii kan godhu yookaan hin amanamne ta'ee yoo hin argamne gareechi kan adda bahe yoo hin taane miseensa haaraa bakka ni buufnaa?
- ⦿ Dhimmichi dhima nuti jaarsummaan hiikuu dandeenyuu dha?

Yeroodhaa gara yerootti ilaalchi keenya jijjiramuu waan danda'uf gaaffileewan kanneen adeemsa jaarsummaa gidduutti irra deddeebin gaafachuu qabna. Jaarsummaa eegaluuf gareechi faayidaalee fi miidhaa armaan olitti tarreeffaman irra deddeebiin xiinxaluu qaba.

Walitti qabaan garee (Dura ta'aan gandaa) garee jaarsummaa keessatti hin hirmaatu. Haata'u malee, dugda duubaan deeggarsa taasisaaf. Sababni kun ta'eef immoo naannoona nageenya akka qabaatuuf fedha mootummaa ta'us amantaaniif mootummaan adda adda waan ta'aniif dura ta'aan gandaa aangoo mootummaa waan qabuuf gareen jaarsummaa bilisummaadhaan akka yaada isaanii hin ibsanneef isaan daangessa. Dura bu'ichi karaa gara garaan dhiibbaa geessisuu waan danda'uf garechi rakkinchicha hiikuuf yeroo socho'anitti ija jabina dhabu. Kanaafuu mootummaan kaayyoo nageenya naannoo eegsisuu galmaan gahuuf dura ta'aan gandaa gidduu galuurraa akka of qusachuun caaladhumatti gareecha karaalee bulchiinsaa garagaraatiin dhimmoota addaaddaa irratti gargaaruu qaba. Fakkeenyaaaf, bakkewwan walgahiin itti gaggeeffaman haala mijessuu yookaan deeggarsa maallaqaas ta'u danda'a.



Dura Bu'an Gandichaa garee Jaarsummaa kessatti hin haammatamu.
Garuu duddubaan ta'ee deeggarsa isaanii godha.



Jaarsummaa Gaaddisa Jalatti.



Jaarsoliin namoota walitti
bu'an ni dhaga'u.

GAREE JAARSUMMAA GAADDISA JALATTI

Ijaarsa nageenya irratti ogeessi erga gareen jaarsummaa hundaa'ee booda jaarsummaa akka armaan gaditti ni eegala:

1. Walitti bu'insi akka babal'atuuf kanneen shoora olaanaa taphatan akka jiraachuu akka danda'an hubachuun akkasumas warra nageenya babal'isan dabalatee warra akka walitti bu'insa keessaa qooda qabaniif qaama walitti bu'insaa kan ta'an adda baasuu
2. Akkaataa walitti bu'insi ittiin ilaalamuu qabu adda baasu⁵²
3. Wantoota akka haala badaatti ka'uu danda'an irraa mijata isa ta'e adda baasuun qopheessu
4. Dhiphina kan hir'isaniifi adabbiwaan kanneen fala walitti bu'insaaf sababa hin taane ni beeksisu warra jedhaman adda baasuun deebii hatattamaa kennuu

Itti aansuun gareen jaarsummaa:

5. Dhimmoota filatamaniifi furmaata isaanii tokkoon tokkoon garee amantaa sanaaf ni dhiheessa.
6. Tokkoon tokkoon garee amantaa sanaaf furmaatawwan filatamaniifi filannoowwan jiranittin fayyadamuudhaan walitti bu'insaaf itti fayyadamu.
7. Ejjennoowwan fudhataman faayiendaafi miidhaa isaanii galmeessuudhaan marii fuuladuraatiif itti gargaaramu
8. Ejjennoo isaanii akka beeksifatanifi furmaata hundumaaf fayyadu barbaaduufi soda isaanii adda baasuun mariin waliirraa hin citne ni gaggeeffama
9. Gareen lamaanuu waltajii waliinii irratti akka argamanuuf mariin walirraa hin citne ni gaggeeffama

Kanatti aansuun gareen jaarsummaa murtoo dhumaa kanatti ananii jiran ni fudhatu:

10. Gareewwan amantaa lameenuu dhimma isaanii waliin ariifachiisaa ta'e akka furamuuf waan barbaadan iftoominaan waltajii irratti waliin maryatan qopheessuun lameenuu ni affeera
11. Nageenyi akkamitti garee amantaa lamaaniif akkamitti akka barbaachisu agarsiisuuuf gareewwan walitti bu'an lamaaniif yookaan hawaasaaf raga ni raabsa
12. Walitti bu'insa fuuladuratti uumamuu danda'aniif furmaata hiikoo ta'u dandaa'an kanneen beeksisan karaalee walitti bu'insa hiikan ni qopheessu

Sadarkaa 3: Qaamota walitti bu'an dabalatee garee jaarsummaa faayiendaafi gufuwwan araaraa irratti xiyyeefannoo kennuu maricha ni goolaba.

⁵² Kulaa III.7 Ibsa Yaada Walittibu insaa (Conflict Perspective Analysis) kan jedhu fuula 73 irraa ilaalaa.

“Kan qabtu keena kaan beekutuu hima.” (Mammaaksa Oromoo)

- Kaayoo** Xumura leenjiicha booda, hirmaattootni, dhimma jaarsummaa irratti dendeetti ni gabbifatu.
- Yeroo kenname** Daqiiqaa 90
- Meeshaalee
gargaarsaa** Waraqaa barsiisuuf nama garagaaru, Kaardii mariif mijatanu kan haalluu adda addaa qabanu, Markaroota haalluu adda addaa, gabatee waraqaa itti maxxansanuu fi ispiiloota.
- Duraa fi duuba** Sadarkaa 1: Mata duree IV.1 Goorsa dimshaashaa leenjiistootaaf mata duree jedhu dhiyeessi.
Sadarkaa 2: Mata duree IV.2 Waiyta leenjii buttaa tapha ga'ee jedhu irratti mariyaadhaa.
Sadarkaa 3: Mata duree IV.3: Deebiin akkamittii fi maaliif akka keennamu mata duree jedhu ibsa laadhaa.
Sadarkaa 4: Yeroo barumsichaa gudunfi.

Akka leenisaati goorsoota armaan gaditti tarreeffaman, leenjii duraa fi wayita leenjii yaadatti qabadhu:

Hirmaattootni waan sirraa barbaadanuu fi kaayyoo barnootichaa sirriitti hubadhu. Caassalee leenjii qindeeffachuukee dura gaaffilee armaan gadii sirriiti hubadhu:

- ⦿ Kaayyoon koo inni ijoon isa kami? Hirmaattootni leenjii koo maal akka jijirauun barbaadaa?
- ⦿ Hirmaattootni koo dandeettii jaarsummaa gabbiifachuun maaliif isaan barbaachisa?
- ⦿ Haala kamiin itti fayyadamuu?
- ⦿ Dandeettii isaaniiakkamitti hojiitti jijiruu danda'uu?
- ⦿ Faayidaan isaanii maalii?
- ⦿ Maal eeguu?
- ⦿ Leenjicha ilaachisee yaaddoo maal qabuu?

Hirmaattootni akka yaadaicha sirriitti hubatanuu fi baratanu yaalii gochuu qabda:

- ⦿ Jalqaba irratti yaada guddaa gadi fageenya qabu kaasuun akka caasaa leenjichaa irraa ka'uun gara yaada tokkon tokkoonitti deemi.
- ⦿ Jalaqa irratti yaada walkeessa deemsisuuf (brain storming) gaaffilee dhiyeessite xumura irratti yaadicha sirriitti hubachuu isaanii baruuf dhiisuu isaanii mirkanneeffadhu.
- ⦿ Tapha buttaa ga'ee irratti hunda'uudhaan leenjii keejajabeessi.
- ⦿ Atis hirmaataa ta'i. Yoo kan taajjabuu fi kan do'atu qofa yoo taate.

Leenjii keetiin milk'aaina hin argattu. Garee xixiqqotti hiruudhaa ykn kutaa tokko guutuu gamaaggamaaf laadhu:

- ⦿ Wayita leenjii afaan tokko qofatti fayadanta yoo ta'e sababa isaa fi barbaachisuummaa isaa itti himuun dhifama gaafadhu. Yoo barbaachisa ta'ee argamee turjuumaana fayyadamuu ni danda'ama.
- ⦿ Tapha buttaa ga'ee akkamittiin gamaaggamuun akka danda'amu ibsa itti keenni. Fakkeenyaaaf namni tokko "Maaloo mee affan qaamaan ibsamu adeemsa jaarsummaa keessatti akkamitti akka itti fayyadamnu irratti maryadhaa" jechuu ni danda'a. Itti fayyadama

dabbiiifannaadeemssa jaarsummaa keessatti inni qabu irratti xiyyeffadhu.

- ⦿ Hirmaattootni tooftaa fi teeknika irratti marii fi gamaagama taasiisuu qabanu irratti xiyyeffadhu. Kaayyoon ala kan ta'an mareeni fi ilaalchoonni kam iyyuu deebii eegamuu fi adeemsa barnootichaa ifa hin taasisanu. Warreen walitti bu'an maaltu itti dhaga'amme? Yoo barbaachisa ta'ee argame gaaffilee qopheessif.
- ⦿ Hirmaattootni taphataa gaggeessaa akka hin taane of eeggadhu. Tapha buttaa ga'ee taphachuu fi yaada isaanii argachuun baayyee ulfata. Ka jajjabeefamuu fi bu'a qabeessa taasisi.
- ⦿ Hirmaattootni yaadni dhiphachuu akka isaan hin qabanne hordofi. Hirmaattootaa carraa kenni. Garii xixiqqaatti yoo hirmanii marii taasisanu yaada jaraa osoo jarri hiin xumuriin gidduu hin seenin. Erga xumuraniin booda hirmaattootni hundinuu yaada jaraa irratti akka maryatanuu fi waliin falmanu carraa kenniif. Al tokko tokkoos kutaa gad lakkisun carraa bilissa ta'anii itt maryatanu kenniif.
- ⦿ Tapha buttaa ga'ee keessatti hirmaattoota jajjabeessuuf mataa sochoosuu ykn fuula ifaa itti agarsiisun filannoo biraati.
- ⦿ Hirmaattootaa leenjisaa ta'i. Leenjisaa yeroo hundumaa jaarsoolii hirmaattootaa kan deeggaruudha.
- ⦿ Yeroo sirriiti eegi.
- ⦿ Yaada sirrii fi jechoota ifaa ta'anitti fayyadami.
- ⦿ Hirmaattoota waliin dhimmicha irratti marii ifaa taasisi.
- ⦿ Ibsa fakkii dhaan deeggarameetti fayyadami.
- ⦿ Qubeewwaan gurguuddaatti fayyadami.
- ⦿ Hirmaattootaaifa akka ta'utti mataduree barreeffadhu.
- ⦿ Waraqqa barsiisuu ka'amee irratti tokkoontokkoonsa isaa irratti mataduree isaa barreessi.
- ⦿ Yaada ijoobaaafachuuf yaalii godhi, Hima hunda barreessuuf hin rakkatin.
- ⦿ Qalama ittin barreessitu jijiruu wayita si barbaachisu qofa jijiri.
- ⦿ Yaada gabbisoo karaa gabaabaadhaan barreessi.

Yaada akka saammatanuu fi jajjabeessuu:

- Sensa leenjichaa irratti fedha hirmaattootaa akka garaa gahuu fi bu'a qabeessa ta'uusaa sirriti ibsi.
- Wayita leenjii hirmaattoota fuluala fi fulattii ilaaluun hordofi.
- Dhaggeeffattoota keetti kallattin dubbadhu.
- Akkuma fayyadama sagalee, bifa fuula keeti, iddo ykn ilaalcha kee yeroottti jijjiiruun itti fayyaddami.
- Nama waanta gaarii eegu ta'l, rakkicha irratti osoon hin taane furmaata isaa irratti xiyyeefadhu.
- Mata dureewwaan marii haala hirmaattootaa fi muxxannoo jaraa waliin walsimsiifadhu.
- Hirmaattooni kaka'umsa mataa isaaniittin akka hin dhufne yoo beeekte, akkata isaan itti dhufan ajaa'ibsiiyahdu ,akka leenjicha hin dagannees hubachiisi. Akkana goochuu keetiin haala waligalaa leenjichaa ni qulqulleessita.
- Leenjiftooni akkataa jarrii damaqinaan hordofu danda'anu itti himi. Yeroo kaminu keessatti yeroo boqonaa, duraa fi duba,yeroo taphni dadamaqinaa isaan barbaachisa jettee yaaddu hundumaatti dhiyeessuifi ni ddandeessa. Garuu taphootini ati dhiyeessitu hundinuu, aadaa, saala,uumurii, sadarkaa haawaassummaa waliin akka hin faaloofnee sirriitti eeggadhu.



Tapha buttaa ga'ee keessattii taattoonni hirmaatanu bifa kaminiyyuu kan taphatanu yoo ta'e iyyuu jirenya ilmaan namootaa keessatti kan ta'uudha.Kanaafuu tahaa kana keessa dhimmoonni jiranu martinuu, bifa, muddannoo, taphaa fi haaloota gammachiisoo ta'aniin gara jirenya keenyatti dhufu.Dabalataanis hirmaattootni ogummaa kana jabbeef-fachuu cinattii mira shaakala akkasii keessa galuun muxxannoo gabbifatu.

Tapha buttaa ga'ee kana yeroo kaminuu irraatti taphachuun kan dandan'amuu yoo ta'e iyyuu haallii barreedaan taphichaaf ta'u maluu xumura leenjii irratti yoo ta'eedha. Hirmaattootni sirriitti akka taphachuun danda'anuuf yeroo fudhachuun ibsa gahaa kenuun barbaachisaadha. Kunis kan inni ta'u sirriitti taphicha akka gaarii ta'een ibsuuf taphachuun akka danda'aniifi. Leenjiiftoonnii leenj'oonnii addemsa jaarsummaa sirriitti hubachuu akka danda'aniif taphni buttaa ga'ee shora guddaa taphata. Qajeelfamoonni qajeelacha kana keessatti haammataman kana fakkatuu.

Hojilee Waliigaltee

Koominikeeshiniin jaarsummaa milka'awaa ta'eef (keessattuu jaarsoolii gidduutti) inni tokko ejjanno isa kan biroo akka hubatu gargaara. As irratti walitti dhufeenyii yaadni warren walitti bu'anii, yaaddoon, faayidaan fi warren kana fakkaatanu xiyyeffannoon itti laatamee akka hojjetamu taasisa.

Fiixee Muka Jaarsummaa, Muka Maangoo, fi kkf tapha buttaa ga'ee.

Taphootni kunneen ejjanno qaamoota walitti bu'anii akkamitti akka jjirameefi akkata jarrii bu'aa fi yaada jaraatti dhufan kan agarsiisuudha. Dursa irrattii gareen lammeen yaada furmaataa ta'u maluu lafa kaa'uu. Taphootniin kunneen gaaffilee gaggeessummaa ogummaa jaarsummaatti fayyadamuun qaamoolee walitti bu'an gara yaada isaanii fi faayidaaisaantti fiduuf shaakalsiisu.

Tapha Qurxummii qabuu. Seenaa Harrootii

Adeemsa kana keessatti qaamooleen lamman yaadnii fi ejjannoон duraan qabanu diigamaa deemee akka yaada jaraa duraanii sakata'uug eegalan kan agarsiisuudha. Kanatti fufee yaada warren kaanii hubachuu wayita eegalanu, filannoo warren biroo dhiyeessuuudhaan yaada hundumaa fayyadu dhiyeessuuf yaalii godhu.



Bifa Jaarsummaa

Kayyoo

Tapha Buttaa ga'ee keessatti gaaffilee yaada marii akkamitti akka itti fayyadamnuufi, haasawaa haala keenyaan akkamittiin akka ibsinuuffi, akkataa itt dubbi goolabnu nutti agarsiisa.

Duraa fi duuba

Sadarkaa 1: Qophii

- ➲ Dhimma dubbichaa ilaachisee seenaa hubachiisuu danda'uun kan qophaa'ee dhiyeessuun taatoota buttaa ga'ee dhimmicha itti himi.
- ➲ Hirmaattootni taphicha keessatti akka qaamoota walitti bu'aniitti qooda ni fudhatu.
- ➲ Hirmaattoota tokko ykn lamaaf ga'ee jaarsummaa akka taphatanifiif ni keennamaaf.
- ➲ Hirmaattootni kee taphicha akkamitti dhiyeessuu akka qabanu akka itti yaadanifiif yeroo itti xinxalanu keennif.

Sadarkaa 2: Taphattoota itti hirmaachisi

Teessoowwan bifa rog-sadeetiin sirreessi. Kunis kan ta'uuf qaamooleen walitti bu'an bifa walqixaan jaarsoolii ilaaluu isaan dandeessisa. Jaarsooliin gaaffii ho'a qabeessa ta'een akka eegalantuufi qaamooleen lammeen yeroo kanantti maaltu akka isaanitti dhaga'amu akka dubbatanu akka inni gaafachuu qabu itti himi. Kanatti fufee, seera ittiin waliigalanii dubbiicha duraaf duba isaa eegantuukka baafatanu itti himi.

Sadarkaa 3: Hirmaattootni gahee isaanifiif keenname taphachuu eegalu.

Sadarkaa 4: Qopheessaan tapha buttaa ga'ee ni cufa. Waan hubatan irraa ka'uun taphattootni tapha buttaa ga'ee keessatti waanta isaanitti dhaga'ame ni hiru.

Hubachiisa

Seerri tapha buttaa ga'ee salphaa, kan raawwatamuu, ifa fi kan nاما galanu ta'u qabu. Filannoo baruuifi qaama guddinaaf ta'u filannooyoo jiraatan keessa deebi'uun kan murta'an ykn guutummaa guututti taphicha keessa deebianii hojechuun ni danda'ama. Kana jechuun nama tokkoof kan ta'u, ykn kan rakkisu, haala sadarkaa amala isaa waliin ilaaluun barbaachisaadha. Kan hubachuun siif ta'u taphichii namoota tokko tokko bashanansiisuu irra aarsuu ykn jeequu ni danda'a. Kanaaf taphichii ta'u kan maluu erga leenjiitoota gidduutti walitti amanamummaan dagaage booda. Taphicha booda ibsa gadi fagoo laachuuuf, (taatootni tokkoon tokkoon isaanii maaltu akka itti dhaga'ame) gahee isaa irraa bahuun, (taatootni tokkoon tokkoon isaanii gahee isaanii irraa bahuun) akkasumas barnoota irraa baratan cuunfanii akka hubatanifiif yeroo isaanifiif kennamuu mala. Kana too ta'u dhabaatee, taphicha booda hirmaatootni haala hin barbaadamneen yaada fi miira addaa carraan isaan itti qabachuu danda'anu ni mudata.



Deebiin (feedback) kutaa leenjii keessaa issa tokkoodha. Bifa idilee fi al-idleen keennamuu ni danda'aa. Leenjii adda addaa irratti dandeettiin leenjistootaa akka guddatuuf shora olaanaa ni taphata. Ciminaaf dadhabina isaanii hubachiisuun ogummaa isaanii isaanif ni guddisa. Leenjii'ootni yaada deebiidhaaf iddo guddaa qabu. Keessattuu ammoo, yaada nama akka fakkenyaatti, iddo guddaa keennaniif fi kabajanii dhaggeeffatanu irraa kan dhiyaatu yoo ta'ee, tilmamni isaanii guddaadha.

Faayidaa yaada-deebii tokko tokko eeruuf:

- ⦿ Karaa mala barsiisuu leenjisaa ni fooyeeessa.
- ⦿ Leenjii'aa fi leenjisaa gidduutti walitti dhufeenyi jabaan akka jiraatuu fi walamantaan akka dagaagu taasisa.
- ⦿ Barnooticha gabbisa
- ⦿ Yaadooliin haaraan akka maddanu taasisa.
- ⦿ Muxxannoowwan haarawaa fi fooya'insii akka itti fufu godha.

Kanatti aananii kan jiranu, gorsii tokko tokkoo, hirmaattotta kan jajjabeessuu fi akkamittiin deebiin akka laatamuu fi yaadni ijaaraan keennamuuun akka isaaf ta'uun kan agarsiisaniihdha. Knis beekumsa isaanii akkamiin walhabdeen gara gaariitti (conflict transformation) akka inni jijiramuufii adeemsaa jaarsuummaa keessatti dandeettiinisaaniifi amallii isaanii akka guddatu agarsiisa.

⦿ Hirmaattoonti haala guddinaa fi aadaa aadda addaa irraa waan dhufanuu, yaad-deebiin (feedback) keennamu darbee darbee walitti bu'uinsa fiduu ni danda'a waan ta'eef ofeeggannoo guddaa barbaada. Keessattuu haala gaariidhaan yoo hin ibsamne, kallattiin hanqinsaa guddaatee yoo ibsame, yoo sirriitti hin ibsamne, matadureen ala too ta'ee, namummaa namaan kan tuqu yoo ta'ee, rakkisa fiduu ni danda'aa. Karaa biraatiin ammoo yaad-deebii (feedback) keennuu haafuu leenjistootaa yaada hin eegamne biro qaba. Garicha irratti amantaa nuti qabnu nujalaafashaleessuu ni danda'a.

⦿ Yaada deebii dhaggeeffachuuun yeroo hundumaa rakkisaadha. Tapha buttaa ga'ee, marii ykn ibsa fi kfk, erga raawwatamanii booda, battalumatti yaada itti keensiisuun gaariidha. Yaadaa fi haaswaa namaan addaan kutuurra yaadannoo qabchuun carraan gaafa argamu yaada keennuun ni danda'ama.

⦿ Akkaataan yaada itti keennu akka haala dubbichaa irratti hunda'a. Akka waligalaatti garuu kan inni gaarii ta'uun yeroo hirmaattotta irraa gaaffiin ka'uun fi gaaffiichiis fudhatama argatuu qofaadha. Yaadni karaa adda addaa tiin funaanamuun ni danda'a, waraqaa

fi jechootaan akkasumas waraqaa irratti barreessuun leenjii keennanuuun.

Seeroota Bu'uuraa Yaada ittin keennanu:

- ⦿ Dhimmi tokko erga ka'een booda dhimmichuumaa haala ilaallatuun gofa yaada gabbisaa keennuu.
- ⦿ Yaada wayita keennitu,dhibbaa yaadni kee namoota irraan gahu yaada keessa galfachuun ofeeggannoodhaan dhiyeessi. Qabiyyee dubbi keetii, akkaataa yaada itti keennaa keetii fi waan dubbaattuu fi akkaataa itti dubbattu gidduu schiawan jiranu akka jarrii walitti bu'uinsa hin fidne godhii yaadi. Kanaaf akka leenjisuummaa keetiitti jechootni ati itti dhimma bahuu qabdu,"kana nan jaalladha garuu akka inni fooya'uun nan yaada" kechuu irra, "Kana nan jaalladha akka inni fooya'uun nan amana." Jechuu qabda. Sababni isaa jecha "Garuu" jedhu keessa yaada nاما psszetivii ta'ee isa gaarii balleessuu kan danda'u yaada of keessaa qaba waan ta'eef.
- ⦿ Tooftaalee waldbubbisuun fi gaaffii ifa ta'an fayyadami.
- ⦿ Leenjii'ota kee gidduutti kabajaa fi amanamuummaa uumuuf yaali.
- ⦿ Dhimmoota yaada itti laattuu irratti ifa taasifadhu.
- ⦿ Kanas yaada guddina ogummaa leenjiftootaa fi kaayyoo sagantichaa waliin walitti firoomsi.
- ⦿ Hirmaattootaaf odeeaffanno baayyee itti fa'eeun isaan hin dhiphisin.
- ⦿ Yaadota lama ykn sadiin yaada kee cuunfitti dhiyeessi.
- ⦿ Eenyuummaa jaraa irratti osoo hin taane, amaloota jijiramuun dandda'anu irratti xiyyeffadhu.
- ⦿ Dhimmota dhunfaa irratti kan xiyyefatamanu yaadonii foy'auu malanu yoo jiraatan dhunfumaan ta'u malu
- ⦿ Dhimmota fooya'uun malanu irratti yaadni wayita keennamanu filannoo biroos kan ofkeessti ammatan ta'u malu.
- ⦿ Amaloota adda addaa ibsuun deegari. Yoo ni danda'ama ta'e fakkenya jaraa keenif malee, sababa jaraa hin tilmamin, akkasumas hin qoratin.

- Alexander, N. (2011). The Mediation meta-model—the realities of mediation practice. *ADR Bulletin*, 12 (6) Article 5. Retrieved from: <http://epublications.bond.edu.au/adr/vol12/iss6/5>.
- Burgess, G. & Burgess, H. (Eds.). (2003). Empathic listening. Beyond intractability. Boulder: Conflict Information Consortium, University of Colorado. Retrieved from: <http://www.beyondintractability.org/bi-essay/empathic-listening>.
- Burgoon, J.K., Birk, T. & Pfau, M. (1990). Nonverbal behaviours, persuasion, and credibility. *Human Communication Research*, 17 (1), 140–169.
- Bush, B. R. A. & Folger, J. P. (1994). The Promise of mediation: responding to conflict through empowerment and recognition. San Francisco: Jossey-Bass.
- Ekman, P., Friesen, W. V. & Ellsworth, P. (1972). Emotion in the human face: guidelines for research and an integration of findings. New York: Pergamon Press.
- Fisher, R. & William, U. (1981). Getting to yes: negotiating agreement without giving in (3rd ed.). New York: Penguin.
- Girshaw, T. (2004). Indigenous conflict resolution mechanisms in Ethiopia. Federalism, conflict and peace building. Addis Ababa: Ministry of Foreign Affairs and GTZ.
- Glasl, F. (1998). Selbsthilfe in Konflikten. Bern: Haupt Verlag.
- Glasl, F. (1999). Confronting conflict. A first-aid kit for handling conflict. Pennsylvania: Haworth.
- Glasl, F. (1997). Konfliktmanagement: Ein Handbuch für Führungskräfte, Beraterinnen und Berater. Bern, Stuttgart: Haupt, Verlag Freies Geistesleben.
- Hardin, G. (1994). The tragedy of the unmanaged commons. *Trends in ecology & evolution*, 9 (5), 199.
- Hoffman, D.A. (2003). Ten principles of mediation ethics. reprinted in *Mediation: approaches and insights*. Juris Publishing. Retrieved from: <http://bostonlawcollaborative.com/blc/72-BLC/version/default/part/AttachmentData/data/2005-07-mediation-ethics.pdf?branch=main&language=default>
- Institute for Peace and Security Studies (IPSS/AAU) in collaboration with Friedrich Ebert Stiftung (FES). (2010). An anthology of peace and security research, Addis Ababa. 82–83.
- Leonhard, M. (2001). Conflict analysis for project planning and management—A practical guideline. (Draft). Eschborn: Deutsche Gesellschaft für Technische Zusammenarbeit (GTZ) GmbH. Retrieved from <http://www.giz.de/Themen/en/dokumente/en-conflictanalysis.pdf>
- Malan, J. (1997). Conflict resolution wisdom from Africa. Durban: African Centre for the Constructive Resolution of Disputes.
- Mehrabian, A. (1981). Silent messages: Implicit communication of emotions and attitudes. Belmont: Wadsworth Publication.
- Mitchell, C. R. (1989). The Structure of international conflict. London: Palgrave Macmillan.
- Moore, C.W. (2003). The mediation process: Practical strategies for resolving conflict (3rd revised ed.). San Francisco: Jossey-Bass Publishers.
- Niederberger von Wyl, J. (2009). Trainer's manual in mediation. A practical guide for community-level skill-building trainings in Afghanistan. Mazar-e Sharif: Deutscher Entwicklungsdienst (DED) Ziviler Friedensdienst (ZFD).

- Rabar, B. & Karimi, M. (Eds.) (2004). Indigenous democracy: Traditional conflict resolution mechanisms—Pokot, Turkana, Samburu, and Marakwet. Intermediate Technology Development Group-Eastern Africa (ITDG-EA), Kenya.
- Reda, K.T. (2011). Conflict and alternative dispute resolution among the Afar pastoralists of Ethiopia. African journal of history and culture (AJHC), 3 (3), 38–47.
- Roos, C., Splinter, D. & Wüstehube, L. (2011). Facilitative wise-counsel mediation—Zur Verbindung von “westlichen” und “traditionellen” Mediationsansätzen in Äthiopien. Perspektive Mediation, 2, 86-90.
- Schulz von Thun, F. (1981). Miteinander reden 1: Störungen und Klärungen. Allgemeine Psychologie der Kommunikation. Hamburg: Rowohlt.
- Schulz von Thun, F. (2012). Das Kommunikationsquadart. Retrieved from www.schulz-von-thun.de/index.php?article_id=71 (available only in German). Translation by ForumZFD retrieved from: http://www.forumzfd-akademie.de/files/va_media/nid1517/media_filename.pdf
- Wüstehube, L. (2004). Konflikt-Perspektiv-Analyse (KPA). Ein mediationsanaloges Instrument zur konstruktiven Analyse und Bearbeitung von Konflikten. Perspektive Mediation, 1, 18-22. Retrieved from: http://www.inmedio.de/papers/pdf_010207/wue_Konflikt-Perspektiv-Analyse.pdf
- Wüstehube, L. (2005). Vom Umgang mit non-verbaler Kommunikation in der Mediation. Zeitschrift für Konfliktmanagement, 3, 1-5. Retrieved from: http://www.inmedio.de/papers/pdf_010207/wue_Nonverbale_Kommunikation.pdf
- Wüstehube, L. & Specht, H. Knapp, P. (Ed.) (2013). Körpersprache gewinnbringen nutzen. Der Körper ist der Übersetzer der Seele ins Sichtbare. Konflikte lösen in Teams und großen Gruppen. Bonn: managerSeminare Verlags GmbH.

Kutaa VI WAA' EE QOPHEESSITOOTA

Barsiisan kun kan qophaa'ee dhamaatii wal irraa hin cinne barrreesitooni maqaan isaanii asii gaditti caqafaman irrattidha. Barreessitooni kunnii tajaajila siviili nageenyaa Jii Ayi zeddi fi Imidiyoo Beliini((Institut fuer Mediation, Beratung, Entwicklung GbR/Institute for Mediation, Consulting, Development). Ogummaa jaarsummaa, dhaabbata gorsaa fi misoomaa) waliin walta'uun waraqaa raga ga'umsa ogummaa jaarsummaa isaan geessisu fudhachuu kanneneen leenjisa turaniidha. Isaan kanneen keessaas baayy'een isaanii waraqaa raga haala mijeessummaa jaarsummaa fudhataniiru.

Obbo Adimaasuu Lokaaleey ogeessa nageenyaa yommuu ta'an Ityoophiyaa keessatti sulula Omoo keessatti argamu isa gara gadii keessatti nageenyaa fi walitti bu'iinsa tasagabbeessuu keessatti muuxxannoo waggaa ja'aa qabu. Kibba Omoo Dhabbata buufata qorannoo Jii Ayi zeddi keessatti akka ogeessa nageenyaa biyyooleessaatti tajaajilaniiru. Obbo Adimaasuu magaalaa Jarman Boon keessatti torbeewwan sagalif akkaadaamii waltajii traansfoormeeshiini tajaajila nageenya siviili (Academy for Conflict Transformation of Forum Civil Peace Service) keessatti barumsa isaanii hordofuun akka A.L.A bara 2011 tti Ogummaa gorsaa nageenyaa fi walitti bu'iins hiikuun heyyama argataniiru. Yeroo hammaa kana A.A.U dhaa digirii isaanii isa lammaffaa dhimmi qorannoo nageenyaa dhabbata (IPSS) keessatti hordofaa jiru.

Obbo Atakilt Daani'eel dhaabbata mootummoota gamtoomanii(UNDP) keessatti sagantaa misooaa irratti bakka bu'aa minsteera dhimmoota federaala Ityoophiyaa ittisa walitti bu'insaa fi sagantaa ijaarsaa nageenyaa irratti itti gaafatamaa ta'uun hojjechaa jiru. Kutaa nageenyaa fi tasgabbii mootummaaf, haawaasa siviiliif, dhabbilee miti-mootummootaatiif, xiinxala dhimma nageenyaa mootummoota gamtoomanii, dhaabbilee idili-adduunyaa miti-mootummaa ta'aniif, dhimma nageenyaa irratti itti gaafatamaa ijaarsa dandeetii keessumaa waa'ee ijaarsa nageenyaa irratti muxxannoo waggaa 18 qabu. Badhaasa olaanaadhaan digirii isaanii isa lammaffaa qo'anno waa'ee dhimmi misoomaan kan eebbfamanii fi leenjii biyya keessaa fi biyyan alatti fudhataniiru. Obbo Atakilt Ityoophiyaa keessatti jeequmsa ittisuu irratti sirna itti fufiinsa qabu diriirsu irratti ogeessota beekamtummaa olaanaa keennameef keessaa isa tokkodha.

Obbo Buzunee Asaffaa Imaamuu mana maree federeeshiini tajaajila nageenya siviili biyyooleessa gorsaa nageenyaa ta'anii tajaajilaa jiru. Obbo Buzuneen A.K.A bara 1996-2010tti. Mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti bakka ogummaa fi itti gaafatamummaa addaa adaa irratti hojjetaniiru. Obbo Buzuneen akka L.A.A tti bara 1996-2010 . mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti bakka ogummaa addaa addaa garaa garaatti tajaajilaniiru. Bara 2000-2003tti. Mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti raayyaa ittisa biyyaa hri'faman deebisanii hirmaachisuu fi deebisanii hundeessuu keessatti qindeessaa projektii ta'anii hojjetaniiru. Projeektiwwan misoomaa garaa garaa wixinuu qophessun yaada hari'aa fi poolisiwwan addaa maddisiisun keessumaa immoo walitti bu'iinsa ittisuu fi ijaarsaa hojii misoomaa keessatti ga'ee ballaa laataniiru. Wayita hammaa kanan mana maree federeeshiini keessatti hojiilee walitti bu'iinsa hri'suu fi ijaarsaa nageenyaa ilaalicissee hojiilee ijarsaa dandeetii fi qorannoowwanii hojjechaa jiru. Mana maree federeeshiini fi Yuunivarsiitii Finfinnee qo'anno dhimmi nageenyaa irratti waliin geggeeffamu keessatti qindoomina projeekti xiinxala projeekti Atilaasi keessatti gorsaa isa tokko ta'uu A.L.A bara 2011-2013 kaasee hojjechuu irratti argamu.

Kilaawdiya Roos/ Claudia Roos Yuunivarsiitii Kilaawdiyya irraa gosa barnoota sooshooloojitiin digirii lammaffaan eebbfamanii kan eebbfamanii fi ogeessa haraaraa heyyama qabaniidha. Biyya Isiraa'el, Zumbaabu'ee fi Ityoophiyaa keessatti dhiimma waa'ee ijaarsaa nageenyaa irratti bakka itti gaafatamummaa olaanaa irratti tajaajilaniiru. A.L.A bara 2000 kaasee taajiila sivil serviisii keessatti bakka itti gaafatamummaa addaa irraatti tajaajilaniiru. A.L.A bara 2007 kaasee taajiila sivil Ityoophiyaa keessatti argamu hundeessuu eegalee hanga bara 2012 tii qindeessaa saganticha ta'uun hojjetaniiru. Miis Kilaawduoon ogummaa jaarsummaan leenjii mirkanoeffannoo ga'umsaa akka qophaa'anii fi akkasumas jaarsummaa fi hojiin haala mijeessuu wal ta'iinsaan akka hojjetamu fi yaada-rimee irraa kaasanii hanga hojii qindeessuutti utuu hin nuffin hojjetaniiru.

Daagimaar Beeliikweedee/ Dagmar Blickwede Viidii ogummaa gaazzexeessummaa qorannoo fi barumsa siyaasaa Berliin keessatti hordofuun dhaabbilee garaa garaa keessatti waggoota kudhaniif tajaajilaniiru. Akka L.A.A ttii bara 2001 kaasee magaalaa Jarman Boon keessatti tajaajila nageenya Siviili irratti waltajii maree mijeessuu fi dhiyeessuu((Academy for Conflict Transformation of the Forum

Civil Peace Service) irratti ji'ota afuriif erga barumsa isaanii hordofanii booda gorsaa dhimmi nageenya fi walitti bu'iinsaa irratti ogeessa heyyama qabu ta'aniiru. Kana caalaattis biyyoota garaa garaa keessatti ijaarsaa nageenya gabbiisu fi walitti bu'iinsa ittisu irratti hedduu hoijetaniiru. Ayerlaandii Kaabaa(jaarsummaa Kaaba Ayerlaandii), Koosoovoo(UNOP/ONV) fi Fiilphiins keessatti tajaajila nageenya Jii Ay zeddi nageenya siivill) keessatti erga tajaajilanii booda akka L.A bara 2012 tti dhaabbata Jii Ay zeddi Itiyophiyaa tajaajila nageenya siivillie eeratti ga'ee qindeessummaatti makataniiru.

Derek Isipliinter/ Dirk Splinter dhimmi Hawaasaa jaarsummaa federaalaa Jarman(BM) keessatti akka ogeessa haraaraatti, leenjisaa akkasumas lmiidiyootti waggoota kudhanii ol tajaajilanii. Walta'iinsa hojiwwan garaa garaa jechuun kanneen akka dhimmi hawaasummaa, daldala, dhaabbilee gargaarsaa idil-adduunyaa gidduutti hojii jaarsumma hoijetaniiru. Dabalataanis dhaabbilee gurguddoo keessatti walitti bu'iinsa tasgabbeessuu ilalichisee sirna bulchiinsaa(confilict-management systems) wixineessuun hojii irra olchuu irratti hirmaataniiru. Isaan kana keessaas hospitaalota, dhabbiilee gurguddoo fi bulichiinsa sabootaa kanneen caqafamuu danda'aniidha. Jarman Yuuniversiitii Suwiiz sagantaa digirii lammafaan barumsa leenjii jaarsummaa kennu. Yeroo gabaabaaf ga'ee gorsummaan waraana walii waliin biyyoota miidhamaniif akkasumas dhimma siyaasaa irratti biyyooya walitti bu'iinsa qaban keessatti misoomaa fi proojeektiif ijaarsaa nageenya irratti hirmaataa ta'anii hoijetaniiru. Filisxeem, Tuurkii, Koosoovoo, Gibxii Siriilaankaa, Neepaal, Itiyophiyaa Keeniyaa keessatti gareewan ijaaruun, haraarsuun, walitti bu'iinsa furuu fi waltajii mareewwanii qopheessuu geggeessaniiru. Dabalataanis Maasachuuseet keessatti kan argamu Reflecting-on-Peace-Practices Learning Community keessatti Gamtoomina Misooma Boostan keessatti miseensadha.

Obboo Gammachuu Biraanuu gaaddisa horsiisee bultoota Oromiyaa keessatti sadarkaa Daarekteerumaan dhaabbata Ji Ay Zedd tajaajila siiviilitiif ogeessa nagaa biyyooleessa ta'anii tajaajiluu irra jiru. Akka L.A bara 2010 yeroo jalqabaaf yommuu makatan mana miree federeeshiiniif irratti kan ramadaman yommuu ta'an manni marichaa hojii walitti bu'iinsa ittiisu fi dhabamsiisuu irratti hirmaannaakka taasisu kakasaniiru. Kanatti dabalataanis hojii kana irratti hirmaachuu isaaniin dura dhaabbilee miti-mootummaa ga'ee hojii dhimmi seevillii hawaasummaa irratti hoijetaniiru. Dhaabbilee caqafaman keessaa inni guddan mirga namoomaa fi barumsa siiviikii irratti giddu-galeessa qorannoo ((ReCHRCE) isa tokkodha.

Obboo Abdallaa Kadiir Biiroo Bulchiinsa fi Nageenya Oromiyaa keessatti dhaabbata Ji Ay Zedd tajaajila siiviilitiif ogeessa nagaa biyyooleessa ta'anii tajaajiluu irra jiru. Baruumsa isaanii Digrii Jalqabaa Sayiinsi Siyaasaa fi hariroo adduunyaa Yuuniversiitii A.A U bara 2009 A.L.A. Digrii Lammaffaa isaanii immmoo Gosa baruumsa Feedaralizimii fi Bulchiinsa hawwaasan bara 2015 argataniiru. Erga digrii jalqabaaa isaanii argatanii kaasee jechuunis waggootaan darbaan saddeettiif biiroo bulchiinsa fi nageenya oromiyaa akkasumas dhaabilee dhimmi ilaallattan kan mootummaa sadarkaa feederaalaattiif mit-mootummaa wajjiin ta'uun hojii ittiisa fi hiikka walitti bu'iinsa adda addaa keessatti hirmaachuu hoijetaniiru.

Luubiyananaa Vuustehubee/ Lubjana Wuestehube Haakee Jarman Ostriyaa keessatti ogeessa haraaraa biyyooleessa irratti leenjisaa ta'uuf heyyama kan argatan yommuu ta'u waggoota 15 ol hoijechuu fi leenjisun muuxxannoo gabbifataniiru. Waggoota hedduuf gamtoomina misooma Suwiiz fi Yuuniversiitii Applayid Saayins noor Wastii waliin ta'uun saa'attiwwan 200 fi barumsa jaarummaa kennamu irratti isaan waliin geggeessaniiru. Bara 1998 tti lmiidiyooyon yommuu hundeefffamu kanneen hundeessan keessaa isaan tokkodha. Maamiloota garaa garaa irraa, gareewan karoorfatamanii fi aadawan garaa garaa waliin hoijetaniiru. Isaan kunis dargaggoowan rakkisoo, barsiisota fi hoijettoota hawaasummaa irraa kaasee hanga daldaltootaatti, Dipploomaatota fi dabalataan Itiyophiyaa , Gibxii Neepaal fi Filisxeem keessatti hidhattoota shororkeessitoota waliin bakka bu'ummaan hoijetaniiru. Kanneen biraan waliin gamtoomun biyyooya dhiyaa Baalkaan garee baqattoota waraanaa "ijaarsaa riqicha" leenjii jedhu qopheessaniiru. Kunis safartuu jaarsummaa biyyooleessa Jarman yommuu wixinaman akkasumas heyyama argachuuf haala-duree mijeessuu keessatti akka meeshaa isa ijoo ta'ee tajaajileera.

Maayik Vaan Huwwm/ Maike van Ueuem ogummaa seeraa Eurooppaa idil-adduunyaa irratti xiyyeffate irratti gogummaa qabu. Biyya Jarman magaala Boon keessatti tajaajila siiviili Akkaadaamii waltajii ijessuu (Academy for Conflict Transformation of the Forum Civil Peace Service) barumsa torbeewwan sagalii hordofaniiru kanaafuu heyyama nageenya fi gorsaa walitti bu'iinsa furuu irratti heyyama argataniiru. Waggoota sadii ol Ji Ay zeddi keessatti tajaajila nageenya siiviili Itiyophiyaattii makachuun yeroo isaanii garmtokkee ogeessa nageenya ta'ani hidhata ogummaa, wixina proojeekti, too'annaa fi madaallii akkasumas saktara bulchiinsa beekumsaa irratti hojetaniiru. Dabalataanis ogummaa jaarsummaa mirkanoeffanno ga'umsaa irratti leenjii yaada-rimee wixinuu irraa kaasee hanga hojii irra olchuutti caalmaan hirmaatanii.

Obboo Silashii Mallesee Geetaahun mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa keessatti waggoota sagaliif erga hoijetanii booda gosa barnoota bulchiinsa barumsaan dipploomaa itti fufuun karoora barnootaa fi bulchiisaan Yuunivarsiitii A.A U tii digirii isaanii argataniiru. Sanaan boodas mana barumsaa sadarkaa lamma fi biirroo barumsa aanalee keessatti itti gaafatamaa olaanaa ta'anii tajaajilaniiru. Itti fufuun farm Afrikaa(dhaabbata miti-mootummaa Ingilizii)n proojeekti gargaaramu keessatti qindeessaa ta'uun tajaajilaniiru. Misooma baadiyyaan digirii isaanii lammaffaa hojjechuu isaaniin dura abbaa adeemsa hojii misooma saboota Daraashee ta'anii tajaajilaniiru. Kanatti aansuunis sagantaa barnoota uummattoota kibbaa keessatti geggeessaa tagantaa ta'anii akkasumas sagantaa misoomaa fi kutaa qindeessuu itti gaafatamaa olaanaa ta'anii dimshaashumatti waggoota shaniif tajaajilaniiru. Aamsaa bara 2010 hanga Onkoloolessa 2012 ttii sagantaa naannoo irratti qondaala olaanaa ta'uun paakti Itiyophiya/ dhaabbata miti-mootummaa Amaeerikaan keessa hojjechaa turanii hamma garuu Biritish kaa'unsil sagantaa Sii, As pii (CSSP Programme regionalofficer) ta'uun tajaajilaa jiru.

Obboo Taarikuu W/Daawiti gorsa obboleessa isaanii gangafaa Yootee W/Daawiti hordofuu yeroo hammaa Koollejjii Arbaa minci barumsa ISIitii fi Awutoo makaanikii isaanii hordofaa jiru. Ijaarsaa nageenya irratti fedhii guddaa qabu waan ta'eef tajaajila nageenya siiviili Ji Ay Zeddi Inmiidiyoo Berliin waliin wal ta'uun waliin ta'uun ga'umsaa jaarsummaa mullisianni leenjii irratti hirmaachuu akkasumas leenjii leenjistoota hordofuu waraqa raga haalaa mijeessuu argataniiru.

Obboo Mokonni Margaa Maacuu yeroo hammaa Sabaa fi sablammii uummattoota Kibbaa, keessatti mana maree sablammiiwanii waliinii gabbisu irratti walii-galtee dhabuu furuu irratti itti gaafatamaa olaanaa ta'uun ogeessa olaanaa ta'uun hojjechaa jiru. Obbo Mokonni duraan dursee barumsa saayinsii hawaasaa ta'uun godina Iluu abbaa Booraa kutaa shawaa duraan jedhamee waamamu keessatti waggoota kudhaniif tajaajilaniiru. Obbo Mokonni ogummaa isaanii jijiiruun digirii isaanii jalqabaa seeraan erga argatanii booda wajjira haqaa Gamoo Goofaa keessatti itti gaafatamaa, wajjira bulchiisa haqaa zoonii Gamoo goofaa keessatti ogeessa olaanaa, mana maree sab-lammii mirga sab-lammii kabachiisuu fi dhimmoota seera mootummaa keessatti itti gaafatamaa ta'anii hojjetaniiru.

Pooqilaa Kaalaa Gezaaheny W/Daawit sabaa fi sablammoota uummattoota Kibbaa aadaa uummata Koonsoo fi geggeessaa dhimma hafuuраati. Ogeessaa injinaraa/ijaarsaa/ yommuu ta'an raayyaa ittisa biyyaa Itiyophiya keessatti kabaja argataniiru. Abbaan isaanii du'aan aduunyaa kana irraa adda ba'u irraa kan ka'e hawaasichaan wamicha isaanii dhiyaateen taayitaa geggeessummaa aadaa argataniiru. Ogummaa isaanii injinarummaatti dabalatee ogummaa walitti bu'iinsa furuu fi jaarsummaa irratti leenjiawan garaa garaa fudhataniiru. Dabalataanis saboota keessatti hojii jaarsummaa irratti hirmaatu.

Luba Tsegaanesh Ayyelee dhalatanii kan guddatan magaalaa Duraamee maatii Kiristaanaa keessatti yommuu ta'u barumsa tiyoolojooin digirii isaanii lammaffaa argataniiru. Erga eeb bifamanii booda barsiisummaa saminaaraatiin tajaajilaniiru. Ogummaa kanaanis barsiisaa kabajamoo fi galatee effamoo ta'aniiru. Muudama Lubummaa erga argatanii kaasee tajaajila dubartoota keessatti hojii qindeessuu irratti bakka gara garaa fi itti gaafatamummaa garaa garaa irratti tajaajilaniiru. Yeroo hammaa kanatti tokkummaa waldaa Kiristaanotaa Itiyophiya tajaajila maatii fi dubartootaa ta'uun akkasumas, waldaa warra wangeelaa Itiyophiya makaana Yesus keessatti hojii gargaarsaa keessaa gama tajaajila fayyaan tajaajilaa kennaa jiru, hojii isaanii itti dabalataan akkasumas fedhii isaanii dhimmoota hawaasummaa garaa garaa, komitee fi ijaarsaa dandeettii dubartootaa keessatti hirmaanna taasisu.

Kutaa VII APPEENDIKSII

ITOOPHIYAATII KARAA AADAAATIIN TOOFATA WALITTI BU'INSA ITTIIN HIKAMUU

Tooftan walitti bu'iins ittiin hiikamu aaddaa Oromoo keessaa tokko sirna "Gadaa"ti. Sirni gadaa waggoota saddeettiin kan naanna'u yommuu ta'u, kunis rayya waraanaa, diinagdee fi ittii gaafatammuuaammaa addaa garaa garaa ofkeessatti kan qabateedha. Tokkoon tokkoon sirna "Gadaa" yeroo murtaa'ee qofaaf aangoo irra tura. Wayita aangoon wal jijjiiramu irratti hayyanefanna sirna ho'oo qabutu taasisfama. Sirni gadaa walitti bu'iinsi gara okaraatti akka hin guddanneef tooftaa ittiin walitti bu'iins hiikamu qaba. Yoo akka tasaa gara okaraatti guddate guddate immoo bu'uura dhimmichaa irraa ka'uun akkaataa ittiin furmaanni argamuu danda'u qaba.⁵³

Naanno Affaariitti diinagdeen, hawaasummaa fi walitti bu'iinsi siyaasaa mana murteen ala furtoo argata. Naannichatti "Maadaa" jedhamuun kan beekamu sirna bulchiinsatu argama. Kanaafuu walitti bu'iinsonni yommuu uumaman sirni kun akka ilaaluuf dabarfamee kennamaaf. Sirni walitti bu'iinsi ittiin hiikamu Afar keessatti amala abbaa ala alangummaa kan qabu yommuu ta'u barmaatileen Affaarii fi bifa tumsa isaa eeggateen rawwatama. Sirni waliitt bu'iins ittiin hiikamu beekamaa keessaa tokko haraara gargaarsa jaarsoliif geggeessitoota hawaasichaay ykn abboota amantaan murtee kennamuudha.⁵⁴

Walitti bu'iinsi muraassi jaarsoliin kan furamu yommuu ta'u dhimmoonni ciccimoo ta'an immoo gara geggeessitoota hawaasichaatti ceesifamee kennama. Barmaatileen aaddaa aangoon isaanii(communal laws) kan argatan yommuu ta'u hawaassi inni tokko isa biraa irraa wixina seeraa wal xaxaa qaba.⁵⁵

Obboo Qalama-warqi Taaffesee Raddaa qoranna isaanii keessatti karaa jaarummaa aaddaa Affaar keessa jiru irratti ibsa kennu. Akka obbo Qalama Warq jedhanitti "dhimmi walitti bu'iinsa sanyii kam iyyuu gidduu isaaniitti yommuu raawwatu sirna ittiin walitti bu'iinsi hiikamu bara dheeraaf ture maadaa seera adaa Affaar fayyadamuun furmaata argachuu akka qabu amanu.⁵⁶ Maadaan dhimmoota walitti bu'iinsa ilaalichisee

akkamitti hiikamuu akka qabu qajeelfama ifa ta'e ofkeessatti qabateera.

Akka obbo Qalamawarq yoo ta'e sabni Affaar abbootii isaanii irraa seerota fi qajeelfamota dhaalan kana saba kabajuudha. Yommuu badiin uumamutti isaan kana hojji raawwatamu malan(formwork) fi tumsa aaddaa hinbarruun hin kaa'amin caqasun hojimaata dirqama deemsifamuu qabudha. Sabichi aaddaa olaanaan isaan simatan keessaa tokko kabaja jaarsolii naannoof qabuudha. Sabichi jaarsoliin umurii dheeraa qaban beekumsa hedduu qabu jedhanii amanu.

Dabalataanis beekumsa isaanii aaddaa fi aaddaa isaanii dhaloota itti aanuuf dabarsu jedhamanii ilaalu. Adde Tirsii Girshaa'u akka jedhanitti namoonni umuuriin raagdota ta'an geggeessitoota sabaa ta'uuf beekumsaan kan guutamanii fi Aadichaan akka jaarsoliitti kan simatamanii fi namoota kabajamaniidha. Kana jechuun shoorri jaarsolii Sanaa kan barbaadamuu fi dhaloota dhalootatti kan darbuudha.

Jaarsoliin sun adeemsa jarsummaa sanaaf bakka mijataa filatu. Akkasumas bakkichi bakka bishaan jiru, dhiyoo fi jaarsolii Sanaa fi qaamota waltii bu'an sanaaf giddu-galeessa ta'u mala. gidduu isaaniitti ofii isaanii gidduu dandeetti dubbi nama qabu filatu. Shoorri jaarsolii kanaa akkasumaan haala Aadicha eeggateen dubbiirra deddeebi'anii dubbachuu qofa miti. Haa ta'u malee namoonni walitti bu'an dubbiin isaanii akka dhaggeeffatame isaanitti akka dhagaa'amu godhama. Kanaaf dubbicha irra deddeebi'uun jarsoliin dubbatan adeemsa jaarsummaa sana keessatti kan walii galan shoora furtoo taphachuun jaarsoliin miidhama jiru akka jaarsoliin akka gargar baafatanii fi qabxiin ijoo sun ifa akka isaaniif ta'uuf isaan gargaara.

Si'a tokko walitti bu'iinsichi erga harka jaarsolii sana erga ga'een booda namni dhuunfa tokko raawwachifachuuf aniisa fi dhamaati guddaa isa hin barbaachisu. Kun jaarsummaa mijeessuu isa jedhu irraa amala inni ittiin adda

⁵³ Institute for Peace and Security Studies in collaboration with Friedrich Ebert Stiftung. (2010).

⁵⁴ Ibid.

⁵⁵ Reda, K.T. (2011).

⁵⁶ Girshaw, T. (2004).

baafamu keessaa isa tokkodha. Jaarsumaan aadaa maadaa kun shooraa walitti haraarsuu caalaa shoora murtii irratti xiyyeefata. adeemsi jaarsummaa sun hammam illee turus jaarsoliin sun hanga dhimmi sana hiikuu fi furmaata argachuuuf turanis eeguun qaama tumsa aadaa sanaati.

Adeemsi walitti bu'iinsa hiikuu qaama lamaanuu furmaanni akka isaan walii galan godhu hanga argamuu fi haraarrangi hanga bu'utti yeroo dheeraa fudhata. Waltii bu'iinsi sun kan hiikame beenyaa yoo ta'e, hangi beenyaa Sanaa kan kan murta'u hanga badii uumame sanaa irratti hundaa'uu fi haala badii sanaa irratti hundaa'a. fakkeenyaaaf miidhama muraasni yoo mudate geggeessitoota sablammii sanaan gidduu galamuun furmaata irra ha'amuun dura wantoonni raawwatamuun qaban jiru. Miidhamichu gogeessota fayyaa aadaatiin erga ilaalamdeen booda lafeen cabuu yoo baate miidhaa akka muraasaatti lakkaa'ama. Beenya miidhama sanaa yakkaan sun nama yakkame sanaaf bakka dhiiga dhangala'e sanaa bakka buusuf Ree'ee kenna. Kun "Maaldiinoo" jedhamuun beekama. Dhuma irrattis kaffaltiin beenyaa sun hanga miidhama sanaa irratti hundaa'uun qarshii 12 hanga Gaala kennuutti dhufa.

Adabbii fi kaffaltiin beenyaa sanaa qaama miidhaan irra ga'e sana irratti hundaa'

Uun gargar ta'uu danda'a. fakeenyaaaf Affaaronni guba ishee mullistuu nageenyaatti, guba agarsiiftuu akka kallattii argisiiftuutti, quba qubeellaa sadaffaan immoo bultiidhaaf murteessaa akka ta'etti waan amananiif qaamolee kana irra miidhaaleen ga'an olaanaadha. Qaamni keenya duraa fi boodaaf gatiin garaa garaa kennameera. Fakkeenyaaaf adda irratti balaan qaqqabu cimaa akka ta'etti lakkaa'ama. Sababiin isaa yoomi iyuu jalqaba namni biraan kan ilaalu adda keenya waan ta'eef, yeroo hunda namni qeeqa irraan geessisuuf kan saaxilameedha. Seerri beenyaa murteessan hedduu fi gadifageenya qabu. Tokkoon tokkoon badii uumameef beenyaa isaan madaalan kaa'ameeraf. Meedhaa qeensa irra ga'uuf illee beenyaan murteeffameera. Akka seeraatti Affaaronni tokkoon tokkoon kaffaltii beenyaa seera aadaa

isaaniin akka murteeffamu taasisu. Gochaan garuu kaffaltiin walii galteen raawwatama. Fakkeenyaaaf kan lubbuu balleesse beenyaa akka kaffau kan gaafatamu Gaalota 100 dha. Haa ta'u malee garuu dhoofsisa/waliigalteen gamtokkee sanaa akka kaffalu taasifama.

Seerri aadaa Affaar filatamaa akka ta'e dubbatama. Yeroo yerootti jijiiramoto gochuun isaanii qofa utuu hin ta'in bakkaa bakkattis gargaridha. Affaaronni kaffaltiin beenyaa yeroo yeroottii hri'achaa dhufuu isaa qofa utuu hin ta'in looniwwaniin kan kaffalamaa ture gara maallagaatti akka jijiirame dubbatama. Dabalataanis hamma hari'aatti horsiiseebultummaan naannoo eegamee bakka ture kanatti kaffaltiin bifa heddummina qabuun akka kaffalamu eegama.

Fakkeenyaaaf geggeessaan sablammii tokko miseensa maatiis isaa keessaa tokko yoo du'e Gaala tokko/Looyiin Alah/ fudhata. Sirni haraaraa qomoo daamitaa fi seekaa miseensa walti qabaman bakka argamanitti hoolaan qalamee raawwatama. Jaarsoliin qomoo Daamtaa quraana qulqulla'aa/ Fitii/ keessaa raawwii haraaraa sana kan mirkaneessu baafata dubbisuu; qomoon jaarsolii Seekaa immoo ni eebbisu/du'aa/. Qalmi xumuraa kan adeemsifamu daandii namni irra deemu irrattidha. Kunis dhufee fi darbaan wayita sosochii godhutti dhiifama walii gochuu fi Aadichi dhalootaa dhalootatti akka itti fufu barumsa akka ta'uufidha. Dhakaan gurraacha irratti ibiddi boba'uun foon hoolaa sun waaddama. Dhakaan sun wggoota dheeraaf bakka sanaa hin kaafamu. Akka tasaa aarsaan kan tokko kan taasifame /soola/ itti yaadamee mana barumsaa sadarkaa tokkooffaa mootummaa biratti akka raawwatamu taasifamee ture. Akka namoota namoota odeeffannoo kennan kanaatti yoo ta'e bakki sun kan filatame mana barumsichaatti daa'imman baratan barumsa idilee sanaan walbira qabuun aadaa Affarotaa/Afuu/ sana akka amaleeffataniifidha. Looniwwan beenyaaaf kennamaqn sun fayyaa qabeessa fi huqaattoota kan hin taane ta'uu qabu. Fayyaa loon sanaa irrati komiin jiraannaan waldhabii caalaa uumuuuf ulaa bana jedhamee amanama. Loon fayyaa hin qabne kennuun akka tuffiitti lakkaa'ama.

Qomoowwan sana gidduutti yakki ajjeechaa raawwataman haraarra buusuun xumuramu. Dhimmoota tokko tokkoo irratti garuu akkuma adeemsi haraarichaa eegalameen maatiin nama midhaan irra ga'e sanaa dhiifama gochuu gonkumaa jechuun akkifatu. Adeemsa jaarsummaa sana hin fudhatan. Aaloo ba'uufis ni dhaadatu. Wayita haalli kun uumamutti qoomoon nama ajjeechaa raawwate sanaa geggeessaa qomoo sanaa/Looyinaa; eegaa jechuudha/ kdhachuuf walitti qabamu/dubariitii/. Geggeessaan qomoo sanaa aaloo ba'uuf namoota rifaasisaa jiran sana irratti dhiibbaa uuma. Sirna addaa kana dhiitee namni araara dide sun miseensummaa qomoo sanaa keessaa hari'amuun beekamtummaa dhowwatama. Qoqqobbiin kun immoo walitti dhufeenyaa hawaasummaa garaa garaa fi sosochii dinagdee garaa garaa irratti calaqqisiifama.

Obbo Qalamwar karaalee walitti bu'iins ittiin hiikaman" karaa adaa fi hammayyaa" irratti garaagarumma isaanii irratti xiinxala kennaniiru. Walitti bu'iinsa walmakiinsa qaban kamifuu Affaaronni sirna walitt bu'iinsa karaa lamaan fayyadamu. Mana murtii hammayyaa ykn seeraa aadaa kan raawwatamaniidha. Dhalattooni Affaar hedduun isa karaa aadaa sana filatu.

Walqabsiisanis isa karaa aadaa sanaan ala, murtiin sadarkaa gandaatti kennamu adeemsi isaa Affaaroataaf

mijoo miti jedhu. Seeriwwanii fi qajeelfamoonni sun kan ba'an qaamota sadarkaa olaanaa irra jiraniin kan bafaman waan ta'eef tarii barmaatilee fi tumsa seera Affaar(sabaa fi sablammoota Itiyoophiyaa dabalatee) kan xiyyeffannoo keessa galche ta'uu dhiisuu danda'a. Sirinni mana murtii ammayyaa dhalataa Affaar sadarkaa gadiif fageenya qaba; kunis sirna walitti bu'iinsi ittiin hiikamu kana irratti amantaa akka hin qabaanneef shoora taphatu qaba. Dabalataanis murteen dhadacha sanaan ala hariiroo jiran kan tasgabbaa'ee fi walitti dhufeenyaa itti fufiinsa qaban irratti shoora jiran irratti hobanno keessa hin galchu. Xumura irrattis namoonni dhadaha sanaa ofii isaanitii kan walitti qabaman bakka biraatiyyu. Affaaronni "keessummoottatti dhimmoota iccitii taa'an" maatii fi qabeenya isaanii hiimu irraa ofqusatu. Gidduu Affaaroataati walitti bu'iins uumamu furuuf dhaa Affarotaan dhaabametu bu'a qabeessa ta'a.

Dhamaatiiin kun mana murtii biyyattiin bifaa dorgomuu miti. Haa ta'u malee garuu dhaabbilee biyyaan uumamamanii fi manneen murtii waliin gamtoomuu fi waldeggaruun Affaaroata biraa qofatti utuu hin ta'in naannoo hundumaa biratti akka hojjetamaniifidha.

Walitt bu'iinsi jijiiramuu fi gosoota jaarsummaa walmadaala

F.Glasl2003 n kan dhiyate

Matajabeenyuummaa

Morrkii/Mormii fi fallaa adeemuu

Dubbii dhiisanii gara hojiitti seenu

Firdii fi qindoomina

Nama duratti simboo dhabsiisuu

Tarkaanfii sodaachisuu

Badii muraasa uumuu

Gargar wal qoodu/ baasu

Walii wajjin halayyaatti

JAARUMMAA/ARAARSUU

**JAARUMMAA MIJEESSUU FI
JAARUMMAA RAKKOO**

FURAN FI DHIMMOOTA WAL RUKUTAN
MURTOO XIYYEUFANNOO KENNAN
FI NAMOOТА .DURATTI SURRAA
DHABUU.

**JAARUMMAA MIJEESSUU FI
WALITTI**

JAARUMMAA "FAYYISAN"

BU'UURA WALITTI BU'IINSICHA
YAADA KEessa GALCHUUN
ADEEMSICHA ILAALICHISEE
QAJELFAMA KAN KENNУ

**JAARUMMAA GARGAR-
BAAFAMUUN TAASIFAMAN**

**JAARUMMAA HAALAWWAN
BU'UREFFATAN**

DHIMMOOTA IRRATTI
XIYYEUFANNOO KAN KENNУ,
ADEEMSICHA ILAALICHISEE
QAJELFAMA KAN KENNУ.

**ABAA ALANGUMMAA
JAARUMMAA**

"JAARUMMAA HUMNAANII"

DHIIMMAA FI ADEEMSICHA
ILAALICHISEE QAJELFAMA KAN
KENNU







